

Lapheen jaalalaan guutamte,
Lubbuu rakkinaan kufte kaasti!

Namni ni karoorsa, Rabbi ni milkoomsa akkuma jedhamu, bara 2009, fuulduree kitaaba IMAANAA IMALTUU maxxansa jalqabaa gabaarra oole irratti,seenaan kitaabicha keessaa, yeroo dhihoo gidduutti, gara Fiilmiitti kan deebi'u ta'uu waadaa seenuun koo ni yaadatama. Haa ta'u malee, hedduu osoo hin turin-yerooma sana keessa, dhimma bishaaniifi midhaaniitiin dirqamee biyyarraa fagaadhee deemuu kootiin, waadaan seename utuu hin raawwatin waggaa 9 lakkoofsisuu isaatiif na ofkalchaa jechaa, amma garuu, yoo fedha Waaqaa(Rabbi milkoomsaa) ta'e, Fiilmii Imaanaa Imaltuu, waggaa tokko keessatti, qopheessee isin biraan ga'uuf adeemsa jalqabuu koo isin beeksisuun fedha. Hangasittis, Kitaaba Imaanaa Imaltuu maxxansa 4 kana dubbisaa ittiin bashannanaa imala jireenyaa keessan boriitiif galaa guduunfadhaan afeerraa kooti.

ffaa

KITAABOTA ABRAHAAM ARFAN









4
EKERAA
HARAMAAYAA

1. KUDHAAMA JAALALAA
MAXXANSA 4ffaa

2. SINGIGGOO
MAXXANSA 2ffaa

3. IMAANAA IMALTUU
MAXXANSA 4ffaa

Design
ABDII PICTURES
0939229845

Rajii Printing Press
0911252680/0911802178

QAR: 99.99
$30

imaanaa imaltuu

Lapheen jaalalaan guutamte,
Lubbuu rakkinaan kufte kaasti!

ABRAHAAM T. GUDDINAAtiin
(South Africa- Johannesburg) 2018

MAX.
2ffaa

Kennaa Jaalalaa

_____ tiif.

Yeroon dhufee yeroon ni darba; haallis ni jijjiirama; dhalli namaas akkasuma. Kana hundumaa keessatti, taateen keenya guyyaa har'aa, yaadatama keenya guyyaa boriiti. Yaadannoonis yaadachiistuu taatee kaleessaati.

_____ko, jiruufi jireenya koo har'aa keessatti, namootan cina kiyyaa qabaachuu kootiin boonuufi boriifillee abdadhu keessaa ati isa/ishee angafaa ta'uu kee si yaadachiisuuf jedhee, kitaaba an jaalladhu kana, kennaa Jaalalaa godhee yommuun siif kennu gammachuu guddaatu anatti dhagaa'ama. Baroonni fuul-dura kee jiranis: bara bilisummaa, bara jaalalaa, kan gammachuufi boqonnaa, akkasumas bara itti fedhiin garaa kee guutee abjuun kee dhugoomu akka ta'uufan siif hawwa; ni ta'a jedheenis amana!

_____rraa!

Guyyaa: _____ Mallattoo:_____

© All rights reserved!

Mirgi Abbummaa Kalaqa Barreessichaa Guutummaan Guutuutti Seeraan Eegamaadha!

Eyyama barreessichaa duuba, kitaaba kana baay'isuunis ta'e barreeffama kitaabichaa keessaa waraabanii ykn qircanii fudhachuun dhimma biraatiif itti fayyadamuun seeraan nama gaafachiisa!

Abrahaam Tasfaayee Guddinaa!

Johannesburg – South Africa

Bara 2018

Imaanaa Imaltuu

(Asoosama)

Maxxansa 4ffaa

Bara 2018

Lapheen Jaalalaan guutamte,

Lubbuu rakkinaan kufte kaasti!

Abrahaam T. Guddinaatiin!

Johannesburg – South Arfica

Bara 2018

Yaadannoo

Kitaabni kun, Qabsaa'ota Oromoo kanneen mana hidhaatti dararamaa turaniifi dararamuutti jiraniif yaadannoo haa taatu.

Abrahaam Tasfaayee Guddinaa!

Johannesburg – South Africa

Bara 2018

Odeeffannoo

Kitaabotni ammaan duratti Abrahaam Tasfaayee Guddinaatiin maxxansiifamanii dubbistoota bira ga'an:

1) Kudhaama Jaalalaa (Asoosama) max. 1ffaa	Bara 2005
Kudhaama Jaalalaa (Asoosama) max. 2ffaa	Bara 2009
Kudhaama Jaalalaa (Asoosama) max. 3ffaa	Bara 2013
Kudhaama Jaalalaa (Asoosama) max. 4ffaa	Bara 2018
2) Ekeraa Haramaayaa (Walaloo) max. 1ffaa	Bara 2007
3) Imaanaa Imaltuu (Asoosama) max. 1ffaa	Bara 2009
Imaanaa Imaltuu (Asoosama) max. 2ffaa	Bara 2009
Imaanaa Imaltuu (Asoosama) max. 3ffaa	Bara 2013
Imaanaa Imaltuu (Asoosama) max. 4ffaa	Bara 2018
4) Singiggoo (Walaloo) max. 1ffaa	Bara 2013
Singiggoo (Walaloo) max. 2ffaa	Bara 2018

Teessoo

Kitaabita kana ilaalchisee: yaada, gaaffii, akkasumas qeeqa yoo qabaattan, kara: bilbilaa, e-mail, "Facebook", "Twitter" fi, "Skype" quunnamuunii dandeessu.

Mob: 0027-744-979-379 (WhatsApp, Viber, Telegram, IMO)
e-mail: abrahamtesfaye74@gmail.com
Facebook: Abraham Tesfaye Gudina
Twitter: @Abrish2012
Skype: abrahamtesfaye

"Facebook" irraatiis, fuula dhuunfaa "Fan page" "Abraham Tesfaye Gudina" 'like' gootanii, dalagaawwan hahaaraafi odeeffannoo yeroo yerootti fuulicharratti maxxanfamu hordofuu hin dagatinaa!

Abrahaam Tasfaayee Guddinaa

Johannesburg – South Africa!

Bara 2018

Seensa

Adabbiin dubbii firii muka badii, Addaamiifi Hewaaniin Jannataa ari'achuu qofaan hin geenye; Hortee Addaam kan ta'e dhala namaa irrattis du'a fideera... du'i ilmoo namaaf dirqama irraa hin oolamne ta'e; "Biyyeerraa dhufte biyyeetti deebita," – harkisa dubbiin firii muka badii fide.

Yeroon kaa'ameef ga'ee, du'ee hanga biyyeetti deebi'uttis, taa'anii nyaachuun hin jiru; "Taa'anii qopha'aa nyaachuun – inni dur hafe, amma dafqitee dafqa kee nyaatta!" Jedhame – ajaja iftuufi gaabduu; "Dafqi! Dafqi! Ammas dabalii dafqi; dadfqa dafqite nyaataa dafqa nyaattu dafqi! Joori! Jaawari!" – nuffuun hin jiru, dadhabe jechuunis – xoofoo adabbii abboommii Rabbii cabsuu!

Yeroonis farda; farda luugam-malee. Hin dhaabatu, of duubas hin mil'atu. Fardi yeroo, gulufsiistotasaa, akka fardeen biroo, dugdatti utuu hin taane akka koolloo dhooftuu garaatti naqatee fuul-duratti kata.

Kaleessa, har'i "Bor" ture; dheengaddis "Kaleessa." Har'ammoo "Bor" har'a taanaan har'i "Kaleessa" ta'e. Borisimmoo, har'i "Kaleessa" ta'ee iftaanni "Bor" ta'uunsaa kan hin oollee dha – guyyaa geggeessan malee guyyaan waan hin dhufneef. Ifaafi dukkanni dabaree wal furanii dachee daawwachuun isaaniis dirqama uumamaati. Darbaa... dabarsaa... akkas akkasittiin fardi yeroo fuulduratti axiixa; dhala namaa fuudhee gara du'aatti.

Dubbisa Gaarii!

-1-

1.1 Bara 1985; Bara Beelaa Sana!

Kuluulee...!

Hintala qaro-dhabeettii, kadhaan-bultuu, magaalaa Gimbii keessa jiraattuufi, gabaa Maalifuu, kuusaa midhaanii tokko jala bultu tokkotu, galgala guyyaa tokkoo, namticha eenyummaasaa hin beekneen gudeedamtee dadhabbiin garaatti hafa. Guyyaan da'umsashee yommuu ga'ettis, gargaarsa namootaatiin gara Hospitaala Adiventistii Gimbiitti geessamtee, wal'aansa baqaqsanii hodhuutiin ilma deesse.

Lubbuu keessummaan gara biyya lafaa kana dhufe, iyyasaatiin kutaa da'umsichaa goole; "Uu...uu" jedhee iyye; iyya akuukkuu buuse – hadheeffatee boo'e... utuu itti hin jiraatin, jireenya addunyattii kanaa alaalatti argee – sodaatee! Iyyisaa garaa nyaateenii, gara

addunyaa keessaa dhufeetti haadeebi'uuf kan birmannaa dhufe garuu hin turre; silaas kan haatni eyyamtee garaa baafatte, eenyu qabee garaatti haadeebisuufi!? Innis isa kana hubachuu hin oolle; iyyasaa dhiisee gara barbaacha harma haadhaatti deebi'e. Iccitiin dhalachuu kan hubatameef garuu isaan booda ture – kanneen isa dursanii turaniifi isa boodaan dhufan argee; jechuun, dhalatan.

Daa'imni reefuu dhalatte kamiyyuu garaa nama nyaatti. Waa'een mucichaammoo garaa nama nyaachuurrayyuu kan darbeedha. Isuma dhalatu luucca'aa rifeensaa dugdarra tuullatee garaa haadhaa ba'e. Harma haadhaarraa ol jedhee, ijawwan isaa lachan nyaara gobbuu walitti bu'oo sana jala da'ataniitiin hubatee akka nama guddaa gaafa nama ilaalu, akkaataan ilaachasaa, akka xiyyoo raajii – ala taa'ee, fooniifi dhiiga, akkasumas lafee keessa darbee, keessa sakatta'ee – argee, keessa da'oo lapheetii ka dhoksaa yaada namaa dubbisuuf humni addaa tokko kennameef fakkaata; simboon isarraas akka ulfina mootii nama

rifaasifata!

Egaan, simboon mucichaa akka ulfina mootii nama rifaasifata erga ta'ee, simboosaatiin hubamtuun jalqabaa, deessistuttii – Dr. Dorombeedha; mucichi gadameessa Kuluulee akka ba'een kan buufate harka isheerra waan ta'eef Sirriidha! Simboon mucichaa rifaasifateera – ittiin hubamteetti. Hubuuniirrayyuu darbee, dheebuu dhala godhachuu hin ba'aatin hafteefi waggoottan digdamman darbaniif of hirraanfachiistee jiraatte, umurii itti dubartiin dhala godhachuu hin dandeenye – waggaa shantamman isheetti itti dammaqse.

Yeroo sanatti, faranjoota lammiilee Ameerikaa ta'aniifi, ogummaa fayyaafi bulchiinsaatiin Hospitaala Adiventistii Gimbii tajaajilaafi bulchaa turan keessaa Dr. Dorombeen ishee tokkoodha - "Ispeeshaalistii" wal'aansa gadameessaati. Dr. Dorombeen, hawaasa Gimbiifi naannoosheetti argaman biratti maqaa gaarii qabdi. Keessattuu dubartootni isheen deessiste

jaalalaafi kabajaa guddaa qabuuf. Dandeettii'shee gaafa raajanii dubbatanis, "Harkishee qoricha," jedhu; "Ciniinsuu gabaabsa; nagaan of kalchiisa," jedhanii hamatuun – harka Dorombee.

Dorombeen, dhala godhachuu kan hin dandeenye – dhabduu turte. Sababuma kanaatiin, abbaa manaashee isheen jaallattuufi jaallatuun, gaa'ilasaanii diigee yeroo dubartii biraa fuudhe sana, lapheen ishee Waaqa isa gadameessashee gogsetti hedduu gaddee ture.

Dorombeen ammaan duratti haadholii hedduu deessisteetti; mucoolii mimmiidhagoo hedduus agarteetti. Lapheen ishee garuu akka mucaa kanaaf rifatetti kan rifateef hin qabu. Jennaan qalbiin ishee, laphee mucichaaf rifatetti utuu asaasuu dhageesse – akkana jedhee; "Rifaatiin kee sababa malee miti. Tarii maaltu beeka, mucichi kaffaltii beenyaa Waaqa kaleessa gadameessa onseeti ta'aa!?"

Lapheen asaasa qalbii dhaga'e, kanuma dhaga'e dabarsee sammuu dhageessise. Jennaan Dorombeen bu'aa-ba'ii malee haadhomuu yaadde – mucicha mucoomfattee! Dhumarratti, miira kanaan hoofamtee dhaqxee, mucaa itti tolee harma haadhasaa hoomacheeffatee hodhuutti jiru buttee kaasuutti baattee, ija haadhomeen achii-gadi ilaalaa, Afaan Oromoo isa akka Afaan dhalootasheetti qulqullisa haasoftu sanaan Kuluulee gaafatte – dhala kee naa kenni jettee.

Kuluuleen, godoo mataa jala kaa'attu kan hin qabne kadhaan-bultuudha; akkasumas qaro-dhabeettii guyyaan itti dukkanaa'e. Ammammoo, yeroo itti biyyi waan nyaatu dhabee beela'ee, duutni beelaan da'aatee balbala mana nama hundaa jala riphee ciisaa jiru keessa, lubbuu biraan waan nyaatu isheerraa eegu tokko gara jireenyasheetii dhufeera – quufa mormaarratti gooba qeerroo!

Egaan, yeroo hamaa akkanaa keessatti, Kuluuleef waan

lammiin hin yaadin faranjii ormi tokko yaaddeefii, 'kennadhu kan ati dhalten guddisaa' jechuun ishee, tarii kun waliif gaddiinsa namoomaati; mucaa dhalateefis tuqaa dabsama jireenya daandii lakkuurraati.

Haata'u malee, waa'een waliif gaddiinsi namoomaa akka jiruun yaada gaarii akka ta'etti yeroof haaturuutii... dhugaan jiru tokko, hammam haarakkattu, hammam haakadhattu, hammamis jaamaa yoo taate, haatni haadha; dhallis dhala. Dureessa-deegaa, kennaa-fudhataa, adii-gurraacha... jedhee hin foo'u; garaan haadhaa garuma haadhaati; garaan dhalaas akkasuma.

Maalreegaa, dhala kee baatii sagaliifi cina garaatti baatte dabarsii naa kenni jedhamtee haatni gaafatamte deebiisheen kennitu tilmaamuun nama dhibaaree?! "Rakkina koo har'aa ilaalee, kennaa Rabbi naa kenne dabarsee ormaaf hin kennu," jette Kuluuleen. "Kennaa!" Jettees maqaa moggaaste – maqaa

bareedaa! Maqaa seena qabeessa!

Dorombeen deebii kennameef dhageessee battaluma abdii hin kunne. Dabaltee-daddabaltee, gama tokkootiin carraa mucichaa jalaa gubuutti jiraachuushee Kuluulee hubachiisuu yaalaa, gama biraatiinimmoo waadaa gargaarsaa seenaafii, haadha amansiistee yaadashee durattii jijjiirsisuuf hedduu dhamaate. Haatni garuu doorsisaafi ururs sana mara homaatti utuu hin hedin diddaasheetti cichite. Yaaliin sun marti dadhabbii akkasumaanii harkatti taanaan, Dorombeen, akka dal'anuus, akka mufachuus, akka aaruus taate; akka waan dugda- baasni waliif gaddiinsa namoomaa, waliif kenniinsa dhalaafi haadhomaa ta'ee! Haatni dhala koo hin kennu waan jetteef jibbamte. Gargaarsi irraa cite. Garaan baqaqsamee hodhame madaa utuu hin qoorfatin, "Ba'i!" Jedhamte. "Hin ba'u!" Jettee goolii hin kaasne haatni; harka tokkoon mucaa abbaa godhatteef hin beekne kaasuutti qabattee, harka biraan ulee of dura hafarsaa – lafa tuttumataa – karaa ilaallataa – dhiiga

gadameessaa coccobsaa mooraa hospitaalichaa lakkistee baate Kuluuleen.

Deessuu da'umsarratti dhiiga hedduutu dhangalaa'a. Kanaaf jabaattee hanga kaatutti ciistee, dhangaa dhiiga dhangala'e bakka buusuuf sooramuu qabdi. Turtiin yeroo ciisichasheetiis haala jireenya deessuttiirratti kan hundaa'u ta'us, deessuun kamiyyuu giddu-galeessatti, torban ja'aaf ciistee, nyaata ka duratti sooratturra fooyya'e argataa wal'aanamuu qabdi; ta'uu baannaan ni yelbatti – cabdee hafti!

Kanumaafidha deessuu, yeroo kam caalaatti kan namni, anteen, firri barbaachisuun – kan wal'aaneenii dhiigicha deebisuuf. Fuul-duraaf akeekanii, kanatu dhufaa beekanii nama kaa'achuun, orma firoomfatanii antee godhachuun, fira qabaachuun, guyyaa akka kana-kanaaf tola. Kadhattuun deesse – Kuluuleen garuu, durattiyyuu isaan kanaaf orma waan turteef, ciistee wal'aanamuu keessaa qooda hin qabaanne. Garuu, dhalli namaa inni bineensa daggalaa ofitti madaqsee,

manatti galchatee waliin jiraachuu danda'e, dhala namaa akkasaattimmoo maaltu garaa isa jabeessa laata? Kanarrattimmoo arrabasaanii! Moggaa gabaa, herbee of-dura haftee teessee, "Sile Maram – Maaramiif jedhaatii..." jennaan, muraasni dhaga'ee kan hin dhaga'iin ta'ee boquu cabsatee bira darbe; muraasni dumbulloo darbateef; hedduun garuu, arraba lafee hin qabneen lafeeshee cabsan.

"Mu...! Gogi!" Jetteen gabaan Gimbii, dubartiin dubartii akkasheetiif funyaan qabataa, itti cirriinfataa!

"Ija hin fuuneen kun! Isayyuu hin qaanoftuum firaa, 'Sile Maram' jetti!"

"Mee dhiisi mee haadha koo; bofa beekaaf miilla dhowwate inni jedhan dhugumaadha."

"Dhiigichammoo utuu of irraa dhiqxee maal qaba? Mu...!"

"Hin dhageenyeehii? Dorombeen naaf kenni jennaan didde jedhaniim. Maal qaba amma yoo laatteef? 'Sin gonfa jennaan nan marii'adha jette' jedhan."

"Mee dhiisaa maaloo... waa'ee garaa dhalaa utuu beektanii..." jetti Kuluuleen; malee hamaan afaanii

ishee hin ba'u.

Isaan hanga jedhan jedhanii, isheenis hanga dandeessu dhageessee - dhageessee yommuu dadhabdu, arraba gabaa baqa dhaqxee karra mana sagadaa jala teessi. Garuu achittis hin hafuuf;

"Maaramiif jedhaatii na gargaaraa..."

"Ammammoo as dhuftee!? Kee cubbuun dachaadha: tokko - ejjitee; lama - carraa mucichaarra teessee!" Nadheen abukaakkeen - abukaakkeen gandaa, keessa cilaatta'aa adii itti haguugdee – haguugdee addeessitee – fakkeessitee, akka waan kaan yakkuun ofiif qulqullooftuu hidhii muxxeeffattee, Waaqaan wal dhabsiisuuf hedduu... hedduu jette. Kuluuleen garuu dhalasheetiif jecha hundaayyuu ni dandeessi turte. Waan fedhan haajedhan, haa'ajeeffatan, ittis haacirriinfatan; harmi gogaa hin bulle; mucaanis waan hodhu hin dhabne!

1.2 Of-baruu Kennaa

Kennaan waggaa afur guutee yeroo of baretti: jireenya haadhasaa argee carraasaa hin abaarre; "Yeroo sana haatni kee utuu 'tole' jettee Dorombeef si laatte ta'ee, silaa yoowwana ishee waliin Ameerikaa deemtee jireenya faranjiin jiraattu jiraachuutti jirta turte," yoo jedhan dhaga'ee haadhas hin komatne. Hangas, haadhasaa guyyaan itti dukkanoofteef ulee qabee – dura adeemee, karaa agarsiise – qaroo ta'eef. Jechoota haatnisaa jettee kadhattuufi jettee eebbistu afaanii butatee, jedhee kadhate, jedhee eebbise – kadhaa gargaare!

1.3 Kennaan waggaa torba guute!

Ganama tokko, akkuma ganama kaleessa dheengaddaa, Kennaan haadhasaaf ulee qabee utuugara magaalaatti geessaanii jiruu, ijoollotni umuriisaa keessatti argaman uccuu mana

barumsaasaanii uffatanii, qalamaafi dabtarasaanii qabatanii yommuu mana barumsaa dhaqan argee innis barumsa fedhe – barachuu hawwe. Ammaan durattis kana ni arga ture – akka har'aa kana yaadaan qabee hin ilaalleen malee. Ta'us har'a yaadaan qabee isaan ilaaleera!

Waggoottan arfan darbaniif, qooqa daa'imaa mi'ooftuu sanaan haadha kadhaa gargaaraa jireenya kadhaan-buluu dhandhamatee Kennaan akka taajjabetti: kadhaan nama leyaasisa; jireenyi kadhaa nama nuffisiisa; kadhatanii dhabuunimmoo caalmaa nama aarsa. Kanaaf kadhaan hafee, inniifi haatnisaa akkuma maatii biroo, daandii jiraachuun irra danda'aamu tarii yoo jiraate jedhee yaade!

Halkan gaafa sanaa... waarii macci rafe, Kennaan garuu hin rafne; laphee haadhasaa boraafatee dugdaan ciisee, akka nama guddaa yaada bada; ni yaada; ni xiinxala. Dabalee-daddabalee, fedhaafi hawwiisaa alanfata. Kadhatee utuu hin taane dalagaa baratee, bor nama ta'ee... haadhasaas nama gochuu abjoota. Abjootees

hin dhiisu: mala, toftaa, haxxummaa, abjicha dhugoomsuuf barbaacha yaadaan dhama'a – hedduu dhiphata. Dhumarrattis qabxii tokkorra ga'uu danda'e.

Laphee haadhasaa boraafaterraa ol jedhee, sagalee gadi qabatee, "Harme... harme," jedhee waamaa, haadhasaa rafte dammaqsuuf tuttuqa – yommuu dammaqxuttis akkasheen hin wareerreef – suuta.

"Ana kan si waame harme."

"Maal taate ilma ko?"

"Hirribaan si dammaqse mitii? Dhiifama harmee."

Bakka irraa eegaluuf yaada.

"Ni beeloftee ilma ko?"

"Lakki harme hin beelofne"

"Maal dhibamteree tokkicha ko? Maaltu si dammaqse?"

"Hin rafneyyuudha anoo haadha ko; calliseen yaadaa ture."

"Maal yaaddaa qaroo ko? Yaada kaminni akkanatti dhiphisee hirriba si dhorke?"

Kennaan xiqqoo akka yaaduu godhee, "Waa'ee jireenya keenya kanaa... 'hanga yoomiitti?'-n jedha."

"Ilmi koo guddatee sadarkaa waa'ee jireenyaa yaadan irra ga'e jechuudhaa!? Yaa Rabbi koo!" Jette Kuluuleen – sagalee baastee utuu hin taane keessasheetti. Kun silaatii gammachuusheeti. Garuu, erga waa'ee jireenyaa yaaduu jalqabee, gaaffii deebiin isheen itti kennamuu qabu hedduu, yeroosheen itti hin yaadinitti gaafachuunii mala. Gaafatanii waa baruunimmoo of baruurraa eegala. Kanaaf akka tasaa, "An eenyu? Abbaan kiyyahoo maali?" Jedhee yoo na gaafate, maalan deebisaaf?" Sodaa jedhutu keessashee jira. Kennaan garuu kana hin dhaqne; sodaa haadhasaa kana dursee waan hubateef fakkaata; "Abbaan koo eenyu?" Hin jenne; "Naa himtee hafte," jedhees muddee hin qabne... inni kan yaadu waan biraati!

"Harme."

"Oo! Maal jettee ilma ko?"

"Barumsi bara kanaa xumuramee manni barumsaa yoom cufamaa?"

"Xumura Waxabajjiitti akka ta'e nan beeka."

"Waxabajji yoomii harme?"

"Ji'a lama booda ji'a dhufu."

"Deebi'ee kan banamuhoo?"

"Birraan yoo bari'u."

"Birraan yoom bari'aa harme?"

"Ji'a shan booda."

Kennaan waan gammade fakkaata.

"Ji'a shanin qaba jechuudha – hedduudha!"

"Kamiifii ilma ko?"

"Manni barumsaa banamee anis barachuu jalqabuuf."

Kuluuleen 'xis-ximbaa' hin jenne; deggertees ta'u mormitee waan dubbattu hin qabaanne.

"Barumsa yaadeera harme; anis barachuun qaba!"

"Nan beeka dhala ko-nan beeka; barachuu qabda; garuu..."

"'Garuu...'-n maalii harme? Kan akka koo hin baratuu? Ilmoo daandiirratti dhalateef barumsi hin maluu? Abjuun koo hurriidhaa harme – hin dhugoomin hafaa?"

"Akkas jechuuf miti dhala ko; abjuun kee hurrii miti – siif dhugooma!"

"Egaan maalree harme? Maaliif mamte?"

Kuluulee jechoonni ilmooshee garaa raase, "Dhalako," jechuun isa eegalte rarrootti dhiistee, "Uf..." jettee afuura dheeraa baafataa mudhiitti ol jettee, keenyan kuusaa midhaanichaatti hirkattee erga teesseen booda, "Namni barate kufee hin kufu; atis carraasaa argattee utuu barattee guyyaa tokko nama guddaa akka taatu nan beeka. Kanaafimmoo firri nu barbaachisa. Akkuma ati beektu, nuti garuu... an si malee – atis ana malee fira dhiigaa hin qabnu; antees.

Haatni koo – akkoon kee, hojjetaa mootummaa Aanaarraa maatii qabu tokkoof qacaramtee hojii mana keessaa hojjettiif turte: uccuu miiccitiif; nyaata bilcheessitiif; mana qulqulleessitiif... Halkan gaafa tokkoo, hojjechisiifataashee kanaan dirqarmtee gudeedamtee hin fedhin ulfoofte; hin fedhin na godhatte; nan guddisin duute.

Dhaladhee isuman of baren addunyaa dukkanaa'e keessatti of arge – guyyuma tokkoofillee ifa arguuf kanan hin carroomin. Lafti kaaniif dirree, anaaf

bowwaa... allayyaa qiliileedha. Daandiin kaaniif walqixxataas arangamaa hafee na waraana; gufuu ta'ee na gufachiisa; na takaala; na kuffisa; na dhiigsa; na madeessa. Beelli, dheebuun, daarri... dhaamochis qaama kootiif hiriyyaa ganamaati.Ta'us garuu qulqullina koo nan eeggadha ture – huubni uffata koorra hin buutu; miidhagduunis ture. Ana argee, akkanatti miidhegsee uumee Waaqa qaroo na dhowwate kan hin komatin hin turre..."

"Ammallee ati miidhagduudhaam harme."

"Garuu, na miidhe malee nan fayyadne. Rakkina caalaa miidhagina koo kanaadha inni qormaata jireenyaa anatti ta'e."

Miirri ta'e tokko keessa Kuluulee qanxooxaa jira. Miiricha dhokfachuu waan dandeessu hin fakkaattu. "Dukkana da'aatanii kan fedha foon isaanii anatti ba'aachuuf na gaadan, kashlabbeefi machooftuu hedduutu ture. Maaramiin garuu dabarsitee harkasaaniitti na laattee hin beektu; taabotawwan an kufee sagadeefis gaachana naa ta'aanii bineensota

hamoo kanarraa na eegu turan. Uf... galgala abaaramtuu sana garuu, iyya koo utuu dhaga'aanii dugda natti gatuun isaanii maaliif laata?"

"Galgalli abaaramtuun ati jettu sun yoomii harme?"

"Galgala ani itti naman hin beekneef siin ulfaa'e."

Guyyicha, har'as ba'eessa gootee yaadatti!

"Ganna bacaqii keessa! Guyyaan isaas facaasaa! Galgala naannoo sa'a kudhanii anatti fakkaata. Yandoo cimaa qileensa makatetu rooba ture; guyyaasaas inyinya'aa... qiciica'aa oole. Ciiseera; garuu hirribni na fudhatee of gatee hin rafne. Gara-jabina sanyii Addaam– bineensummaasaanii sammuu keessa naa bulchuuf, harki abbaa kee dhufee bakkan ciisee jirutti yommuu wal'ansoo na qabu, hanga humni koo naa eyyametti sagalee ol fudhee iyyeen ture; iyya naa birmadhaa an iyye garuu bokkaa yandoo sanatu liqimsee hambifate. Gochaasaa kanarraa of haa qusatuufis jechoota kadhaa an beeku keessaa tokkollee utuun hin hambisin itti dha'eera; inni garuu miira gulufsiisuuniitti jirurraa al tokkoofillee dhaabatee sagalee kadhaa koo isa boo'ichi addaan kukkutu sana

dhaga'uuf hin eyyamne... hanga humni na danda'es of irraa faccisuu yaaleera... garuu hin dandeenye. Hanga galgala sanaatti dhiirti na bira ga'ee hin beeku ture... iyyi koo, wixxifannaan koo, wawwaannaan koo sun marti homaa na hin fayyadne... halkan tokkottin anis akkuma haadha kootii hin fedhin ulfaa'e; hin fedhin siin da'e. Garuu, singuddisin hin du'u!" Jettee humnaan dubbatte. Itti fuftees, "Al tokko-tokko yommuun taa'ee yaadu, akkuma namootni jedhan, Dorombeef si laachuu diduun koo tarii ofittoomeenii laata-n jedha."

"Gaabbiin sitti hin dhaga'amin harme; murtoon kee sirruma ture. Anaafisimmoo qannoo mana ormaarra, si'i – hiyyeettii haadha koo naaf wayya."

Kennaan xiqqoo yaadee dubbachuu itti fufe; "Harme wanti ta'e hundinuu gaarummaaf akka ta'etti amani; namticha walakkaan dhiiga kootii dhiigasaa ta'e sanaafis dhiifama godhiif. Anaaf garuu kaleessas, har'as, fuul-durattis abbaan koo Waaqa," erga jedhee booda, gara dhimma marii'achiisuuniif hirribaa dammaqseenitti deebi'ee, "Dhiphinni kee naaf galeera.

Harme, barachuu akkan qabu ni amanta; garuu, eenyuutu nu gargaara isa jedhuudha mitii sodaan kee?" Jedhee gaafateenii, deebiis utuu isheerraa hin eegin,

"Dhiis itti hin dhiphatin, aniyyuu dalagee of nan barsiisaatii; siifis irraa hafaa nan ta'a."

"Akkam gootee ilma ko?"

Ni himeef – dalagaa lestrummaarra bobba'uu kan yaade ta'uusaa; utuu hin turin – borirraa eegalee!

"Hin shakkin harme-hin shakkin!" Jedhe Kennaan, miira amansiisuuf dhiphateen harka Kuluulee lachan qabee urgufaa.

"Harme waadaa naaf seeni!"

"Maalirratti?"

"Waan ta'erratti waadaa naaf seeni."

"Jedhi naa himika."

"Dursa waadaa naaf seeni kaa!"

"Tole, kunoo waadaa siif seene." – Bar'uu harka ilmashee keessa rukuttee waadaa seente.

"Hojii ijoolleeti hin jettuu?"

"Hin jedhu korma ko."

Kennaan waadaa seenameefiitiin akka gammadee jirutti, "Egaan bor irraa eegalee kadhaan haaga'u; nutis dhiisneerra," jechuun harka mirgaa aboottiffatee kaasee dhaadannoo dhageessise.

Waanti ilmishee jechuutti jiru kun Kuluuleetti ulfataa ta'ee mul'atus, dursee waadaa seensisiifateera waan ta'eef mormuunii hin qabdu... hin mormineenis; "Dhala ko, duratti gargaarsa namaa malee – geggeessa ulee kiyyaatiinan ba'ee gala ture. Ergan siin argadhee asitti garuu amalan bade; karaan irra baatiifi galti kiyyallee yoowana na jalaa badeera. Lakki akkan hin jenneef, ijoollummaatti amileen si bu'innaa jedhee sodaadheeni malee kanarra xiqqoo utuu bilchaattee natti tola ture. Uf... egaan erga yaaddee, eebbi haadha keetii si faana jiraatii jabaadhu! Guutummaa bara jireenya kee nagaatti jiraadhu. Waaqni ati amanattee kana yaaddes si haagargaaru!" Kuluuleen mataa mucaashee harka lamaaniin qabdee, "Tu...tu...tu," adda mucaasheetti tuttufaa, "Adda argadhu. Jaalala namaa

siif haakennu. Of-kali – milkaa'i," jettee garaa guutuun dhalashee eebbiste.

Kennaan ni gammade – hedduu itti tole! Harkasaa lachuun mudhii Kuluuleetti marmee, morma jala dhungataa, "Haadha ko, sin jaalladha. Rakkina kee har'aa kana bor ana – dhalakeetti hirraanfachuuf jirta. Nagaan siif haata'u," jedhee gadi ciise; hanga bari'uttis hirriba nagaa rafe. Kuluuleen garuu deebitee hin rafne – boossee dhalasheetiif Rabbiin akka kadhatetti sinbirri waccitee bari'uu lafaa labsite. Imimmaan maddiiwwan isheerra gadi dhangala'us maddiiwwan mucaashee isa gudeedashee boraafatee raferra bu'a ture.

1.4 Barii gaafa sanaa...!

Kennaan haadhasaa ciisichatti dhiisee, dalagaa eegaluu yaaderratti nama na gargaara jedhee abdate – Qananii barbaacha magaalaatti ol ba'e. Qananiin dargaggeessa fuullee buufata konkolaataa, daandii konkolaataatiin

harka ol dukaana shaqaxaa jiru dura lestiroo ta'ee kophee bareechuufi suphuudha. Kennaa akkanumaan – lafaa ka'ee jaallataan, gargaaraanis ture. Kennaanis dalagaa lestirummaarra bobba'uu kan yaade, jaalalaafi gargaarsa Qananii kaleessaa kana abdateeti.

"Obbo," jedhee waamaan; "Obbo nagaa bultee?" Ga'ee, ulfina angafaatiif gadi jedhee, harka lamaan Qananii dubbise.

"Akkam bulte Kenna? Maal har'a eessaa ganamaan qophaa magaalaa baate? Haatni keehoo?"

"Jirti; anatu waa isin marii'achiisuu yaadee dhiiseenii dhufe malee."

"Yaa Kennaa! Isin jechuu kana dhiisi jennaanis inuma didde mitii?"

"Dhiifama Obbo, afaantu na bareeti..."

"Maaliif gurbaa? Angafa ofii kabajuun aadaa keenyadha hin jettuun turtee?"Jaarsi taa'ee qophee bareechisiifataa ture – maamilli Qananii gidduusaanii seenuun jedhee dubbate.

"Rakkoo hin qabu; dalagaan of harkaa qabu kana

hangan badduu baafadhutti na eegdaree?" Qananiin jedhee qalbiisaa gara dalagaatti deebisate.

Kennaan, fiixee barcuma dalgaa – teessuma maamiltootaarra taa'e. Taa'ees ijaan, akkaataa itti Qananiin dibduu qabatee qalama tuqatuufi kophee dibu, ammumarraa eegalee qayyabachuutti seene; harka ho'inni Qananii ajaa'ibsiiseeraan. Innis bor lestiroo kormee akkasaa ta'uu hawwe.

Qananiin dalagaa of harkaa qaba ture xumuree maamila isaa erga geggeessee booda, meeshaalee lestiroo saanduqa lestirootti ol funaanee cufataa, "Kottuka, ciree keenya nyaataa haasofnaa," Kennaatiin jedhe.

Kennaan burcuqqoo sha'ee harka lamaaniin qabee afaanitti dhi'eeffatee afuuraan afuufee qabbaneeffataa turerraa utuu hin habbuuqqatin deebisee erga kaa'eetiin booda, haala garaa namaa nyaatuun fuula-fuula Qananii keessa ilaalaa, "Har'arraa eegalee, aniifi harmeen kadhaa dhaabuu murteessineerra," jedhe.

Ittuma fufuunis, "Obbo, kana malees waggaa dhuftu mana barumsaa seenee barachuu jalqabuuf yaadeera. Isaan dura garuu dalagaa galii naa argamsiisu qabaachuutu anarraa eegama – haadha koo gargaaraa barachuu akkan danda'utti."

Qananiin yaada Kennaatiin ni raajame; Kennaafis gadde; "Yaadni kee gaariidha. Garuu Kenna, ati sichi daa'imaam..."

"Sirriidha Obbo ani daa'ima; garuu..." ijawwan Kennaa imimmaan calalan; "... garuu, kaleessa jireenyi, ati daa'ima utuu nan hin jedhin, haadhaaf ulee qabee balbala mana namaarra naanna'uu na barsiisteetti. Har'asimmoo, ati daa'ima jettee utuu nan tuffatin, dalaganii haadha ofii gargaaruu na barsiisuu qabdi!"

Kennaan imimmaan haqatee dubbachuu itti fufe. "Ammaan duratti oolmaa anaafi haadha kootiin deebi'uu hin dandeenye hedduu nuuf ooltanii jirtu... isa Rabbi biraa argadhaa – inni isiniif haadeebisu. Sichittiif garuu Obbo, daabboo naa bituu dhiisaatii daandii irra daabboon bitamu natti agarsiisaa. Haadha koo gargaaruu dhiisaatii

akkaataa itti haadha ofii gargaaran na barsiisaa." Kennaan yommuu dubbatu, akkaataan dubbannaafi miirri fuulasaa irraa mul'atu, afuurrisaa, jaalala haadhaa baay'ee jabaataa ta'e tokkootiin kan hubamte ta'uu mul'isa.

Qananiin, gurraan dubbii Kennaa dhaggeeffataa, ijaanimmoo bishaan ija Kennaa keessa, hiree Kennaa ganamaafi egereesaa galgalaa barbaacha hedduu dhama'e; barbaadees argate; "Kenna, humni guddaan tokko keessa kee awaalamee akka jirutu anatti dhaga'aama. Humnichi fucha argatee yoo ba'e, jireenya keefi kan haadha kee jijjiiruurrayyuu darbee biyyaafi lammiisaatiif nama bor bu'aa guddaa buusu tokko kan si taasisuu danda'uudha. Egaan jabaadhu! Anis gaman danda'u maraan cina kee nan ta'aatii."

1.5 Kennaan dalagaa eegaluusaa

Guyyaa sanarraa eegalee Kennaan, Qananii bira oolee dalagaa gargaaraanii, ogummaa kophee bareechuufi suphuu qo'achuutti seene. Gama nyaataatiinis yoo ta'e

rakkoo hin qabaanne; Kennaafi haatnisaa, Hoteela Hawwiitii haftee nyaataa akka argataniif Qaananiin haala mijeesseeraaf.

Kennaan dandeettii ilaalee waa dafee qabachuu qaba waan tureef, yeroo ji'a hin guunne keessatti kophee bareechuufi suphuu dhuunfatee beeke. Achiis bedduu utuu hin turin, gargaarsa Qananiitiin, meeshaalee lestiroof barbaachisan mara guuttatee of danda'uun qophaatti ba'ee, cina Qananiitti dalagaa jalqabe.

Kennaan namoota hunda biratti simboo argate; amalaafi ogummaasaatiin jaallatamaa deeme. Yeroo muraasa gidduuttis maamila hedduu horachuu danda'e. Maallaqa argatu keessaa sherfeellee utuu hin hir'isin – akka jiruun geessee haadhasaatti kenna. Haatnisaas gudunfitee keessi – walitti qabdiif. Galiin isaas guyyaadhaa gara guyyaatti dabalaafi guddataa adeema ture.

Kennaafi haatnisaa, meeshaalee manaa keessaa

muraasa guuttachuun, jala Bataskaana Maaramiitii kutaa xiqqoo tokko kireeffatanii keessa jiraachuu jalqaban. Kuluuleenis haftee nyaataa dhallishee miikkaatti hidhee fidu teessee eeguun hafee, qaqqabaan dhaqxee bilcheessitee, dhalashee soorrachuuf dabareen ishee ga'e. Jijjiiramni Jireenya isaaniirratti mul'ataa dhufes namoota kaleessa isaan beekan mara kan ajaa'ibsiisu ta'e.

1.6 Barumsa eegaluu Kennaa

Ganni darbee Birraan bari'uuf jedha. Kennaan gama tokkoon dalagaasaa jabaatee dalagaa, gama biraatiinimmoo qalamaafi dabtara bitatee qophaa'ee, banamuu mana barumsaa dharraatiin eegaa jira. Mana Barumsaa Adiventistii seenee yoo barate barumsa fooyya'aa akka argatu kan beeku ta'us kaffaltiisaa sodaatee, kan mootummaa isa ta'e Mana Barumsaa Malkaa Bidiruutii barachuu yaadee ture. Amma garuu, kaffaltii malee haabaratuuf tumsa barsiisotni mana

barumsichaa godhaniifiitiin, mana Barumsaa Adiventistii Gimbiitii barachuuf carraa "Iskolaar shiippii' argateera. (Manni Barumsaa Malkaa Bidiruu yeroo sanaa, isa yeroo ammaa kana Yuniversiitii Wallaggaatti, kaampaasii Gimbii ta'eedha.)

Kennaan abbaa isa dhalche waan hin beekneef haadhasaatti of waamsisee galmaa'e – Kennaa Kuluulee! Birraan bari'ee bakka jiruu manni barumsaa yeroo banamettis, Mana Barumsaa Adiventistii Gimbii seenuun tokko jedhee barachuu jalqabe.

1.7 Jiruufi jireenya Kennaa

Obsasaa kan kenneef, gaarummaasaa kan hubate, yaadaafi fedhasaa uumaasaa irratti gatee, "Na gargaari," jedhee yoo kadhate, bubbulallee malee hin guuttatin hin hafu. Kanaaf Kuluuleenis, waa'ee yaadaafi fedha ilmashee uumaashee irratti gattee, galfata jaamaa, imaanaa imimmaaniin jiidhe, "Hoodhu" jettee, Waaqa ilma kenneefitti deebistee yeroo lammataatiif galfata kennatte. Inni harkaa fuudhes imaanaa

fuudheef amanamaa ture. Yeroo ammaa kanatti, Kennaan kaayyoo lama qabatee humna ijoollummaatiin imala eegaleera.

Tokko, kaayyoo baratee sadarkaa guddaarra ga'uu yommuu ta'u, inni biraanimmoo dalagee jireenyasaafi kan haadhasaa jijjiiruudha. Lachaniyyuu wallaansoo jireenyaa yeroo wal fakkaataa keessatti adeemsifamaniidha. Wallaansoo jireenyaa kana lamaan irratti wal faana hirmaachuu kaayyeffateera. Hirmaachuu qofas miti; lachanuuniyyuu milkaa'uu fedha. Fedhiin isaa dhugoomee galma kaayyoosaa bira ga'uufimmoo, amartii obsa fixachiisaafi rakkisaa, akkasumas qoraa keessa hulluuquun isaa dirqama.

1.8 Jiruufi Jireenya Kennaa

1.8.1 Wixataa hanga Jimaataatti:

Ganama, ciree haatnisaa qopheessiteef nyaatee, qalamaafi dabtarasaa fudhatee gara mana barumsaatti fiiga. Mana barumsaa deebiitti laaqanasaa nyaatee,

dabtaraafi saanduqa lestiroosaa butatee magaalaatti ol ba'a; dalagaa dalaga – waan bultoo – waan qoonqoo! Yeroo gabaan hin jirretti dabtarasaa baafatee isa barataa oole keessa deebi'ee qayyabata; hoj-manee hojjeta. Bakka rakkiseenitti maamiltootasaa gaafata; "Bakki kun naanubatamne; mee na hubachiisaa," jedha. Yommuu akka dhi'uu ta'u manatti deebi'a. Dabtaraafi saanduqa lestiroosaa kaa'ee suuq-laphee mormatti diratee gara magaalaatti ol deebi'a: Tamboo, ancaa, minminii adda addaa, anqaaquu haatnisaa affeelte, ... martinuu saanduqa kaartoonii lapheerratti baatu keessatti argamu. Isa baatee hoteelaafi mana dhugaatiirra naanna'a -jamilummaa!

1.8.2 Sanbata-Sanbata... guyyaa torbaffaa!

Akka amantii Kennaatti, guyyaan kun guyyaa qoodamee Waaqaaf adda ba'eedha. Guyyaa laguuti: hin dalagu; hin nyaatu; hin dhugu. Lagatee kadhata; cubbuusaa himata; dhiifama kadhata – Waaqa amanate. Uumaafi uumama gidduu jaarsomee

dhaabata – araara dubbata; "Araar!" Jedha: Araar! biyyasaaf... lafasaaf... namasaaf... firasaaf... diinasaaf... haadhasaaf... abbaa dhalcheeniifillee!

1.8.3 Dilbata-Dilbata:

Ganamaa hanga sa'a laaqanaatti, ijoollota akkumasaa "Iskoolaariin" baratan faana daree barnootaa qulqulleessa. Laaqana booda, uccuusaafi kan haadhasaa funaanee miicca – laga bu'ee. Achii deebiitti xiqqoo boqota; haadhasaa haasofsiisa – taphachiisa. Achiis ni qayyabata – qo'ata!

"Jabaadhu ilma ko," jettiin haatnisaa; "Jabaadhu!" Jabaadhuusheetiin innis ni jabaata. Dalagaa barata; barataa daldala. Dadhabe jechuun hin jiru; nan nuffeenis. Dammaqiinsaafi jabinnisaa, gara nama biraattillee kan darbuufi miira wal fakkaataa kan gonfachiisu fakkaata. Kun marsaa jiruufi jireenya Kennaati. Aduunis dentaasheetiif dhiitee bariiti.

1.9 Kennaan kutaa sagal ga'e

Kennaan qaamaan guddataa, umuriin bilchaataa, sammuun gabbataa, dubbii Waaqaafi hawaasa waliin jiraaturraa hubannaafi ogummaa horataa, ...akkas- akkas jechaa dhufee barumsaan kutaa sagal ga'e. Bara kana, dalagaa lestirummaafi jamilummaa dhaabee barattoota muraasaaf qayyabachiisaa manaa-manattii ta'uun, ji'atti miindaa hojjetaan mootummaa tokko giddu-galeessatti argatu argachuu jalqabeera.

Yeroo ammaa kanatti Kennaan, waantota lamaan ija namootaa keessa seeneera: tokko dandeettii barumsaa isaatiini. Ammaan duratti, barumsaan ciccimoo kan ta'aan barattootni hedduun mul'ataa turaniiru; kan Kennaa garuu adda ta'a. Barumsa qofa miti, inni waa hundaan tokkoffaadha: Barumsaan tokkoffaa! Naamusaan tokkoffaa! Jireenya hawaasummaasaatiin tokkoffaa! Tokkoffaa! Tokkoffaa...!

Lammatnimmoo miidhaginasaatiini. Darbaa miidhaga! Erga dhalatee eegalee luucca'aa rifeensa mataasaatti

qarabaan hin buune – akkuma kan Samsonii. Duubaan goranii gaafa ilaalan shamarree Hindii fakkaata. Solana; bocni fuulasaa, akka boca onnee – gararraan bal'atee dhiphataa gadi bu'a. Haatnisaa magaallee taatus inni garuu diimaadha; "Namtichi bara sana Kuluulee gudeede tarii faranjii ta'innaa?" ...nama jechisiisa. Walumaa galatti, bifti Kennaafi haalli guddinasaa waliif faallaadha.

Miidhaginni Kennaa, hundumaa caalaa qalbii shamarranii biteera. Shamarran Gimbii keessaatii isatti siqattee, nadhii jaalala dargaggummaarraa qooddeefii - qooddachuu hawwitee, cinasaa kan hin maggalle hin argamne yoo jedhame harboomsuu hin ta'u. Ifa baasanii kan gaafatanis jiru. Isaan akka kanaatiif innimmoo deebii iftuufi gabaabduu tokko qaba; innis, "Waanti hundinuu yeroo ofiisaatii qaba," kan jedhuudha. Galmasaa beeka; ka'umsasaas. Kanaaf, gad-jedhee barata, gad-jedhee hojjeta – ol jedhee jiraachuuf!

1.10 Imaanaa Imaltuu

Addunyattiin kun, "Kanan siif godha; kun sirra hin ga'u," jettee nama waadaa seenteef hin qabdu; namni waadaa seensisiifachuu danda'eenis hin argamne. Yeroo hin eeginitti, waanti hin eegamin, jireenya dhala namaa keessatti tasa raawwatamee arguun isheetti tola... kanumaaf, Kennaan qormaata kutaa kudha-lammaffaa fudhachuuf ji'a sadii hafetti haatnisaa haalaan dhukkubsatte.

Kuluuleen erga Kennaa deessee kaatee eegaleeyyuu miirri dhukkubaa utuu itti hin dhaga'aamin yeroo itti ooltee bulte hin yaadattu. Ta'us mucaan koo na duraa jeeqama jettee hanga ammaatti iccitaan qabattee jiraatteetti. Kan ammaa kun garuu nan dhoksa jettus kan dhokatu ta'uu didee ciibsate.

Kennaan haadhasaa wal'aansisee fayyifachuuf hanga humnasaatti gadi hin teenye – dukaana qorichaa dhaqee mallattoo dhukkubashee himee kiniina bitee

liqimsiisuuniirraa eegalee hanga hospitaala geessee ogeessa fayyaatiin ilaalchisuuniitti. Kuluuleetti garuu homaa fooyyeetu dhibe. Dooktara warri jedhamanis, kan haadhasaa wal'aananii fayyisuufiin haahafuutii walli dhukkubasheellee adda baasanli beekanii himuufii hin dandeenye.

Dhumarratti Kennaan, dawaa namni tolche haadhasaa fayyisuufii akka hin dandeenye yommuu hubatetti, isa hundaa danda'u – gara Waaqa amanatee kufee sagadeefitti boo'uu jalqabe; "Ni dandeessaa haadha koo naaf fayyisi," jedhee.

Kuluuleen dhukkubsattee ciistee torban lama booda! Lafti bari'uuf booruu diimate; Kennaan haadhasaa dhukkubsachiisuuf halkanicha guutuu taa'aa bulee akkuma xiqqoo sillim jedheen, sagalee ammaan duratti dhaga'ee gurraa qabuufi torban lamaan kanaaf irraa fagaatee ture tokko qalbii hirribaa keessa ta'ee dhaga'e – sagalee haadhasaa. Kennaan bita galchame! Mudhiitti ol jedhee kuticha keessa tarii namni biraan

yoo jiraate jechuun naannoosaa mil'ate; namni biraan garuu hin turre. Sagalee inni dhaga'es kanuma haadhasaa ture. Ni raajame! Sagaleen kadhaasaa gurra Waaqaa seenee deebii akka argates hubate.

Kuluuleen obdii kutichaa keessa jilbeenfattee... harkashee lachan ol bal'istee... argaa malee gara Waaqaa ilaalaa... imimmaan ishee maddiiwwan ishee irra gadi lola'u haqxee ol itti facaasaa... "Yaa Rabbi, maaloo, adaraa... waa'ee dhala kootii akka beektu godhi – an sitti kenneera. Hin beektu hin jedhu – jireenya koo ni beekta: kennee alaa hin qabu; nyaadhee garaatii hin qabu; keewwadhees of harkaa. ...dhala koo... adaraa mucaa koo...! Ilaa yaa Rabbi, nama gootee uumtee saree gootee na jiraachisteetta. Qaroo natti dognoomtee orma ifaa na gooteetta. Na rakkistee bakkan itti rakkina koo rakkatadhu na rakkisteetta. Kana hundumaatiif sinkomanne; sinkomadhus.Yaa Rabbi, egaan ani har'a imaltuudha. Imaanaa koo garuu adaraa. Imaanaa imaltuu yoo nyaatte cubbuu sitti haata'u."

AANAA IMALTUU 5.pdf; Plate 1

Kadhannaashee xumurtee bakka jilbeenfattee kaatee dhaabatte. Kuluuleen yeroo sadaffaaf waa'ee dhalashee Rabbitti imaanaa kennatte. Kan ammaa kun kanneen lamaan duraarra xiqqoo waa jabaata; kadhata gabaabaa, garuu hedduu!

Kennaan bishaan waqtii Bonaa biqiltuu mana boroo guddisuu danda'u qaroo ijawwan isaa lachan duratti kuufatee sirreerraa bu'ee, "Harme naa fayyitee?" Jechaa dhaqee haadhasaatti marmee, gatiittiishee irratti roobaa, boo'icha sagalee hin qabne boo'e – gaddee utuu hin taane darbaa gammadee.
Haatnisaas akka seequu ta'aa, "Eeyyeen fayyeera dhala ko," yoo jettuun, irraa ol jedhee, fuulaafi ijashee keessa hubatee ilaale. Fuulaafi ijashee irrattis milrri dhukkubaa hin mul'atu ture. Innis fayyuushee amanee fudhatee, Waaqa haadhasaa fayyiseetiif galata galchaa, hanga bari'utti deebi'ee rafe.

Dhugumattiyyuu Kuluuleen waanuma fayyite fakkaatti.

Akkumashee durattii ganamaan kaatee, ciree bilcheessitee erga dhi'eessiteen booda Kennaa hirribaa dammaqsite; "Dhala ko, bari'eeraa ka'i. Ka'iitii ciree nyaadhuu mana barumsaa kee dhaqadhu."

Waa'een ciree ganamtichaafi waa'een hirbaata gooftaa galgaltichaa wal namatti fakkaata. Lachanuurratti, iccita affeerrichaa, affeerticha malee affeeramtootni waan quba hin qabneefi!

1.11 Maaliif?

We'itii shanaffaa – we'itii herregaa! Barsiisaa Kumarraan ni barsiisa; gabatee gurraacharratti barreessa; barattoota tooraan taa'an gidduu oliifi gadi daaddisaa ibsa. Barattootni qalbifannoon dhaggeeffatu; qabxii ijoo-ijoo qabsiisa qabatu. Kennaan garuu qaamaan daricha keessa jira malee yaadaan ximbiriiree waan tureef, harki ta'e dhaqee gatiittiisaa irra tasa yommuu qubatu wareeree yaada keessaa dammaqe. Barattootni itti kolfaniiru;ta'us innoo kolfa

10:10 am 06/05/.

ANAA IMALTUU 6.pdf; Plate 1

isaaniitiif hin mufanne.

Harkichi kan barsiisaasaatiiti. Barsiisaa Kumarraan sila erga kutaa seenanii eegalanii Kennaa ijaan hordofaa turan; "Kenna maal taate nagaa mitii?" "La... lakkii nagaa dha; homaa hin taane."

"Boo'uutti jirtaam Kenna."

"Ee...nyu? Animoo?" Kennaan jechaa, jala baallee ijawwan isaa axaa'atee yommuu qubasaa ilaaletti, edaa isatti hin beekamneef malee boo'uutti akka jiru hubate; "Dhiifama barsiisa," jechaa dabtarasaa bakka taa'eetti dhiisee ka'ee... gara miirri ja'affaan qajeelchetti fiigicha jalqabe – gara manaa... gara haadhaa!

Kennaan fiigichaan afuuraa ciccitaa yommuu mana ga'e, haatnisaa deebitee ciisteetti; "Harme," jechaa seene.

"Harmee... harme!" Itti siqee waamus, homaa!

"Harme deebisee si dhukkubee?"

Maddiiwwan harmee bar'uu harkaasaa lachan keessa oolchee raasaa, "Haadha ko... harmee ko," jedhee harmee waama. Haatnisaa garuu hin kaatu.

"Harme," yoo jedhu, "Oo! Maal jettee dhala ko?" Hin jettu. Isatu nama du'e argee hin beekuuf gowwoomeeti malee, afuurri keessaa haratee, edaa harmeen boqotteetti.

"Harme na sobdee? Akkuma kaanii atis garaa natti jabaattee? Maaliif harme? Maaliif deessuu ko? Maaliif? Maaliif?"

1.12 Awaalcha Haadhaa

Kuluuleen du'uusheetiin duratti Bataskaana Maaramii dhaabbatti turte. Turtiishee kan biyya lafaa kanarraa xumurtee yeroo boqottus akka himannaasheetti awaalamuuf reeffishee namoota muraasaan hordofamee gara bakka awaalcha Bataskaana Maaramiitti geeffame.

10:10 am 05/05/

Namoonni awaalchaaf dhaqan, boolla qotanitti Kuluulee qofa awaalan. Kennaan garuu... amilee barumsaa, mul'ata jiruu, abdii jireenyaa, fedhii bor namoomuu... kaleessa qabaataa ture marayyuu of keessaa gadi haree, haadhasaa waliin boolla tokkotti awaale. Awaalees galuu hin feene. Fedhus eessatti? Maalis barbaacha? Abbaadhaa? Obboleessaa? Moo obboleettii? Eessumaa? Wasiilaa? Adaadaa? Aboo? Moo durbii? Innoo durattiyyuu isaan kanaatiif orma ture. Ifa biyya lafaa kanarraa namni inni qaba jedhu tokkittii haadhasaa turte. Isheenimmoo amma duuteetti. Maaltu hafeefiree? Homtuu!

Kanaatiif Kennaan waan tokko murteesse; midhaan-bishaan lagatee, achuma qe'ee warra du'aniitti galee – awaalcha gidduu taa'ee, haadhasaatiifis, ofiifis, boo'aafii-boo'ataa, gaddaafii-gaddataa... lubbuun isaa akka dabartu fedhe; murteesses. Kanneen isa beekaniifi hin beekneen furii itti wal dabarsanli sossobanis, kadhatanis, yaadasaa kana tasumaa jijjiirsisuunii hin dandeenye.

Kennaan akkuma yaade godhe; manaafi nama dheessee, qe'ee warra du'anii – awaalcha gidduutti gale. Guyyaa-guyyaa, gaaddisa mukaa tokko jala jirmasaatti hirkatee taa'ee gaddaafi boo'aa oola; halkan-halkan, awaalcha haadhasaa boraafatee ciisee ekeraa haadhaa haasofsiisa.

1.13 Guyyaa Shanaffaa!

Akka amaleeffannaa hawwaasa naannichaatti, guyyaa shanaffaan, mallattoon qe'ee warra gaddaa – baalli jiidhaan bu'ee goge haramee ba'ee, rifeensa aaddatanii, gurraacha uffatanii, gonfoo gaddaa mataarra kaa'atanii yookaanis hidhatanii... guyyaa itti gaddarraa ka'aniidha. Kennaaf garuu akkas miti. Gadda inni taa'e gadda shanan baasanii ka'an utuu hin taane gadda gaddaa utuu gaddanii ittiin du'aniidha. Kanaaf akkuma kaleessa dheengaddaa, gaaddisa mukaa sana jala, jirma mukichaatti hirkatee fuulasaa jilba miillawwan isaa lamaan gidduu awaalee taa'eera.

Akka saayinsiin jedhutti yoo ta'e, namni bishaaniifi midhaan malee hanga guyyaa sadiitti lubbuun turuu mala. Guyyaa sadiin olitti turuu yaallaan garuu ni du'a.

Bishaanniifi midhaanni afaan Kennaatti bu'uun har'i guyyaa shanaffaa isaati; Kennaan garuu hin duune; boo'icha dhaabus lubbuun jira. Maal ta'inna laata icciitiin kanaa? Saayinsiitu soba moo Kennaatu ergamoota Waaqaatiin buddeena waaqarraa sooramuutti jira? Moo... silaa duutni kunis yeroo eeganitt haftee yeroo dhiisanitti dhufuu baay'istii... tariimmoo du'atu xiiqii ittiin qabatee laataree? Kanas ta'u sana, Kennaan midhaan-bishaan malee guyyaa shanaffaarra ga'eera. Kana caalaa garuu waan lubbuun turu hin fakkaatu.

Amma waanti Kennaan dharraatiin eegaa jiru waan tokko qofa – du'a. Isas taanaan har'a akka argatu abdii godhatee utuu taa'uutti jiruu, tasa sagalee kottee namaa wa'ii... koshoshii dhaga'e.

-2-

"Kiliiliiil... kiliiliiil... kiliiliiil..." Sagalee waamicha bilbilaati. Isa kan iyyasaatiin cal-jechiinsa gor-duubichaa booressee... Amiinaas sooratarraa kaase. Kan bilbile haadhashee turan; "Nagaa ooltee hintala ko? Mana barumsaatii galti ga'ee?"

"Eeyyeen harme galeera."

"Laaqana kee nyaatteeree?"

"Utuun nyaachuutti jiruutiyyuudha kan bilbilte."

"Egaan yoos nyaadhuu xumuriitii anaafis qabadhuu kottu."

"Lakki harme; sa'a lamarraa eegalee sagantaa qayyabannaan qaba miti moo? Mucichi dhufee yoo na dhabehoo?"

"Mucaa kam?"

"Kan na qayyabachiisu sanaadhaka."

"Gidduu kana dhufuu dhiiseera jettee hin turree?"

"Ta'us tarii har'a yoo dhufehoo?"

"Maal rakkoo qabare? Yeroon sichi tokkoyyuu hin

taane..."

"Atimmoo harme! Of biraa maaliif hojjetaa tokko hin ergitu?"

"Hundinuu dalagaa qabataniiru. Naa kottu hintala ko na nyaachistee daftee deebitaa," erga jedhanii booda, ammammoo akka amalashee sana dallantee laaqana nyaachuutti jirtu dhiistee kaati jedhanii waan sodaataniif, "Yookaanimmoo dhiisi hintala ko – suuta jedheen booda yommuu abbaan kee dhufu nyaadhaatii," jedhanii bilbila cufan. Jaalalaafi gara-laafina, akkasumas kunuunsa akka maleen qanansiifamtee waan guddatteef, xiqqoo waan mufachiisuun yoo agarte, yookaanimmoo dhageesse, akka daa'imaa daftee dallanti – Amiinaan.

Maatii dureessotaa magaalaa Gimbii keessa jiru jedhaman keessaa isaan tokko kan ta'an abbaashee Hajii Nuuree Xaayiriifi haadhashee Aadde Muniiraa Ha'imad gidduudhaa kan biqilte Amiinaan, dhalattee isuma of bartu maatii jireenya irraa hafaa jiraatan keessatti of agarte: hin beela'in nyaachuu, hin

dheebotin dhuguu, hin daarin uffachuu. "Rakkina," gaafa jedhan maqaan dhaga'uufi jireenya namoota naannooshee keessatti arguun alatti guyyuma tokkoofillee dhandhamtee, qabatamaatti maalummaa rakkinaa utuu hin argin kan guddatte, hintala sooressaati.

Har'a Hajii Nuureen, umuriin mana waggaa ja'atamaa walakkeessaniiru. Makkaa Madiinaa ga'anii deebi'anii maqaa latoo "Hajii" jedhu argachuusaaniitiin dura, haadha manaasaanii warra jalqabaa fuudhuun ijoollee torba irraa godhatan. Makkaa Madiinaa deebiittimmoo haadha manaa biraa fuudhanii hintala tokko godhatan. Walumaa galatti Hajiin, mataa maatii lamaafi abbaa ijoollee saddeetiiti.

Hajii Nuureen, warrasaaniitiif tokkicha ilmaa ta'uusaanii irraatiin kan ka'e, abbaafi haatnisaanii ija keessa ilaalaa waan guddisaniif, dabalatasimmoo maatii of-ga'oo keessaa waan ba'aniif ta'uu hin oolle... ijoollummaasaanii irraa eegalanii, kanan jedhe

ta'u malee jechuu baay'isu; xiiqii jaallatu. Amalli kun ammumallee darbee-darbee isaan irraa ni calaqqisa.

Hajii Nuureen, dargaggummaa isaaniirraa eegalee, yeroo hedduu dubartiitti hamatamu; amantii isaaniitiifis hanganatti amanamoo hin turre. Erga fuudhanii mana dhaabbataniillee haadha warraasaanii irratti ala-ala ni ilaalu turan. Hajummaa booda garuu amalasaanii badaa sana dhiisanii gaa'ilaafi amantiisaaniltiif amanamanii buluu jalqaban. Haadha manaasaanii lamaan waliinis yoo ta'e akka sagaleen Rabbii abboometti jiraachuutti jiru.

Hajiin har'arra dhaabatanii, waa'ee amalasaanii badaa kaleessaa sana battala yaadatanitti kam irra caalaa kan ceepha'an, warrasaaniiti. Kunimmoo tarii sirriidha; yeroo hedduu maatiin, ilmaan isaanii jaallatan guddisa balleessu.

Hajiin, dogoggorri warrasaanii kaleessaa, har'a isaaniitiin, ilmaan isaanii irratti akka lammeeffamu

waan hin feeneef, abboommii jabaafi adabbii irra darba hin qabne jalatti ijoolleesaanii guddisaniiru; guddisuuttis jiru. Haadhota manaatiifi ilmaan isaanii biratti, Waaqaa gaditti akka Waaqaatti sodaatamu. Angafa ilmaan isaanii kan ta'e Kadiriin, ergumanni fuudhee mana dhaabbateellee manasaa dhaqanii, utuma haatni manaasaa dhaabattee ilaaltuu, garaan lafa ciisi jedhanii garaan lafa ciibsanii, akka daa'imaatti reebaniinii beeku.

Dhimma jireenya ilmaan isaanii keessa seenuus akka dirqama abbummaa ba'aachuutti ilaalu; "Kanan siif jaalladhe fuuta; kanan siif filetti heerumta;" dhaabbii jedhu qabu. Sababuma kanaatiin, Kadir ishee jaallate utuu hin taane ishee abbaan isaa jaallataniif fuudhuuf dirqame. Hintallisaanii durbaa, isheen seera Sheri'aa jalatti guddatte – Jamiilaanis yoo taate, namticha itti heerumte sana isheetu fedhee utuu hin taane Hajiitu dirqiin itti heerumsiiseeti. Gabaabaatti Hajiin, hordofoo ilaalcha maatii warra duriiti. Kunimmoo ilaalcha dhaloonni ammaa qaban waliin kan walitti bu'uudha.

Maqaan haadha manaa Hajii Nuuree warri guddoo Aadde Fatiyaa ta'us yeroo hedduu kan namootni waaman maqaa ilmasaanii angafaatiini – "Haadha Kadir" jedhanii. Haatni Kadir, fuusifatanii-heerumsiifatanii akkoo arganiiru. Umuriinis shantamaaf mataa baatu.

Haatni Amiinaa – Aadde Muniiraan, Amiinaa qofa godhatan. Kunis kan ta'e fedha dabalanii dhala godhachuu waan hin qabneef utuu hin taane, yeroo Amiinaa godhatan sana miidhamsa isaan irra ga'e irraatiin kan ka'e fayyummaa isaaniitiif jecha, lamuu dadhabbiin garaatti akka hin hafneef, gadameessi saanii waan cufsiifameefi. Aadde Muniiraan waggaa kudha-arfan isaaniit heeruman. Heerumaniis waggaasaatti Amiinaa godhatan. Har'a umuriin isaanii sichi digdamii-sagal. Hintallisaanii Amiinaan immoo kudha afur. Dukaanni raabsaa shaqaxa jimlaa fuullee buufata konkolaataa Magaalaa Gimbii(kan durii) jiru sun qabeenya Hajii Nuuree keessaa tokko yommuu

ta'u, to'annaa Haadha Amiinaa jalatti hojjettoota shaniitiin socho'a. Amiinaanis guyyaa gabaan isaanitti gobbitu dhaqxee-dhaqxee dalagaa ni gargaartiin. Al tokko- tokko bakka ga'an gaafa qabaatanis bilbilanii Amiinaa waammatu.

Abbaa Amiinaafi Haadha Amiinaa gidduu hanguma garaagarummaan umurii bal'aan mul'atu, garaagarummaa ilaalchaa bal'aatu ture – keessattuu waa'ee hintalasaanii irratti: Hajiin, "Ijoolleen Waaqa hin beektu ulee malee," jedhu; Haatni Amiinaammoo, "Na duraa jiitessita," jedhu. Hajiin, hintallisaanii ijaabii uffachuushee fedhu; Aadde Muniiraanimmoo, "Lakki hin ta'u! Bareedinni hintala koo ibsaa gaanii keessaa ta'ee hafuu hin qabu," dhaabbii jedhu qabu. Lameen keessaa yaadni Amiinaan deggertu kan haadhashee ture.

Amiinaan kaleessa daa'ima turte – daa'ima wallaaltuu; yookaanis kurkurtuu... uumaa warra kolfeen-kolfitee warra boo'een-boossu; lubbuu hamaafi tolaa addaan

hin baafatin... laphee hin seelatin – laphee ergamootaa; ijoollee haasaa waarii waaree lammeessitu; yookaanis owwaattuu – ishee laga teessee ka namoonni jedhan afaanii butattee jechuun akkeessitu – akkeessaaf dhamaatu. Silaa harka xuriifi akka duriitti hin hafaniitii... Amiinaan har'a guddaatteetti!

Dhalaa umuriin mana kudhaa- seenterratti jijjiirama qaamaa saffisaa arguun keessummaa ta'uu baatus, yeroo gabaabaa asitti, jijjiirama qaamaa saffisaa Amiinaan agarsiisuutti jirtu, miti orma, warrumashee iyyuu raajuunii hin oolle. Dhalootaan haata'u akkaataa guddinashee irraan kan ka'e, barana yommuu qormaata biyyoolessaa kan kutaa saddeetii fudhachuuf qopheerra jirtu kana sichi kichuu waggaa kudha-afurii taatullee, qaamni irra ba'ee durba geessuu fakkaatteetti.

Kanumaafiyyuudha fakkaata, dargaggootni gandashee keessaa, warrumti kaleessa daa'imummaa isheetiin ishee beekan, kan isaan har'a

yeroosheen baatee galtu ganda keessatti eeganii, qoccolloon qerqedaa ija hamaan ilaaluunii jalqabaniif. ...warrasheetiif malee, egaan sichitti Amiinaan daa'ima miti.

Bara darberraa eegalee, iyyaafataan Amiinaa hedduudha... gaafataanis kitila. Kara-deemaan martuu waa'eeshee dubbata... jaalalaaf saaddata. Silaas, guntuta qummaade – qaama ija qabu, ija kamtu argee ija kamtu dheessa!? Qaama harki hin tuqin, nafa sukkuumamee nafatti hin madaqin, eenyuutu argatee eenyuutu isa dhiisa? Eenyuyyuu! Haa ta'u malee, hundaan hawwamteef Amiinaan kan hundaa hin taatu. Kumaan jaallatamtus, kitilaan faarfamtus, sanyii Addaam keessaa kan lapheen ishee eyyameef tokkicha qofatu argata. Laphee Amiinaa keessa sanyiin Addaam oolee bubbule tokko jira. Namni kunimmoo yeroo ammaa kanatti, ifa lafaa kanarraa qaba kan jedhu tokkittii haadhasaa du'aan dhabee gadda hammaataa keessa oolee bulaa jira.

***

-3-

Sagalee kottee namaa Kennaan dhaga'e kan Amiinaati. Barattoota inni mana-manarra deemee qayyabachiisu keessaa Amiinaan ishee tokko turte. Keennaan waa'ee dhukkubsachuu haadhasaa dursee waan hin himiniifiif, guyyoota arfan darbaniitiif walitti aansee ishee qayyabachiisuurraa hafuun isaa haatnisaa duunaan ta'uu, Amiinaan reefuu har'a dhaga'uusheeti – Qananiirraa. Qananiifi Kennaan akka walitti adeeman Amiinaan ni beekti ture.

Qananiin, dalagaa lestirummaan alatti ogummaa rifeensa mataa sirreessuu qaba ture. Kennaan kutaa sagal ga'ee lestirummaafi jamilummaa dhiisee qayyabachiisaa manaa-manattii yommuu ta'etti, innimmoo sirreessaa rifeensa mataa dardarranii ta'ee qacaramuun dalagaa jalqabe. Bara darberraa eegaleemmoo, konteenara cina dallaa buufata konkolaataa, fuullee dukaana shaqaxaa Amiinaafaatti

argamu sana Waajjira Qaxxaa-mura Diimaa Godina Wallagga Lixaarraa kaffaltii muraasaan kireeffatee, keessatti, mantaloo dhuunfaasaa banateera. Amiinaanis achuma dhaqxee, ala dhaabattee waamsiste.

"Dalagaan si hiiksise mitii? Dhiifama – waa si gaafachuuf jedheen."

"Haa ta'u kaa maal rakkoo qabaree? Na gaafadhu."

"Kennaan guyyoota arfan darbaniif hin dhufne, maal ta'eetii?"

"Gaddarra jira."

"Gadda maalii?"

"Haatnisaa duraa duutee."

"Yaa Allah! Yoom?"

"Erga awaalamtee har'i guyyaa shanaffaasheeti."

"Nama gaddisiisa." Gadditee hidhii xuuxxe.

"Garuu maal ta'aniitii? Jechuun, dhukkubaanii turee?"

"Eeyyeen."

Dhukkubsachuu haadhasaa waan dhokseeniif Kennaatti mufatte.

"An hin beeku; qofa garuu, akka Kennaatti namni

haadhasaa jaallatu jiraa laata? Fayyifachuuniif yaalii inni hin godhin hin turre; qarshii gudunfatee qabu mara wal'aansasheetti badduu baase. Garuu maal fayyada..." Imimmaantu huunaan addaan kute.

"Amma eessa gadda taa'eree?"

"Bataskaana Maaramii - awaalcha gidduu."

"Naangalle; jechuun?"

"Erga haadhasaa awaalee eegalee achuma jira."

"Maaliif?!"

"Du'a haadhasaa irraan kan ka'e akka raata'uu wa'ii ta'eera. ...abdii jireenyaa, amilee barachuu, fedha bor arguu, ... marayyuu boolla haatnisaa itti awaalamtetti ishee faana awaaleera. Midhaanniifi bishaanni erga afaan isaatti bu'ee har'i guyyaa shanaffaasaati."

"Biyyicha keessa namni hin jiru moo? Maaliif callisanii ilaaluun?"

"Inni yoom nama dhaga'a jetteeti?! Garuu dhugaas qaba."

"Dhugaa akkamii?"

"Inni abbaa dhabe haadhatti obsa; lachanuu kan dhabe obboleessa, obboleettii, fira, antee... isaatti obsa.

Kennaan garuu guyyuma haadhasaa dhabe kanneen cufa dhabe."

"Sin galateeffadha!" Harka qabdee irraa adda baate.

Waanta himameefiitiin lapheen Amiinaa guddaa tuqameera. Nyaata baattee manaa kan kaate haadhashee dalagaa furtee laaqana nyaachisuuniif ture. Amma garuu, midhaan-bishaan lagattee, lubbuu du'aaf kaate tokko ittiin qabdee deebisuuf fudhattee, gara bakka awaalchaa Bataskaana Maaramiitti fiigicha jalqabde – hanga achi geessuttis lubbuttii nagaatti akka tursuuniif keessa'sheetti Rabbiin kadhataa.

Uumamashee ta'ee garaa namaa gadduufi afuura namaa ho'u qabdi –Amiinaan. Hiyyeessa gargaaruun kennashee ganamaati. Rakkattee maalummaa rakkinaa kan hin argin taatullee miira nama rakkateef dhukkubsatu qabdi. Beela namaa hin jaallattu; ofii nyaachuu caalaa kan beela'eef laattee inni yommuu nyaatu teessee ilaaluutu ishee quubsa. Ofiif qul'aatti haftee kan daaretti uwwisuutu isheef ulfina... kana-

kanafaa ture maddi gammachuu lubbuu Amiinaa! Kanarrattimmoo Kennaa darbaa jaallatti – hanga har'aatti baafattee hin himiniifiyyuu malee.

Daa'ima taatee utuu jirtuu lapheen ishee jaalalaaf Kennaa hawwe – dur yommuunni fuullee dukaana haadhashee taa'ee kophee qulqulleessuufi suphu. Guddataa yommuu adeemtes, hawwiin lapheeshee kun Ishe faana guddataa, caalaatti hidda dhiigaashee keessa hiddasaa diriirfataa adeema ture. Barana kutaa saddeet geessee, qayyabachiisaashee manattii ta'ee akka qacaramuufiif fedhuun ishees... barumsa utuu hin taane jaalala haaqo'achiisuuniif ture. Kun Kennaaf hin galle; isheenis hin hubachiifanne. Har'a garuu tarii utuu lubbuun jiruu yoo qaqqabatte himuufii qabdi. Kennaan dhabe kan jedhame mara jaalalasheetiin deebisee akka argatus ni beekti.

Kennaan ol jedhee kallattii koshoshii dhaga'erra argaa annisaa maa'ileen yommuu mil'atetti, Amiinaa garasaa dhufuutti jirtu arge. Ijawwan isaa lachan boollasaanii

keessa bubu'anii lubbuu waan qaban hin fakkaatan. Naannoosaa kan hubatus miira nuffiitiin ture.

Amiinaan cinasaa geessee, boquu cabsattee yeroo muraasaaf erga dhaabataa turteen booda nyaaticha lafa ka'aattee, akka boquu cabsattetti fuul-duratti adeemte – gara awaalcha toora galanii fuulleesheetii mul'ataniitti. Isaan keessaa awaalchi moggaarra jiruufi biyyee ho'aan itti deebi'aa, inni kan haadha Kennaa ta'uu waan tilmaamteef miil-jala awaalichaa dhaabattee, sagalee gadi qabattee, hirqitee boo'uu jalqabde; tilmaamnishees sirrii ture.

Erga Amiinaan dhuftee eegalee qalbiin Kennaa isheerra jira. Jirma mukichaatti hirkatee taa'ee, akka nama raata'ee hubataan ilaalaan. Sagalee boo'ichashee gurraan dhaga'uu baatus, imimmaan ishee maddiiwwan ishee lachan irra gadi konkolaatee awaalcha haadha'saa irra bu'ee, biyyee haatni'saa jala ciisuutti jirtu utuu jiisuu argeera. Kuluuleetiif, akka Amiinaa kanatti lapheen isaa gaddaan cabee,

kulkulfataa... imimmaan dhugaa namni biraan roobe yoo jiraate, tokkicha dhalashee – isa qofa ture.

Amiinaan, daqiiqawwaniif dhaabattee haala kanaatiin erga boo'aa turteen booda gara Kennaatti deebitee, cinasaa – ofirra quphantee, jalqabarratti waa'ee du'a haadhasaatiif gadda itti dhaga'aame ibsiteef; itti aansuunis jajjabeessuunii yaalte.

"Na dhiisi Amiina. Waa'ee gadda du'a haadhaa... isa irra ga'etu namaaf beeka. Haatni koo akka namaatti uumamtee akka sareetti jireette ...hin jiraatin duute. Naman si godha jedheeniin ture; garuu hin dandeenye."

Boo'uu fedheera; garuu imimmaanni eessaa haadhufu?! Qalqalloon imimmaanii gogeera. "Sin hubadha Kenna. Anas utuu ta'ee waantin godhu isuma kana ture," erga jetteen booda, "Garuu Kenna, haatni kee tasa utuu siif deebitee maal goota turte?"

Kennaan ol jedhee of cinatti ishee ilaale. Mufannaaf

miti; gaaffichatu gaaffii ijoollee itti taanaan malee. Ta'us deebii itti hin dognoomne; "Silaatii anis ishee faanan du'aatii ka'a ture; ... abdii jireenyaa, amilee barachuu, fedha bor arguu... gara mul'ata koo kaleessaatti. Hin ta'uuf malee..."

"Ta'eera." Caalmaatti raajamaan ilaale. Miirri fuulashee irratti mul'atummoo qulqullummaashee kan mul'isuuf ture.

Amiinaan bakka quphantee kaatee dhaabattee, gara awaalcha Kuluulee ilaalaa sagalee ol fudhattee, "Yaa ekeraa haadha Kennaa hoo... mee al tokko na dhaga'i. Yaa afuura haadhaa... yoo akkuma jedhan jirta ta'e, mee al tokko na dhaggeeffadhu. Ilmi koo akkam ta'inna jettee boqonnaa of hin dhorkin. Ilma kee nan jaalladha. Jaalallisaa ijoollummaatti laphee na seene; na waliin guddate; na waliin jiraate; na waliin jira; na waliin jiraata; na waliinis du'a. Utuun lubbuun jiruu kan inni dhabe mara jaalalaaf jecha nan ta'a. Ammaan boodatti ilmi kee ilma kooti.

Egaan sichitti atis, dirqama haadhummaa, yaaddoofi dhiphina kee mara imaanaa anatti kennadhuu ofiif nagaatti boqodhu," jettee afuura haadhaaf waadaa seente – waadaa ulfaataa!

Gara Kennaattis deebitee, "Haadha sii ta'uuf dirqamatti garaa si baafachuun narraa hin eegamu. Qutisuu kee ta'us egaan sichitti yoo naaf eyyamte an haadha keeti. Gadda kees anatti hirraanfachuuf jirta. Amma ka'i." Harkasaa harkasheen qabdee... harkistee lafichaa kaaste. Kennaan of to'atee dhaabachuu hin dandeenye... deggertee dhaabdee... harka tokkoon mudhiisaa, harka biraan harkasaa gatiittiishee irratti qabattee, tirsite – gara awaalcha haadhaatti.

Maal akka ta'aa jiru yookaan ta'uuf jedhu Kennaan waan beeku hin fakkaatu. Qofa garuu, guyyaa afur dura, ajjennoo inni qabatee tureefi hedduun wal jijijjiree jijjiirsisuunii hin danda'in sana amma bakkasaa jiraachuusaa ni shakka.

***

-4-

Waggaa Afur Booda!

Ni bari'e! Kaleessi darbee guyyaa haaraan bakka bu'e. Dukkannichis darbeera – amma dabareen kan ifaati. Guyyoota keessaa kamiisa...

Aduun Birraa hurrii miliqxe, harka tokkotti ifa, harka biraatti ho'a qabattee samii Gimbii keessaa seeqxee mul'atte. Eda, "Nagaan na oolchitee nagaan na bulchi," jedhanii kan rafan jiraattotnishee, bariinaan hirribaa dammaqanii, "Nagaan na bulchitee nagaan na oolchi," jechuun waa'ee oolmaasaanii, Afaan-Afaan beekaniin Waaqa- Waaqasaaniitti imaanaa kennatanii, gara lafa dhimma-dhimmasaaniitti ka'an – oolmaa gaarii akka ta'uufiif hawwaa.

Har'a, ganamarraa eegalee, gor-duubni mana Amiinaafaa, waltajjii agarsiisa uccuu "faashinii," kan shamarree qaqal'oo mimiidhagduun uccuu "Dizayinii"

adda-addaatiin hodhame uffachuun dabaree irra ba'aanii fuula abbootii seeraafi daawattootasaanii dura bashaa'an fakkaateera.

"Akkamiidha?" Jetti of irra gaggaragaltee of-laallee guddicha balbala saanduq-dhaabbiitti jiru keessatti of ilaalaa.

"Isa duraarra kana wayya," jetti hojjettuun manaa saanii – Bashaatuun, itti naannoftee sisirreessaafii. Amiinaa garaa ga'uu dida. Gara kutaashee dhaqxee kan biraa uffattee as baati; of-laallee keessatti of ilaalti; "Ish! Kunimmoo dubartii guddoo na fakkeesse," jetti. Isas dhaqxee of irraa baasti; kan biraa jijjiirrattee dhufti. Haala kanaatiin uccuu qabdu mara utuu hin hambisin hunda jijijjiirrataa erga waliin geessee booda xumurarratti, gara boodaatti deebitee, uccuuwwan uffatee nanta'u jettee baasaa turte keessaa, kofoo jiinsii gurrachaafi qomee harka dheeraa gurracha filannooshee har'aa godhatte.

Filannoo bareedaa! Uccuu gurraachi nama diimaa waliin akka deemu, keessattiyyuu isheerraa akka

miidhagu ni beekti. Bashaatuuf garuu waanti nafni Amiinaa tuqe martinuu miidhagaa ture!

Amiinaa har'aa namni hubatee ilaale, hintalli maraatteetti, yookaanimmoo Asteerfaa faana fuula mooticha Ahshiwerosiitti dhi'aachuuf qopheerra jirti jedha malee, miidhaginaaf akkanatti dhiphachuun ishee, jaalalleeshee isa boqonnaa gannaa xumuree kaampaasiitti deebi'uuf bor gara Finfinneetti ka'u sana waliin ooltee geggeessuu dhaquuf hin jedhu.

Tarii fakkaachuu mala. Dhugaan jiru garuu, Amiinaan maraattee, yookaan immoo uccuu miidhagaa uffatteen bareeda uumamaarratti bareedina ida'aattee, miidhaginasheetiin laphee mootichaa jilbeenfachiisuuf utuu hin taane, lubbuushee hanga dabarsitee laattuufitti namnisheen darbaa jaallattu bor deebi'ee sababa irraa adda ba'uufidha. Inni deemnaan namni guutee cinashee utuu jiruu qophaa taati – jireenyishee miira qophummaan guutama. Egaan yeroo sanatti

filanii uffachuun ni hafa; miidhaganii mul'achuun hin jiru. Kanaaf har'a utuu inni jiruu filtee uffachuu, miidhagdee mul'achuu qabdi. Kana mara Bashaatuun dursitee waan beektuuf, waa'een Amiinaa har'aa kun keessummaa itti ta'ee hanganatti hin raajneen. Amiinaan filannoo uccuu isa yeroo dheeraa fudhate sana erga xumurteen booda, bulluqa labii qophaa'ee eeguuniitti jiruun qaama dhiqachuuf gara kutaa dhiqannaatti qajeelte.

Sa'a walakkaa booda, Bashaatuun waamamaa jiraachuushee dhageessee owaataa al'awaadaa gara mana guddaa dhufte. Laaqana qopheessaa jirti turte; "Na waamtee Amiina?" Jechaa kutaa Amiinaa banatttee seente. Amiinaan u-uffattee xumurteetti. "Eeyyeen anatu si waame; deemuu kiyya si beeksisuuf jedheen," jette Amiinaan, irra keessa gorboo cina mat-dura siree shee irra, dibataafi urgooftuu tooraan ta'an keessaa, "Dodrantii" jaalalleen ishee boqonnaa gannaa kanatti kennaa fideefii dhufe fudhataa.

"Laaqanni ga'eera – nyaattee deemtakaa?"

"Lakki anatti haahafu. Yeroon beellama keenyaas ga'eera," jette, "Dodranti"-charraa naannoo bobaa jalaafi guntutashee gidduutti 'bis' godhataa – biifataa.

"Ga'ee jiraam; an siif du'aa xiqqoomallee nyaadhuu deemi." – Amiinaan hin sarmine.

"Yoowana dhaabatee na eegaa jira; jedhi Basho," jettee baatee yommuu qarmammeettiirra geessetti, waanta Bashaatuutti himtee deemuu yaaddee dagattee turte tokko yaadattee, waamaanii keessatti ol deebite; "Basho, aabbaan Finfinneerraa eda bilbilee har'a galuu akka malu dubbatee ture. Tarii na dursee yoo gale, yookaanimmoo yoo harmeen bilbilte, uccuun sirreessisiifadha jettee amma dhi'oo baate jedhiin."

"Yaa Amiinaa ko, sobee ba'uu akkan hin dandeenye atillee kan beektu; waan fedheefiyyuu siif jecha nan yaala; ati garuu dafiitii deebi'ika," erga jetteen booda, "Soddaatiinimmoo 'imala gaarii...' naa jedhiin," jechuun akka qoosuu goote. Amiinaan qummaadaa, "Tole-tole ittan siif hima. Jedhi an amma haadeemu; nagaan ooli," jechaa jarjaraa baate.

Bashaatuun hordofteenii baatee, hangasheen karra dallaa banattee baatutti qarmammeettiirra dhaabattee ijaan erga geggeessiteenii booda, ijashee karrarratti hirraanfattee, utubaa sibiilaa sadan qarmammeettii manichaa jala toora galan keessaa isa garasheetti aanee jirutti hirkattee dhaabattee, waa'ee jaalala Amiinaafi Kennaa utuu yaadduu yaadaan qaarite. Haala kanaan daqiiqaa muraasni erga darbee booda, bakka itti yaadaan qaaritee yommuu deebitetti keessishee sodaa guddaa tokkoon guutamee agarte.

Sodichis deebisee sodaachiseen. Yeroo kana harkashee lachan gara Waaqaatti bal'istee, "Maaloo yaa Waaq jaalalasaanii kana ijni sheexanaa hin arginka. Yaa Waaqa jaalala uumtee... ati isaaniif eeggadhu," yommuu jettee kadhattuuf xiqqoo akka itti salphachuu wa'ii ta'e. Kadhaashee kanas Rabbi akka dhaga'e abdii godhataa gara al'awaadaatti deebite.

Amiinaan dallaa mooraa manasaanii keessaa baatee, Kennaa dallaa Mazgiidaatti hirkatee dhaabatee

eeguuniitti jiru argitee, "Sin dhaabe mitii? Dhiifama," jechaa itti dhaqxe.

"Lakki, anillee ammuma reefuu dhufuu kooti," jechaa itti adeeme.

Kennaan sobeeraan. Anatti mufate jettee akkasheen hin jeeqamneef jedheeti malee daqiiqaa digdamman tokko dhaabatee eegeeraan. Ta'us itti hin mufanne. Kaleessas walumaan oolanii gara galgalaa jala ture kan isaan adda ba'aan. Yommuu nagaa wal gaafatan garuu akkaataan wal dubbisasaanii akka nama yeroo dheeraaf utuu wal hin argin addaan turee reefuu wal arguuti.

Jaallachuun dansa; fayyaatu jaallata. Jaallatamuunis hin badu. Inni jaallachuu danda'e, yoo xiqqatee- xiqqate fayyummaa sammuusaa mirkaneeffateera. Nama jaallataniitiin jaallatamuu danda'uunimmoo carroomuudha. Kan Amiinaafi Kennaa garuu carroomuun olitti. Lachanuu darbaa wal jaallatu – lubbuu waliif hin qaban.

Nagaa gaggabsaa booda wal haammatanii, akka wal haammatanitti wal arginaan haasaasaanii isa xumura hin qabne sanaan afuura wal kutaa laga shaarmuxaa ce'anii, bowwaa Abbaa Bookaa kutanii, Mazgiida guddaa biraan aspaaltiitti bu'an. Imallisaanii gara mooraa bashannanaa moggaa magaalittiirra jiruuti.

Inni hojjaan waan ishee caaluuf morma jalaan dabarsee haammateera. Isheenisimmoo bakka hojjaan qaqqabeef harka lamaaniin itti marmiteetti – mudhiisaatti. Afaan walitti qadaadanii jaalala hasaasaa yeroosaan akkanatti aspaaltiirra wal tirsan, miti dargaggeessaafi dargaggeettii akkasaanii arge yookaan argite inaafsisuu, harma jige kaasu; miiras muuxachiisu!

Dhalootaafi haala guddinasaaniitiin Amiinaafi Kennaan namoota addunyaa lamaati; isheen hintala dureessaa qananiin guddattee; inni cina daandiitti hirree rakkinaan sukkumamaa kan guddate ilma dubartii kadhaan-bultuu... qaro-dhabeettii tokkoo. Isheen hordoftuu amantii Musiliimaa; inni hordofaa amantii

Kiristaanaa. Amma garuu jaalalli gara addunyaa tokkootti isaan fideera; amantaan isaaniis jaalala; qabeenyi saaniis isuma.

Seenaan jaalala Amiinaafi Kennaa umurii waggaa sadiifi ji'a ja'aa lakkoofsiseera. Kunis guyyaa itti Amiinaan awaalcha haadhaarra dhaabattee Kennaaf waadaa haadhummaa seenterraa eegalee lakka'aame. Yeroo sana Kennaan barataa kutaa kudha-lamaa yommuu ta'u Amiinaan barattuu kutaa saddeetii turte. Har'a Kennaan Yuniversiitii Finfinnee Kaampaasii Kiiloo Shanitti barataa Farmaasii waggaa xumuraati; Amiinaanimmoo Yuniversiitii Kolleejjii Westernii Kaampaasii Gimbiitti, barattuu Kilinikaal Nersiingii waggaa lammaffaati.

Bara 2006, Kennaan qormaata biyyoolessaa kan kutaa kudha-lamaa fudhatee, Amiinaanis Ministirii kutaa saddeetii erga qoramteen booda seensa ji'a Waxabajjiirraa eegalee, hariiroon isaanii jabaataa, jaalallisaanii hiddasaa gadi fageeffataa deemnaan,

isaanis garaagarummaa guyyaatiin wal argaa, mi'aa daammuu jaalalasaanii irraa dhandhamachuutti jabaatan. Jaalalli... amantiin... abdiin... bu'uurasaa buufate. Suuta-suuta, walakkeessa gannichaa keessa yaadnishee yaadasaatiin – yaadnisaa yaadasheetiin wal fudhate. Abjuu tokko; mul'ata tokko; daandii tokko; galma tokko! ... tokko! Isaanumtiyyuu tokko ta'aan jechuun ni danda'aama. Waliif sirratanii kan uumaman walitti fakkaatan. Isaan booda caalaatti walitti mi'aawaa deeman. Itti mi'aawe – itti mi'oofte.

Guyyaa dilbataa tokko, mooraa bashannaanaa seensa magaalittiirratti argamuufi har'a dhaquutti jiran kana keessa taa'aanii, hanga argansuu dhaabuu ga'aanitti utuu wal dhungatanii, sa'a tokko guutuuf bokkaa yandoo isaanitti bu'e sana guutummaa bara jireenyasaanii hin dagatan. Foddaan samii banamee yommuu akka sana roobu, isaan garuu jaalalaan adoodanii, tokko laphee isa biraa keessatti akka gagaa baqee dhangala'a ture... silaa addunyaa jaalalaa keessatti waantotni raawwataman, tarii abbuma

dhimmichaa isa keessa jiruutiif yoo hiika laatan malee isa moggaa dhaabatee ilaaluutti maraatummaa fakkaata.

Waggaa sadan har'aa, Kennaan barataa waggaa jalqabaa ta'ee yeroo Yuniversiitii Finfinneetti ka'e, dhimma kaayyoo taanaan nama jaallatu irraa bakka 440km fagaatee imalullee, of waliin qabatee kan imale, dabtaraafi korojoodha malee lapheesaa hin turre. Waadaa jaalalaasaanii hanga bara-baraatti kabajee tursuuf, ofiin-fiif waadaa seenaa Finfinnee ga'e...!

Maatiifi qe'ee keessatti dhalatee guddaterraa adda ba'ee barataan yeroo jalqabaatiif kaampaasii seene yoo xiqqaatee-xiqqate, hanga itti barutti, qophummaan akka itti dhaga'aamu beekamaadha. Kennaan garuu, jaalalleesaa jalqabaafi xumuraa kan taate Amiinaa lapheetti qabatee – baatee, karri lapheesaa lamuu akka hin banamnetti chaappaa jaalalaatiin cufee, waantuma hundaayyuu, jaalala Amiinaatiif... jaalala

Amiinaatiin ni dandaa'a ture.

Moorichatti madaqamee, barumsis jalqabamee, wal-barteefi walii-galteen ho'ee, jaalalaaf wal hawwachuun itti fufee, ijoollotni dormiisaa yommuu maamila 'beg-tera'-a ta'aan – mi'aa umurii dargaggummaasaanii irraa arraabbatan, Kennaan garuu taajjabduu ture. 'Molokse'-en Waaqaaf bulee 'Gedaamii' seene akkuma addunyaa kanarraa qoodamu, innis jaalala Amiinaatiin moloksoomee – isheef bulee, qoodamee ture. Sagaleeshee bilbila keessaan dhaga'uufi xalayaa ji'atti al tokko isheerraa qaqqabuunitti obsaa... al tokko-tokkos, barattoota cimdii-cimdii ta'anii aspaaltii moorichaarra daangulan argee, yaadni Amiinaa gaafa itti hammaatuufi qoruun,

"Jaalala dhugaa mi'ooftuu,
Kan wajjiin habbuuqqanne
Egaa akkaman ta'a ya Caaltu?
Fageenyatu na dhowwe," kan jedhu sirba Abbitawuu, bakka "Caaltuu" jedhu, "Amiinaa" jedhee bakka buusee weeddisaa, kaayyoof jecha dhibee jaalala alaalaa isa

quunnamu akka ta'e-ta'ee ni ba'aata ture. Semisteerri jalqabaa inni rakkisaan sun yeroo siquttis dheebuun jaalala Amiinaas waliin siqataa, jabina ta'aaf ture.

Doormiisaa keessatti, waa'een kamiiyyuu hamma haasa'aamu, hangas utuu waa'ee Amiinaa waggaa guutuu haasa'aa oolee-bulee, tarii kanneen isa dhaggeeffatantu nuffaanillee maalee Kennaaf gammachuusaati. Battala waa'ee jaalalasaanii haasa'etti miirri gaariin tokko guutummaa jireenyasaa keessa faca'ee, waan umurii ida'uuf isatti fakkaata. Dhiiras ta'u dhalaa, kanneen wal baru mara biratti walii galteen isaa jalqabaa waa'ee seenaa jaalalaa'saafi kan Amiinaati. Carraa argate maratti, waa'ee gaarummaafi oolmaa Amiinaa odeessee, waadaa jaalala'saanii, guyyaa-guyyaatti haaromsa.

Guyyaa xalayaan Amiinaarraa itti isa ga'e, akka waan qaamaan argateeniitti haasofsiisaa... miirasheen keessa teessee xalayicha barreessite hubachuufii yaalaa dubbisa. Tokkoo-tokkoon jechoota xalayichaas isaaf

hedduudha – hanga barreeffamni ibse gararraatti hubata. Turtii yaadaa ishee waliin godhe xumuree yommuu gara addunyaa qabatamaatti deebi'u ni mufata; durattuu nama cinasaa hin turin of biraa dhabee dal'ana – qophummaatu itti dhaga'aama.

Semisteerri lammaffaan dhumee boqonnaan gannaa gaafa ga'u miirri barattoota hedduutti dhaga'aamu: miira waa'ee gara waggaa barnootaa itti aanuutti darbuu, yookaan miira maatiifi hiriyyoota qe'eesaanii waliin wal arguu, yookaanimmoo muddamni barumsaa 'las' jechuusaa ture. Kennaatiif garuu Amiinaan olitti homaa hiika biraa hin qabu ture. Kanaaf lakkoofsa barumsi waggaa xumuramee boqonnaan Gannaa ga'etti, Gimbii dhaquun Qananii bira buufatee, yeroo boqonnaasaa Amiinaa waliin achitti dabarsa. Fageenyi kan gargar baase eenyummaasaa faana deebi'ee wal arga. Kennaan eenyuu? Amiinaanihoo maalii? Lachanuu uumama wal malee hir'uu ta'aniidha. Gaafa wal argatan garuu guutuu ta'u.

Yeroon turtii boqonnaa Gannaa, ji'a lama utuu hin taane sa'a lama isaan duraa ta'a. Gama tokkoon waliin bashannanu, wal gorfatu – marii'atu... qophummaa boriitiif galaa jaalalaa gudunfatu. Gama biraatiin akka walirra jiranitti wal qayyabachiisu. Kennaan, barumsashee kutaa darbe keessaa ijoo- ijoo kan ta'e funaanee Amiinaa qayyabachiisa. Waggaa guutuu muddama barumsaa keessa turuusaatiin hammam kitaabaafi dabtara waliin wal nuffullee, isheen firii gaariirra ga'uun faayyasaa waan ta'eef, dabaleesimmoo inni ishee faana taanaan, miti kan cinashee taa'ee qayyabachiisuu, dhagaa cabsuuniyyuu isa hin dadhabsu – hin nuffisiisu. Dhi'eellee yommuu gargar ba'an, bari'ee waan wal argan hin se'an.

Yeroon turtii boqonnaa Gannaa – baatiin lamaan dhumee kaampaasiitti deebiin Kennaa gaafa ga'u, guyyoota waliin dabarsan hundumaa caalchisanii eebbisaa, imimmaaniin fuula dhiqatanii wal geggeessaa, Ganna dhuftu deebi'anii waan wal arganiifis isatti obsaa, deebi'anii gargar ba'u.

Jaalallisaanii haala kanaan... amanamummaan akka miidhagee mul'atetti umurii waggaa sadiifi ji'a ja'aa lakkoofsisee guyyaa har'aarra ga'eera.

Daandii aspaaltii Gimbiitii Naqamtee geessurra wal haammatanii, tapha jaalalaasaanii mi'ooftuu sana irraa gashaa, ofiisaanii, addunyaa kanarratti akka tokkicha carroomootti of lakka'aa mooraa bashannanichaa seenan. Godoowwan laastikaa bal'eensa moorichaa keessatti mul'atan keessaa godoo qoomnii jiru tokko moggaarratti arganii, garasumatti qajeelan.

Inni tokko harka isa biraan laaqanasaanii erga nyaatanii booda dhugaatii lallaafaa qabatanii, taphasaanii itti fufan. Afeeraan har'aa Kennaadha – bor imaltuu waan ta'eef.

"Maaloo isaan sana ilaali... namatti hin tolanii?" Amiinaan jechuun, jaalalleewwan lamaan harka wal qabatanii fuul-durasaanii darbuutti jiran Kennaatti agarsiiste. Inni dhiiraa uccuu guutuu uffateera – suufii halluu biyyee; isheen dhaltuunimmoo

dirbadirii.

"Hedduu namatti tolu! Ijarraa hafaa jedheeraan."

"Guyyaa eebba keetii uccuu suufii guutuu an siif bitu uffata. Keessumaa ati hojjaa waan qabduuf suufiin hedduu sirraa miidhaga."

"Gaafas atimmoo akkashee kanaa dirbadirii uffata yoo ta'ehoo?"

Wal gargaaranii kolfan!

"Anillee dirbadirii uffachuu hin fedhu. Garuu guyyaa sana nan uffadha. 'Tu...! Amiinaan maal jette?' jedhi yoon eebba keerratti hin argamin...! Wallaah nan dhufa," jechaa bar'uu harkasaa keessa yommuu rukuttu, Kennaan bubbee hawwiitiin balali'aa guyyaa eebbasaatti, suufii guutuu isheen bitteef irratti gaa'onii gurraacha uffatee, isheenimmoo dirbadirii uffattee cinasaa dhaabattee yommuu gammachuusaa dachaa taasistu qaroo yaadaan do'ataa burraaqe. Sana keessatti garuu waanti garaa nyaatuun tokko jira; innis waa'ee haadhasaati.

Sadarkaa amma irra ga'erra dhaabatee, bu'aa-ba'ii

daandii jireenyaa kutee dhufe yommuu garagalee of duuba mil'atu, hundumaa gararraatti, halkan itti haadhasaa hirribaa dammaqsee waa sadiirratti marii'achiiseen sana yaadata: kadhaa dhiisuu... dalaguu... baratee nama ta'uu. Sadan keessaa lama yommuusuma dhugoomfate. Kan sadaffaasimmoo ji'oota muraasa booda akka dhugoomuuf abdii qaba.

Jechi haadhasaa halkan gaafasii, akka waan kaleessa-dheengadda dhaga'eetti har'allee ba'eessa godhee itti yaadatama; "Namni barate kufee hin kufu; atis carraasaa argattee utuu barattee guyyaa tokko nama guddaa akka taatu nan beeka." "Haadha ko, kunoo ilmi kee fiixee nama guddummaarra ga'eera. Akkuma ati jette abdiinsaa hurrii ta'ee hin hafne!"

Kennaan utuu itti hin yaadin qalbii yaadaa keessa dubbate. Ijawwan isaa lachan imimmaan kuusaniiru. Miirri adda ta'e tokko akka keessa Kennaa nyaate Amiinaaf galeera. Miirasaa kana dhokfachuu waan danda'us hin fakkaatu.

"Hunda caalaatti fedhiin koo, guyyaa eebba kiyyarratti

argamuu haadha koo ture. Garuu fedha Waaqaa hin taane." Imimmaan maddiiwwan isaa irra gadi lola'a. Amiinaanimmoo imimmaan agartee imimmaan qabachuu hin dandeessu. Kan ishee dhiistee, gogaa harkashee isa lallafaa sanaan haqxeef. Harka Amiinaa maddiiwwan isaarraa imimmaan haquufiitti jiran Kennaan harkasaa lachuun qabee gadi buusee, lapheetti maxxanfatee qabatee, ija mararteen ijashee keessa ilaalaa, "Rabbiin galanni haaga'uutii harka ofii cabseen deebisee na dhidhiibeera; bakka buutuu haadhaa - siin, haadha naa kenneera. Haadha ko, baranas akka waggoottan sadan darbanii jabaadhee qayyabannaan, madaaliyaan warqee baranaa kiyya taati. Iccitiin milkoomina kootiimmoo sidha. Kanaaf madaaliyichi – inni kan kee ta'a. Mormattii of baaseen mormatti siif dira."

"Keenya jechuu keetii? Mormatti diranna hin jettuu?"

"Uf atimmoo! Haasaa koo keessa huuba barbaaduu kee kana dhiisi jennaanis inuma didde mitii?" Boo'icha hirraanfatanii fottotaafi kolfa jalqaban. "Kanaaf adabamuu hin qabduu?"

"Innillee eessatti oola... kunoo, na adabi."

"Hidhii koo gubbaa qecelootti al shan na dhungatta."

"Shan ni baay'ata kaa; kudhan hin ga'uu?"

"Ol iyyannoon kee siif dhaga'aameera. Egaan digdama siif haata'u."

Isaaniif Afaanni jaalalaa dhunguu qofa. Kan biraa- kan biraa, guyyaa gaa'ilasaaniif qusataniiru.

Kennaan adabbii isarratti murtaa'e fudhateera. Amma Amiinaan haammatasaa keessa jirti. Adabbichis raawwatamuutti jira.

"Giiftii ko!"

"Oo! Maal jettee gooftaa ko?"

"Namatti hin toluu?"

"Kamtuu mootii ko?"

"Wal fuunee, haftee bara jireenya keenyaa, akka wal haammannee jirru kanatti godoo tokko keessa waliin jiraachuuf waggaa tokko qofatu nuuf hafeem."

"Yaa Allaa koo...! Waggaan tokko maal qaba utuu guyyaa tokko ta'ee!?" Amiinaan akkuma jetteen, gidduutti miirrishee tasa harkatti jeeqamnaan,

haammata Kennaa keessa akka taatee jirtutti hirqitee boo'uu jalqabde.

"Maal na duraa taate haadha ko? Maaliif boossa?"

"An hin beeku. Borirraan amantaa dhabe. Akkanumaan callisee na sodaachisa. Deebinees waan wal arginu anatti fakkaachuu dide."

Kennaan harkasaa gatiittiishee irraa fudhatee, boquu buusee taa'e. Amiinaatu dursee dubbateef malee isattis miiruma kanatu dhaga'aama ture. Yeroo muraasa booda yomuuu ol jedhu fuullisaa dafqa tiifeera. Akka nama raata'eettis hubataan Amiinaa of cinatti ilaale... achiis dibbate; "Si qofa miti; kaleessarraa eegalee anattis miiruma kan keetiin wal fakkaatutu dhaga'amaa jira. Uf...!"

"Maaliif ta'inna laata?"

"Anoo hin beeku. Garuu waan tokko qofa nan beeka."

"Maal?"

"Akkan si jaalladhetti si jaallataa kanan du'u ta'uu koo."

"Kennaa ko, utuun lubbuun jiruu siin dhabuu hin barbaadu. Haalli akka sin jijjiirre, amantiin akka nu hin qoodnes nan beeka. Hin dagatinimmoo, ..." ka jalqabde utuu hin xumurin gidduutti waayaadatte. "Hoodhu!"

Bilbil-sochiishee keessaa siim kaardii baafattee mandheesaa Kennaatti hiixatte.

"Maaliif? Atoo?"

"Kan biraan tokko mana jira; an isan qabadha."

Tole jedhee fudhate – galateeffates.

"Akka kanaan duraa miti; yeruma siif mijatu ilaalii naa hirqinfachiisi; anis deebiseen siif bilbilaatii. Guyyuu utuun sagalee kee hin dhaga'in hin rafu beeki ilaa."

"Tole haadha ko-tole. Sagaleen kee anaafis soorata lubbuu, amilee jiruu, galaa imala koo akka ta'e atiyyuu ni beekta; Ofii koo harkaa of dhabeen si harkatti of argeem!"

"Kanammoo nooliifi waantota si barbaachisan tokko-tokko guuttadhu – qarshii dhibba shan qofadha."

"Hin baay'annee haadha ko?"

Ilaa... nuti dhalli namaa harki caalaan keenya, ilaalchi

nuti waa'ee jaalalaarratti qabnu addaa- adda; Amiinaafi Kennaatiif garuu jaalalli tokkicha – innis jaalala. Dhugumattiyyuu gareen jaalalaa adda- addaa jiraachuu malu. Garee jechuun ammoo sadarkaa jechuu miti. Warri Giriikii, "Filiiphii, Agaaphee..." jechuun qoodu. Kun sadarkaa utuu hin taane gareedha. Amiinaafi Kennaatiif jaalalti jaalala. Jaalala dhugaa, jaalala sobaa inni jedhu hin jiru; hin jiraatus. Jaalala sobaa erga jedhamee inni jaalala utuu hin taane waan biraati. Isaaniif yeroo mara jaalalti dhugaadha.

Jaalalti ni dhuma yeroo jedhamus ni dhaga'aama. Akka amantaa Kennaafi Amiinaatti garuu jaalalti dhuma hin qabu. Kan dhumu yoo ta'e garuu durattiyyuu bakkasaa hin turre jechuudha. Isaaniif jaalala jechuun, wareegamni dhumaa kan itti kaffalamu, ofii-ofiirra jaallachuun kan itti eenyummaa ofii qaama jaallataniif dabarsanii kennaniidha. Amantaasaanii kana dalagaan mirkaneessaniiru – mirkaneessuufis jiru.

***

-5-

Gammachuun konkolaachisaa Waajjira Qaxxaa- mura Diimaa Godina Wallagga Lixaa yommuu ta'u, torban lama dura hogganaasaa wal-ga'iif deemu fuudhee isa Finfinnee dhaqe har'a Gimbiitti deebi'e. Ga'ee manattillee utuu hin gorin, konkolaataa mooraa waajjiraa seensisee akkuma dhaabeen kaadhimaasaa yaade arguuf bakka hojii shee – gara hospitaalaatti gadi bu'e.

Akka fiigaa dhaqetti garuu hin arganneen. Hangam akka yaadeen himaafii yaadashee ba'aachuuf dhungataa dubbisnaan itti qabbanoofte; haammatee ofitti qabuuf jennaanis harkasaa harkasheen qabdee of irraa buuste. Yerichi yeroo dalagaarraa itti ba'iinsashee waan tureef, gara magaalaatti fuudhee ol ba'ee sha'ee-buna jechaa waan taate gaafachuunii yaade.

Gammachuun, amala keessummaa gidduu kana kaadhimaasaa irratti argaa jiruun jeeqameera. Finfinnee utuu jiruu yeroo baay'ee bilbilee argachuunii yommuu yaaletti, bilbil-sochiin ishee cufaadha jedha; al tokko-tokkommoo ni waamaa – hin kaastu. Sila akkuma wal arganiin nagaatti aansee isuma kana ilaalchisee komeesaa himannaan, "'Net Work'-iin Gimbii rakkisaa ta'uu atiyyuu utuu beektuu..." jechuun dursitee, ofirra dabarsa, 'Net Work'-ii Gimbii isa jiraachuu dhiisuurra hin jirre sanatti qabachuu yaalte. Gammachuunis afaanii ishee fuudhee, "Isa nan beeka – tole; garuu, gaafa waamuhoo maaf hin kaasne? Yookaanimmoo deebistee hin bilbille?" Jechuunii yaadee ture – garuu itti dhiise.

Akka har'aa hin ta'in malee duratti, guyyuma tokkoofillee Aanaarra fiildii ba'e taanaan al kudhan bilbilti turte:

Ganama: "Ciree kee nyaatteettaa? Maal nyaatte?"

Guyyaa: "Yeroon laaqanaa ga'eera. Qecelootti naa

nyaadhu gooftaa ko - tolee?"

Galgala: "Hirbaata nyaattee? Dadhabdee jirta mitii? Naa rafi ya gooftaa koo."

Daandiirran jira jedhe taanaanimmoo, "Suuta ajjetan suuta qoreen nama waraanti. Adaraa kee suuta konkolaachisi gooftaa ko..."

Maal kana qofa, waa hedduu... hedduu jettiin turte. Imalasaa alanaarratti garuu sana mara itti hir'isteetti. Yoo galus akkashee durattii, akka xalacoo haatni galteefii, gammachuun obdii keessa hin ferexne.

"Maaliif?" Jedhaan keessisaa. Inni garuu dabarsee, "Dhugumattiyyuu maaliif?" Jedhee ishee gaafachuurraa of qusateera. Hangas, gama qajeelaa- qajeelaarra yaaduu caalchifateera. Dhukkuba onnee akka qabdu ni beeka. Tarii isatu itti ka'ee amala dhowwaanii jiraa laata jedhee yaade. "Lubbuu ko, si dhukkubee? Deebinee si wal'aansisuu?" Jechuun gaafate. Lubbuu jedhee isatu moggaaseef malee maqaan dhalootaa warrishee baasaniif Jiituudha. Duratti, "Lubbuu ko," jedhee yeroo waamuun lapheen ishee akka gagaa

baqee harkaa dhangala'uu ga'a ture. Har'a garuu kan jeequun ta'e; kan hin dhukkubiniin ta'uu himteef. Yeroo kana dallaa hospitaalaa keessaa ba'anii aspaaltiitti bu'aa jiru.

"Lubbuun har'a maal dhibamte? Tarii manaa nagaa mitii laata?" Jedhee yaaduutti deebi'e. Kanas waa malee hin yaadne. Angafa darbee-darbee mataan dhukkubu tokko qabdi – Margaa jedhama; loltuu Dargii ture. Dirree lolaarratti faca'aa dhuka'aa sammuu seenee hin ba'iniif hafetu taa'ee-taa'ee sammuu keessaa nyaataan. Yeroo ammaa kana, Baankii Gamtaa Oromiyaa Damee Gimbiitti waardiyyummaan qacaramee dalaguutti jira. Al tokko-tokko yommuu aaru dhukkubni sammuusaa itti ka'a malee yeroo kaan, nagaan aajaasaa oollatee nagaan manatti gala. Rakkoosaa kana kan beekaniif maatiifi hidhatni hojii'saa, gochaa 'ni aarsaan,' yookaan 'ni mufachiisaan' jedhanii yaadan irraa of eeggatuuf.

"Maatiin kee cufti nagumaa? Margaanis," ni gaafateen. Mataashee oliifi gadi raasuun martinuu nagaa

ta'uu'saanii himteef.

Kanneen gaafate lamaaniitiin ala Jiituu jeequunii mala kan jedhu, yoo jiraate jedhee yaadus bira hin geenye. Tarii utuu anatti hin beekamin mufachiiseeraan yoo ta'e shakkii jedhuun of sakatta'us badiisaa of irratti arguu hin dandeenye. Dhumarratti fala biraa yommuu dhabetti, badiisaa malee abbaa badii of godhee dhi'aatee dhiifama gaafachuuniif of qopheesse; "Lubbuu ko, silaa waa'een koo hin beekamu. Utuun hin beekin si mufachiiseeran ta'a..." Jiituun gidduutti kutte... isaanis jette; "Dhiis Gammachu akkanumaan of hin yakkin; ati anaaf nama gaariidha," jettee, har'allee, gaarummaa Gammachuu isa dhoksitus hin dhokanne sanaatiif sagalee ragummaa kennuu jaallatte.

Haqumashee ture. Gammachuun nama gaariidha – keessattuu Jiituuf. Darbaa jaallataan. Sababa jaallatuuniifis, jireenyashee keessatti hirraanfatamuu kan hin dandeenye oolmaa hedduu ooleeraaf. Isaan keessaa akka fakkeenyaatti tokko... Yeroo sana, waggaa shaniin dura yeroo wal baranitti, Jiituun

qormaata kutaa kudhanii fudhattee qabxii qophaa'insa itti fufsiisu waan hin argatiniif manatti ol deebitee taa'uutti jirti turte. Amma garuu gargaarsa Gammachuutiin, waggaa sadiif Naqamtee teessee Kolleejjii dhuunfaarraa ogummaa Nersiitiin Leenjifamtee eebbifamteetti. Oliifi gadi fiigee, Hospitaala Adiventistii Gimbiitti akka qacaramtu kan godhes isuma...

Jiituun kanan ta'e jettee hin dubbattu; Gammachuunimmoo, Jiituun mufattee utuu arguu callisuu hin danda'u; kanaaf xaxxarfiisaa ittuma fufeera. Duratti, al tokko-tokko isaan ursamuu gaafa dharraatu, beekaa nama dal'ane fakkaattee itti of ni mul'isti turte. Ta'us akka har'aa kana hanganni obsa fixatutti hin eegdu.

"Egaan yoos miirri ati waa'ee kiyyaatiif qabaataa turte sun, har'a maaliif qabbanaa'eree? Duratti argaa ijaafillee nanamantu turte. Har'a garuu torban lamaaf sirraa adda ba'ee yommuun deebi'u naman hin beekneen tokko taatee na eegde. Uf... mana seenee

fuula kiyyallee utuun hin dhiqatini kanan fiigaa gara kee dhufe..."

"Jiijjii..."

Jiituun duubasaaniitiin waamamaa jiraachuushee dhageessee of duuba mil'atte. Jiijjii jedhamtee kan waamamuutti jirtu Jiituudha hin seeneef callise malee kan dursee dhaga'e Gammachuu ture. Innis haasaasaa addaan kutee ija Jiituu hordofuun yommuu of duuba mil'atetti, hintala gabbattuu- furdoo tokkorra ijni isa bu'e; daandittii qal'oo dugda-duuba Teeleetii fidurra dhuftee aspaaltiitti bu'aa jirti. Sagaleen dhaga'aanis kanuma hintala kanaa ta'uu tilmaame; tilmaamnisaas sirrii ture.

Hintaltittiin isa dhuftee aspaaltiitti buutee eegalee, isaan qaqqabuuf deemsa fiigicharra hin jirretti jirti. "Si baantii? Eegnuunii?" jedhe Gammachuun, gara Jiituutti garagalee. Yaadni Jiituus isuma kana waan tureef eeguuniitti walii galuushee haalaan mirkaneessiteef. Yeroo kana Gammachuun, miira naasuu tokko fuula Jiituu'rraa dubbisuu danda'e. Sababni naasuushee

garuu isaaf hibboo ture.

Gammachuun hintala kana ij-argaa malee maqaan hin beeku; kashlabboonni magaalaa Gimbii, "Abdaarii Gimbii," jedhanii utuu waamaniinii garuu yeroo hedduu dhaga'eera. Abdaarii Gimbiitti fakkeessaniinii maaliif akka maqaa kana baasaniifimmoo warruma maqicha baaseefitu beekaka!

Gammachuun hintala kana hin jaallatuun ture. Waan isa miite qabaattee utuu hin taane akkasumaan lafaa ka'ee ayyaanasaatu ishee jibba. Jibbiinsi duuchaattii akka kanaa, darbee-darbee amala dhala namaa keessatti ni mul'ata. Nama alaalatti jibbaa turanisimmoo guyyaa tokko mudannoo ta'een wal baranii, itti siqanii ilaalanii, ka jaallatamuun maluuf ture ta'uu gaafa hubatanis jibbiinsa duuchaa kaleessaatti deebi'anii ofitti gaabbuunis jira. Gammachuun isa kana dursee waan qalbifate fakkaata; dhuftee hanga isaan qaqqabdutti guutummaa qalbiisaa gara hintaltittiitti deebisatee dhaabatee, haalaan hubatee ilaaluunii jalqabe... jibba duuchaa kaleessaan

gaabbuuf, yookaanimmoo ittuu caalchisee jibbuuniif.

Abdaariin Gimbii 'Miinii' uffatteetti. Miilla tokko kaastee gaafa fuul-duratti tarkaanfattu kutaa qaamashee maqaa dha'uun safuu, hanga kara-adeemaan ijaan arguu ga'utti sarbaan gara olii qul'aatti hafa. Qomeesheen uffatte kan daa'imaa ta'uu hin oolu: ruurriin ala jira; hirreefi lapheenis akkasuma ...handhuurris boolla'ee! Mo'oon mo'oo saree, mudhiin mudhii harree, sarbaan dibicha gabbaraa ka qotee hin argin!

Boorsaasheen bobaa jalatti rarraafatte, gatiittiirraa fannisni mucucaatee akka hin buuneef harka tokkoon qabdeetti. Harka biraanimmoo fiixee qomechaa qabdee sagal ruurriitti gadi harkisti – feetee daarsitee amalaaf itti uwwisti.

Harmashee jigaa harma qabduun utubdee dhaabdee gontutoomsuuf jennaan guntutoomuu dide sana ba'aan isaa itti ulfaatee, gaafa adeemtu fuul-duratti akka gugguufuu taatee nama argeef, fardeen Shawaa warra xirqananii gaarii gototuutti jiran fakkaatti. Rifeensa nam-uumee isheen footee-footee dugdarratti

baattummoo eegee fardeen sanaatti fakkeeffama.

Nyaara qal'istee haadde cilee dibdeetti – nyaar-aaddattee!

Qalama hidhii diimaa isheen hidhiitti booxxatte, saree sorobduu laga qalii buutee dhiiga dhugaa ooltee galtu fakkeesseeraan; yookaanimmoo... haadhoo leencaa waa 'cam' gootee kaatee bishaan irratti dhuguuf laga bu'aa jirtu.

Qalama qeensaa gurraacha'sheen qeensawwan quboottan harkashee lachanitti dibatte, xibiruu bifashee waliin wal simee, mootittii dukkanaa fakkeesseeraan.

Gammachuun dhaabatee kana mara ilaalee taajjabaa erga turee booda qalbii yaadaan seeqe. Keessasaattis akkana jedhee guungume: "'Maqaan abbaa fakkaata' inni jedhan sirruma. Abdaarii Gimbii jedhee warri sii moggaase ba'eessa silaalaniiru.

Dhugumattiyyuu Abdaarii Gimbii! Inni maqaa dhabe Gimbii haadhufu!"

"Jii...jjii...yyee," jette geessee, utuu ba'aa hin baatin... afuuraa ciccitaa. Ni arganti; gootichi maraatoonii Abbabaa Biqilaanillee akkanatti hin arganu. Akka andaanqoo haadhoo sagal gogaa kaakkisaa, hidhiishee isa taa'aa jaldeessaa fakkaatu sanaan maddii bitaa mirgaa keessa gaggaragalchitee Jiituu dhunguun sallaq goote... hidhiillee utuu hin hambisin.

Gammachuun afaan qabatee dhaabatee ija taajjabbiin ilaala. Isheen garuu jiraachuusaayyuu yaadaan waan qabde miti. Boorsicha of irraa buustee bantee, qodaa qalama hidhii keessa barbaadaa, "Har'a 'dabbaramtee' jirta, maaliif Jiijji? Gurbichi galeetimoo?" Gaafa jettu; lapheen Jiituu naasuun "Wakak" jedhe. Dabaltees hamaa akkasheen hin dubbanne sodaa, "Liilli wal baraa," jetteen, harkaan gara Gammachuu agarsiisaa.

"'Sorry!' Liillii," jechaa Gammachuutti harka qabde.

"Gammachuu," jechaa harka qabe. Maqaan dhalootaashee Lalisee ta'us Liillii jedhamtee waamamuutu itti tola – kanaaf Liillii jettee namaan wal bartl. Urgooftuun isheerraa qirimbisu urgaan isaa

keessa ba'ee mataa nama dhukkubsa.

Laliseen waggoottan shanan darbaniif biyya Arabaa turtee, ji'a ja'a dura kan isheen gara biyyaatti deebite. Obboleessa angafaa tokko Ameerikaatii qabdi – waggoottan kudha-afur caalaaf achi kan jiraate. Gara biyyaatti akka deebitus isatu taasise – yeroo gabaabaa gidduutti adeemsa barbaachisu mara xumuree gara ofii jirutti fudhachuuf waadaa seeneefii. Akkuma jedhe, waadaa seeneef eegee adeemsa eegaleeraaf. Kanaafis Laliseen Imbaasii Ameerikaa Finfinnee jirutti deddeebitee dhimmashee hordofachuutti jirti. Ta'us biyya Arabaatii yeroo deebitu, ji'oota ja'aaf biyya keessa turuun mala jettee waan hin tilmaaminiif obboleessatti mufattee xiqqoo gadduun ishee hin oolle. Haata'u malee inniyyuu torban tokko booda sirna gaa'ilasaa raawwatachuu waan dhufuuf, haadha manaa fuudhe qabatee yeroo Imbaasii seenu, achumaan kan ishees xumureefii waliin akka deeman dabalee waadaa inni seeneefiitiin jajjabaatteetti.

"'By the way', Jiituu baasaa kan ture sidhaa?" Jettee gaafatte – Laliseen Gammachuu, hidhii gara-rraafi gar-jalaa walitti qabdee keessatti ol sassaabdee walitti sukkuumtee, qalama hidhii dabaltee dibatte irra waliin ga'ataa.

Waa'ee jaalalasaaniitiif nam-sadaffaa kan taate Laliseen tasa dhuftee gidduusaanii seenuun, jaalala inni wareegama hanga sana ga'u itti kaffale fuutee salphistee akka meeshaa rakasaa tokkootti, "... baasaa..." jettee jecha rakasaan yoo waamtu, Gammachuu aariitu morma hudhee qabee arrabas takaale. Waa'een jaalalasaanii akka waan seenaa ta'ee darbeetti, "...ture..." jechuun isheemmoo, aariisaa kana gara bita galchamuutti jijjiire; ta'us hamaan afaanii isa hin baane... hangas mataan ishee nagaa ta'uu shakkee Laliseef akka gadduu!

Laliseen haala tuffii mul'isuun hidhiishee gar-jalaa gadi rorroqsitee, "Ii... 'wookii' gochaa jirtuu?" Erga jettee booda itti fuftee, gara Gammachuu ilaalaa, "Dhiifama

al tokko ishee haasofsiisuu?" Jettee, isa gaafatteef eyyama utuu irraatii hin eegin Jiituu harka qabdee qophaatti baafattee, waan ta'e tokkos jettiin. Waantichi Jiituuf liqimsamuu didnaan ka harkatti didaa jirtu fakkaatti. Kana gidduutti Gammachuun ga'ee, "Nagumaanii?" jedhee lachanuu gaafate.

Jiituu naasuun jalqabaa daran itti hammaatee, tiifuun dafqaa addashee irra jiru fixeensa ganamaa hin buufatin jiru fakkaata. Amilee ittiin Gammachuuf deebii laattu waan qabdu miti – boquu cabsattee, mataa buustee callistee lafa-lafa ilaalti. Laliseen immoo kanaan faallaa ija ashaboon dhiqattee, dabaltee maqaa gaafatte.

"Dhiifama, eenyu turee maqaan kee?"

"Eenyu? Animoo?" Kolfa miira aariifi raajjiin makate kolfaa;

"Gammachuu siin jedheen tureem!"

"Dhiifama, maqaa namaa qabachuun waan na rakkisuufidha." Xiqqoo akka yaaduu taatee, itti fufte;

"Maal sitti fakkaata Gammachu, dhimma kanarratti

sadii taanee yoo haasofne?"

"Dhimma kam?"

"Walitti dhufeenya keessan ilaalchisee?"

"Kan ati jechuutti jirtu kun naaf galuu hin dandeenye!"

"Jechi, sadii taanee yoo haasofne wayya jedheeni," erga jetteen booda ijashee Gammachuurraa kaastee gara Jiituu ilaalaa, "Sitti hin fakkaatuu miidhagduu ko?" Jetteen.

Jiituun argaa amilee ganameen akkumasaatti ol jettee Gammachuu ija-ija keessa ilaalaa, "Maal wayya?" Jettee, faarasaa bade yommuu agartetti deebistee boquu cabsatte. Fuula Gammachuurraa miira wal make lamatu mul'ata: miira naasuufi raajamuu. Itti aansee maal akka dhufu beekuu hin danda'u; isa beekuu fedha.

"Anillee... lamatti malee dhimma nama sadiitti haasa'aamu hin qabu. Isinimmoo jira yoo jettan maal rakkoo qabaree? Ni danda'aama!"

Sa'a 6:20

Ifni guyyaa dukkana galgalaatiif bakka lakkisuurratti argama. Gammachuunfaa ol dhufanii mana adabaa (sirreessaa amalaa) durii bira ga'aaniiru. Gammachuun ol jedhee gara Baariifi Restoraantii Cheeruu gara mirgaatti mil'atee, qarmammeettiin Baariifi Restoraantichaa namoota bashannanaaf ba'aniitiin guutee arge. Dhimmi irratti akka haasa'aamu barbaachise kunimmoo dhimma bakka qoomnii barbaadu akka ta'e dursee kan tilmaame ta'us dhaga'uuf sardamuurraan kan ka'e fudhateenii achuma dhaqe.

Galmi soorataa Baariifi Restoraantii Cheeruu, akkuma qarmammeettiisaa maamiltootaan 'xiq' jedhee guuteera. Ta'us bakki taa'umsaa nama sadiif ta'u isaaniif hin dhibne.

"Maal ajajamu?" – keessumsiistuu.

"Waanta ho'aa qabduu laata?" – Gammachuu.

"Eeyyeen jira." – Keessumsiistuu.

"Anaaf buna furdaa ashaboon, akka cuunfametti." – Gammachuu.

"Wayinii qabdu mitii?" – Lalisee.

"Gudarii tokkoofi kokaa tokko utuu naa fiddee." – Lalisee.

"Gudarii xiqqaa moo guddaa?" – Keessumsiistuu. "li... isa xiqqaa; guddaas yoo ta'e rakkoo hin qabu."

– Lalisee; "Anis filannoon koo akkuma Yesuus wayiniidha. Yesuus gogaasaa dhuguu jaallata; an garuu kokaan make malee naanta'u." – Laliseen kolfaa.

"Siifihoo?" – keessumsiistuu.

"An homaayyuu – galatoomi!" – Jiituu.

"Maalif? Waan ta'e ajajadhu malee," – Lalisee. "Sha'een ajajadha ture; isammoo dhi'eenyattan dhuge." – Jiituu.

"Lallaafaan siif haadhufukaa?" – Gammachuu. "Lakki anatti haahafu innis." – Jiituu.

"Silaafiyyuu dhiis, wayinii na gargaartaa." – Laliseen Jiituutiin.

"Obboleetti gudaricha guddaa taasis, burcuqqoo lama faana." – Laliseen keessumsiistuutiin.

"Aboo hin qoosin!" – Jiituun Laliseetiin;

"Dhiis ati obboleetti, isheen qoosa jaallattii." – Jiituun

keessumsiistuutiin.

Keessumsiistuttiin ajaja fudhattee yoo deemtu, Gammachuunimmoo gara dhimmichaatti kallattiin seenuun, "Ka naa himuu yaaddan amma eegaluu ni dandeessu," jedhee waltajjicha Jiituufi Laliseetti dabarse.

Keessumsiistuttiin ka ajajamte qabattee deebitee, akka-akka ajajatanitti dura-durasaanii xarappeezzaa laastikaa, adii, geengoo, gidduu'saanii jirurra keesse; deebitees sokkite. Gammachuuf buna ashaboon; gudarii guddaa, kokaa diilalla'aafi burcuqqoo – Laliseef. Jiituuf homaayyuu!

Laliseen, wayiniifi kokaa waliin maktee buufatterraa habbuuqqattee, dhandhamattee mi'eeffataa, "Bareedaadha" jettee, burcuqqoo deebistee xarappeezzicharra erga keesseen booda of cinatti Jiituu ilaalaa, "Jiijji hin himneef moo ati?" Jetteen.

"Kamiin?" – jette Jiituun gaaffii gaaffiin.

Gammachuun bunasaarraa qecelootti foroce.

"Haala irra jirtuudha kaa!"

Jiituun cal!

"Hanga yoomiitti dhuksuunlif ati!? Himiif malee!" Jette Laliseen ija dheekkamsaatiin Jiituu ilaalaa. Akkaataan dubbannaashees ajaja wa'ii kan of keessaa qabuudha. Ijni Gammachuus Jiituurra jira. Kan jettu dhaga'uuf gurra dhaabee... bunicha 'guruc!'

Sila Laliseen erga dhuftee eegalee Jiituun ija Gammachuu baachuu danda'aa hin jirtu; waadaa jaalalaa seenteef qabdi. Waadicha seente hanga eegdee jiraattetti boquun lafa ishee hin ilaalle. Har'a garuu boquu cabsattee mataa buusteetti; of sakattaatee bakkaa of dhabdeetti; of ilaaltee lafa ilaalteetti; lafa ilaaltees 'cal' jetteetti. Ammaan boodatti garuu 'cal' jechuun hin baasu – callisuun furmaata hin ta'u; kutatee miilli erga deemsa yaadee... garaa jabaachuu isheef wayya; "'Kan gabaan odeessu gowwaan galee niitiisaa dhokse' jedhan mitii? Akkuma Laliseen jette dhugumattiyyuu hanga yoomiitti

dhoksuuf an? Har'a dhoksus bor alaa dhaga'uun isaa kan hin hafneedha. Nama biraarraa hanga dhaga'ummoo anumti yoon himeef wayya," Jiituun jettee yaaddee, "Gammachu," jechuun maqaan waamtee jalqabdee, itti fuftee dubbachuuf humni gane – deebistee boquu cabsatte. Kana keessa teessee Jiituun waa'ee kadhata Samsonii ka duratti dhageessee gurraa qabdu yaadatte. Akka Samsonis, "... yeroo dhumaatiif... al tokko qofa..." jettee keessasheetti humna kadhatte – humna ittiin utubaa raastee dinoota kaleessa ija keessaa baasan ijaa ba'aattu utuu hin ta'iin humna ittiin arraba kaleessa waadaa seenteen waadaa cabsuushee himtu. Ni kadhatte. Waaqni bara sana kadhata Samsoniitti deebii kennes kadhatashee dhaga'ee hin callisne; humnarratti humna, ija jabinarratti ija jabina ida'eef.

"Gammachu, kanan heerumuuf jedhu ta'uu siif himee hin turree?"

Gammachuu garaan 'wakak' jedhe. Silaas yeroo hin eeginitti, nama hin eegin irraa jecha hin eegin

dhaga'uu caalaatti waanti nama rifaasisu maaltu jira?

"Ii... maal jettee Jiituu?"

Kanuma duratti jette irra deebiteef.

Isa dhiistee ka biraatti heerumuuf karaa cirachuushee hin himneef ture; inni garuu naa himteetta jedheen. Tarii utuu hin qalbifatin tasa afaanii ba'eeti ta'a; yookaan keessummaa biratti sobduu akkasheen hin taaneef; yookaanimmoo itti aanee isa dhufu dhaga'uuf sardameeti. Kanas ta'u sana, Yihudaan utuu lubbuun jiraatee ija jabina Jiituu har'aa kana argeera ta'ee, dhugaadha silaa dalagaasaatti hin gaabbu ture; gaabbees of hin ajjessu.

"Kois tamam," jette Laliseen gammachuun. Itti fuftees, boorsaa fuul-durashee xarappeezzaarra taa'u fuutee banuun waraqaa waamichaa hedduu keessaa tokko luqqistee, bakka duwwaa hafee jirurratti maqaasaa guuttee Gammachuutti hiixataa, "Waamamteetta; akka hin hafne," jetteen.

Gammachuun waraqicha "But" harkaa godhee, nafa-

nafa ijasaa irra fiigsuu jalqabe.

"Jaafarii? Eenyu Jaafar?" – ol jedhee gaafate. Laliseen akka seequu ta'aa, "Hin beektuun... obboleessa kooti... Ameerikaa jiraata... torban booda dhufa..."

"Maal barbaacha?"

"Jiituudha ka – ishee fuudhuu..."

"Tu!" – Gammachuun ancufa afaanitti kuufate Lalisee fuulatti tufee ayyaana irraa molqe. "A'uz billah! Si gurbaa mataan si nagaadhaa?"

"Si ergamtuu seexanaana! Jiituu kanan hin beekne seeteetii? Sitti hin fakkaatin! Hin gowwoomin! Anoo gaarii godheen beekaan – hangan of beeku gara-rraatti," jedhe ofitti amanamummaan Laliseetti ija babaasaa... ka'ee dhaabatee aariin laphee of abootaa.

Gaarii ture utuu ta'ee... garuu maal fayyada? Inni Jiituuf dubbata; isheef jecha Laliseetti ori'a. Isheen garuu Laliseef dubbatti; Laliseef jettee isatti oriiti.

"Dhiis hin falminiin Gammachu – kan isheen siif himte sirriidhaatii."

"Ii...? Maal taate Jiitu? Jiituun siin dhiistee ka biraatti heerumuuf jetti jechaa jirtiim!"

"Nan gadda Gammachu."

"Lakki! Lakki Jiitu ati kana hin gootu. Jaalala ati anaaf qabdu waan quba hin qabaatiniif ta'a akkanatti si tilmaamuun ishee; mee ati himiif. Akkuma jechaa turte, 'Gammachuun alatti dhiirti anaaf hirmiidha' jedhiin; sadoon jireenya Ameerikaa anarraa akka adda sinbaasne, doolaaraan kan nanjijjiirre ta'uu kee isheen hin beektuutii himiif! Hubachiisiin ka Jiitu!"

"Gammachu," Jiituun jettee, sagalee laafeen Gammachuu waamte; "Waan tokko qofa waadaa naaf seeni."

"Tole! Ka feete himadhu – waadaa siifan seenaa."

"Waadaa seentus kabajuuf naa kakadhu."

"Nan kabaja. Foon 'Labbuu' kootii anatti haata'u hin cabsu."

"Anaan kakattee jennaan bishaan jigellee akka ati ol hin qabne nan beeka."

"Dhugaa kee jette Jiituu ko – ol hin qabu."

"Egaan na dhaga'i. Kaleessa kan keen ture; har'a

garuu miti. Waanti hundinuummoo yeroosaatti miidhaga; kanaaf na hirraanfadhu Gammachu!"

"Kanallee qoosuutti jirta!"

"Qoosuutti hin jiru – haquma kiyya. Waadaa seente eeguuf foon kiyyaatiin kakatteetta; kanaaf na hirraanfadhukaa!"

"Akkamiin danda'ee Jiitu?"

"Fuulleetti yoo ilaalan waan ulfaatu fakkaata malee salphaadha – ni dandeessa."

Jiituu inni beekaan jechaa ture tasa kaatee namanni hin beekne yommuu itti taatu, Gammachuun amanee fudhachuutu isa dhibe. Waanti ta'uutti jiru kun martinuu addunyaa manaabaa keessatti kan raawwatamaa jiru itti fakkaate... addunyaa keessatti ari'anii hin qabne; dheessanii hin miliqne. Garuu isatti fakkaate malee abjuu miti; haqumaani – haqa haqaan hin haqne, haqu hin haqamne. 'Lubbuu'- nsaa, jaalalaafi oolmaa kaleessaa, jireenya Ameerikaatiif jecha wareegdeetti. Ijaarsi mana jaalalaa barootaaf itti dhama'aame tasa utubaan raafame – orsossaa'ee jige;

kufee akka hin jirre ta'e – manca'e. Silaas dubbii ijaarsa mana jaalalaa, yoo ijaaruu malee diiguun isaa salphaadha. Garuu, waa'een imalashee kun dirqama irraa hin oolamne erga ta'ee... nan deemaa-n nagaan haata'u; ganamee garuu Gammachuun akkam haata'u? "Maalif?" Jedha sagalee ol fudhatee... abootteffatee... humnaan xarappeezzaa fuul-durasaa reebaa.

Gaafatee-gaafatee yommuu deebii dhabettis, haala abdii kutannaan naannoosaa mil'ate. Ummanni galma nyaatichaa keessa guutanii mul'atan cufti soorachuu addaan kutanii gara Gammachuu ilaalaa hidhii xuuxuuf. Duratti namni hundinuu gantuufi gara-jabeeyyii akka Jiituu akka ta'anitti yaaduu jalqabee ture. Amma garuu miidhamnisaa galeefii, nama isaaf gaddu hedduu qabaachuusaa hubate. Kanaaf caalmaatti hubataniifii, caalaatti haa gaddaniifiif... harkasaa lachan lapheerra godhatee, garasaaniitti garagalee dhaabatee, imimmaan jaalalaa roobaa... hirquun huhudhamaa... haala garaa nama nyaatuun wawwaannaa jaalalaa dhageessifate.

"Kanan jedhu da'oo, gaachanni... abdiin koo
Humni foon dadhabaa, sooratni lubbuu koo
Jaalala hin turreree? Anaaf dhaadannoon koo.
Anoo beekkadheera
Dursee qeeqqadheera!
Waa malee... waa malee...
Qaama keenya gidduu...
Ichima jaalalaa, ichimnee buufannee
Akka waan hin nyaatin,
Buddeena jaalalaa, ittiin bilcheeffannee...
Waa malee-waa malee...
Qaamni lubbuu kootii, cabbii anatti hin taane. Waa malee-waa malee... waatu jiraaf malee... Guyyaan 'lakki' jedhee, abjuun foon hin nyaanne.

Uu...uu! Maaloo firaa, maaloo yaa hiriyyaa
Dhaddachi jaalalaa, meerre abbaan seeraa?
Miira horii dheebote, dheebuu baasuuf jettee
Waggaa shanan darbeef,

Gabatee jaalalaa, kan irraa sooratte,

Dhiittee kan gombistu...

Dhungatan - ciniintuu

Eebbisan - abaartuu

Kabajan - salphistuu

Isa du'eef dhiistee - isa ajjeese ilaaltuu

Dhaddacha kamitti? Eenyuutti iyyatu?

Uu...uu! Maaloo jamaa

Na jalaa hin usinaa!

Kan beektan naa himaa!

Dhaddachi jaalalaa, Garam abbaan seeraa? Dhaltee - dhala nyaattuu Hir'attee - hir'istuu Hankaattee - hankaassituu Baddee - balleessituu

Biyya kam dhaqanii, eenyuutti himatu?"

Itti fufuunis Jiituun akkana jedhe; "Jiitu, rifeensa uffattee bosona hin seenne malee edaa ati bineentiidha. Si qofa miti – dhalli namaa martinuu

bineensa; bineensummaa isa kan keetiitu addatti malee. Bineensonni warri kaan, kanneen jibban malee kanneen jaallatan hin miidhan. Ati garuu sabbata jedhee si hidhannaan bofa taatee na hiddite. Sin jaalladha jechaa na gante; siif du'e jechaa na ajjeeste.

Jaalala dhugaatti qabamtee ishee na feeteefi na jaallatteef: yoon dhiige, yoon madaa'e, rakkinniifi dararamni wal furee yoo natti dhufe, walumaa galatti yoon du'ellee nangaabbisiisu. Kan na gaabbisiise garuu, utuu nanjaallatin kan na jaallatte fakkaattee, waggoottan shanan darbaniitiif kan na waliin jiraatte – siin, daldaltuu jaalalaa jaallachuu kooti. Garuu... garuu beektotniifi saayintistootni sun marti, beekumsa'saaniitiin kalaqa sana mara yommuu kalaqaniifi hojjetan, jaalalaaf – jaalaloo-meetira, dhiphinaaf – dhiphoo-meetira kan isaan hin marraagomin maaliif laata?"

Kana hunda, abbaan qabeenyaa Baariifi Restoorantichaa da'oo qabatee dhaabatee dhaggeeffata ture. Gammachuu inni duratti obsaafi da'anda'aa ta'etti beekuun sun har'a akkanatti

jeeqamee arguu'saatiin lapheen isaa gaddaan tuqameera. Kanaaf gara biiroosaatti fudhatee seenee haasofsiiseen; "Maal taate haadhoo ko? Nama hedduu gadde fakkaatta."

Gammachuun nama "Maal taate?" Jedhee gaafatuun argachuusaatti kan gammade ta'us, garuu, garaatu isa hammaannaan.. akka daa'imaatti boo'uu jalqabe. "Hin boo'in malee! Ati ilmoo dhiiraati mitii?" "Shamarran warri kaleessa imimmaan koo ciimmaa qerrensaatti fakkeessaa turan har'a akkanatti yommuun roobu utuu na arganiitii maal jedhinnu laata? Gogaan kee dirribiidha naan jedhu turan – kan jaalalli salphaatti uree hin seenne; gogaa tokko uree seenus kan lammataa ce'uu waan hin dandeenyeef gogaafi gogaa gidduutti qabamee hafa jedhu turan. " Itti fufuunis kolfa aarii wa'ii kolfaa, "Mee atumti murteessi. Kaadhimaan qaba jettee, ji'a tokko booda sirna qubeelaa waadaa keessanii raawwachuuf sagantaa qabattaniitiif kan oolu qubeelaa waadaa bittee dhuftee..." qubeelaa waadaa Finfinneetii qabatee

dhufe baasee fuul-dura'saa kaa'e; "...kaadhimmaan kee nama biraatti heerumuuf ka'uushee afaanumasheerraa tasa yoo dhageesse..." waraqaa waamichichaa baasee cina qubeelaa kaa'e; "... egaan kun marti namni irratti raawwatame si'i utuu ta'ee... mee maal jetta ture? Maalis goota?"

Gaaffii ulfaataadha. Miti kan nama jaallatanii, meeshaallee yoo ta'e, kaa'anii bakka kaa'anii deebi'anii gaafa dhaban nama aarsa; nama jeeqa. Guba singiggoo jaalalaammoo isa irra ga'ee beekutu namaaf beeka; "Seenaan ati naa himaa jirtu kun hedduu kan nama gaddisiisuudha – anis ittiin gaddeera. Ta'us haadhoo ko, dhugaa tokkon siif himaatii haalaan na dhaga'i!"

Gammachuun haalaan dhaga'uuf qophee ta'uusaa haalaan mirkaneesse.

"Anas al tokko jirenya keessatti mudannoon akkanaa na quunnamee ture. Yeroo sanatti, jaallatanii nama jaallataniitiin ganamuun ana qofarra waan ga'e se'ee, sadarkaa jireenyaaf abdii kutuurra ga'een ture. Booda keessa garuu dhugaa tokkotu naa ife;

innis, akkuma ogeessichi Solomoon dubbate, samii gaditti waanti haaraan tokkoyyuu kan hin jirre ta'uusaati. Maal seete Gammachu, addunyaa kanarratti, uumamee wanti faallaa dhabe hin jiru: guddachuu-xiqqachuu, ulfaachuu-salphachuu, jaallatamuu-ganamuu, ...hundinuu cimdii faallaa-faallaasaanii waliin jiraatu. Kana hin beekin hafta jedhee utuu hin taane tarii yoo dagatte si yaadachiisuufan."

...ittis dabalee, muuxannoo jireenyasaa kaleessaa keessaa, Gammachuun ittiin jajjabaachuu ni mala jedhee kan yaadurraa hanga tokko hireef.

Namatti tola! Jajjabeessi sun marti adda Gammachuu tumatee hin deebine – seenee keenyan keessa sammuusaatti maragame malee.

Roobni imimmaan Gammachuu amma caameera. Lamuu boo'uu dhiisuufis waadaa seenuu fedhe. "Egaan waadaan siif seena. Dhimma jaalala koofi Jiituu ilaalchisee lamuu imimmaan koo hin bu'u. Kanan itti hir'ise Jaafar haaguutuuf. Mannishee itti haaho'u;

gammachuun haajiraattu. Daa'ima haagodhattu; baattees haadhungattu. Anaaf garuu..." haasaasaa rarrootti dhiisee, abbaa qabeenyaa Baariifi Restoorantichaa harka qabee ba'e. Amma fuula'saa irraa miira tasgabbiitu mul'ata.

Gammachuun Jiituu argee, tarii waan mufachiise yoo qabaate dhiifama gaafatee, yoo fedhashees ta'e, guyyaa gaafa cidhashee, konkolaataa misirrichaafi misirtittiin keessa taa'an kan konkolaachisu isa akka ta'e himuufiif galma soorataatti ba'ee, gara duratti waliin taa'aa turan yommuu mil'atu Jiituufi Laliseen hin turre.

***

-6-

"Barataa Oromoon tokko shukkaan bakka sadii waraanamee ajjeefame. Reeffisaas doormiin alatti gatamee argame," oduu gaddisiisaan jedhu achi gara kaampaasii Kiiloo Afuriitii ganamaan dhaga'aame. Oduunsaas battaluma Kolleejjotaafi Yuniversiitota, akkasumas dhaabbilee barnootaa garaa-garaa biyyattii keessatti argaman irra faca'ee wal ga'ee laphee barattoota Oromoo gaddaan cabse.

Waa'ee ajjeefamuu barataa kanaa ilaalchisee waa lamatu odeeffamaa jira. Barataan amma du'u kun hiriira mormii barattootni Oromoo yeroo adda addaatti adeemsisaa turan irratti adda durummaasaatiin beekama. Fakkeenyaaf yeroo Waldaan Maccaafi Tuulamaa diigame, yeroo bosonni Baalee gubate, akkasumas magaalaan guddoo Oromiyaa Finfinneerraa gara Adaamaatti jijjiiramuu ilaalchisee hiriira mormii barattootni Oromoo taasisan sun qindeessa mucaa

ajjeefame kanaatiin ta'uutu dubbatama; dabalatas, qaama siyaasaa tokko-tokko waliin tuttuqaa akka qabutti shakkama. Sababuma kanaatiin yeroo hedduu barumsarraa qabamee hidhamaafi hiikamaa tureera. Kanarraa ka'uun barattootni tokko-tokko waa'ee du'asaa, dhimma siyaasaa waliin wal qabsiisanii yommuu dubbatantu dhaga'aama.

Gama biraatiinimmoo mucichi kan ajjeefame sababa ilaalcha siyaasaa qabuutiif utuu hin taane harkisa jaalalti fideedha kan jedhanis jiru. Sababa kana jedhaniifis gaafa qola baasan... barataan du'e jedhame kun hintala 'fireeshii' mooraasaa tokko faana waan akka jaalala wa'ii eegaluun isaa hin oolle. Hintalti kunimmoo durirraa eegalee gargaaruun barsiisee sadarkaa kanarraan kan ishee ga'e namticha daldalaa sooressa tokko – kaadhimaa waadaa seenteef biyyaatii qabdi turte. Namtichi kun durattiyyuu shakkii isheerraa waan qabuuf, waa'ee oolmaafi bultooshee, kara ijoollota biyyaasaafi ishee waliin baratanii, cimsee hordofaan ture. Jennaan isaanis waa'ee jaalala mucicha du'eefi kaadhimaan isaa itti jirtuu, waan barattootni

doormii keessaa utuu haasa'anii dhaga'aaniifi waltajjii aspaaltii moorichaarratti ijaan arganii taajjaban mara bilbilanii himaniif. Namtichis oduu dhaga'e adda baafachuuf yommuu isheef bilbilutti deebiisheen kenniteef irraas, "Ati doofaadha; gita koo argadheeraatii gita kee barbaaddadhu," jechuun isa akka tuffachuu wa'iitu mul'ata. Kunimmoo namtichi inaaffaan akka guutamu isa taasise jedhu barattootni dhimmicha dhi'eenyarratti beekan. Namtichis yeroo sanaa eegalee, yeroo hedduu bilbiluun lubbuu lachanuu dhabamsiisuuf foon haadhasaatiin akka kakataa ture dubbatu. Al tokko foon haadhasaatiin kakate taanaanimmoo tasumaa yaadasaa kan hin jijjiirre ta'uusaa hintaltittiin dursitee ni beekti waan turteef, mucaan du'e kun akka of eeggatuuf qoqqobataanii turuushee ijoollotni doormii mucichaa ni dubbatu. Inni garuu doorsisa namtichaafi qoqqobbii hintalaa huubatti hin lakkaa'u ture jedhu.

Barattootni Oromoo kaampaasii Kiiloo Afurii, Kiiloo Shanii, akkasumas Kiiloo Ja'aa, waa'ee du'a mucichaa

akkuma dhaga'aaniitiin karra kaampaasii Kiiloo Ja'aa duratti wal ga'anii, gara bulchiinsa Yuniversiitii Finfinneetti afaan tokkoon sagalee iyyannaasaanii dhageessisan – akkana jechuun: Tokko: "Reeffi obboleessa keenyaa hospitaala Minilikiitii ba'ee gara warra'saatti ergamee awaalamuun dura firiin qorannoo reeffichaa nuuf haahimamu."

Lama: "Raawwataan gocha suukanneessaa kanaa atattamaan to'annoo jala oolee seeratti nuuf haa dhi'aatu."

Gaaffiin isaanii kun hanga deebii argatuttis: Tokko: Laguu midhaaniifi bishaanii of irratti labsan. Lama: Har'arraa eegalanii fincila barumsa dhaabuu gochuusaanii beeksisan.

Sadii: Addaan bittinnaa'uufi doormiitti deebi'uu dhiisuuf waliif waadaa seenan. Haata'u malee yommuu dhi'etti, caalmaan isaanii waadaa seenan cabsanii gara doormii-doormiisaaniitti dacha'aan. Muraasni waadaa seene kabajee achuma turemmoo humna meeshaa hidhateen funaaname. Isaan keessaas Kennaan tokko ture.

Kennaan miltoowwan isaa faana bakka ta'etti geeffamee, bilbil-sochiin isaas harkaa fuudhamee harka humna meeshaa hidhate kanaa utuu jiruu ergaan barreeffamaa adda ta'e tokko lakkoofsa inni quba hin qabnerraa gara bilbil-sochiisaatii dhufe. Sababuma kanaatiif, barattootni kanneen kaan borumtaasaa ganamaan yoo lakkifaman Kennaan garuu qoratamuuf achuma akka turu taasifame.

***

-7-

7.1 Dhufaatii Jaafar

"We are approaching Bole International Air Port. Please fasten your sit belt to be ready for landing!" Kan jedhu sagaleen hintalaa, "Ispiikera" guutuu xiyyaaraa keessaan yoo dhaga'aamu Jaafar hirribaa dammaqee, samii keessa taa'ee, daawwitii foddaa xiyyaarichaa keessaan dabarsee yommuu achii gadi ilaalu, Finfinneen ibsaa bakka-bakkaa ifee urjiiwwan garaa waaqaa keessa faca'aan fakkaatuun faayyamtee – miidhagdee itti argamte.

Yeroo sana gaafa biyyaa ba'u, akka dhufaatiisaa har'aa kana xiyyaara yaabee utuu hin taane lukaafi dugda horii koree waan tureef, sandaaboo elektirikaa argerratti hundaa'uun, Finfinnee har'aatiifi kan waggaa kudha-afur durattii wal bira qabee jijjiirama jiru hubachuun isa dhiba. Xiyyaara keessaa bu'ee

terminaala haaraa ijaaramee dhi'eenyatti tajaajila kennuu jalqabe yeroo argetti garuu ajaa'ibsamaan ilaalaa, "Dhugumattiyyuu biyyi koo jijjiiramteetti," jechuu hin hafne – madaalliin ulaagaa jijjiirama biyyasaa ijaarsa terminaalaa yoo ta'eef!

Galmi itti simannaafi geggeessaa imaltootaa, ummata firaafi anteesaa simachuuf, yookaanimmoo geggeessuuf dhufee buufata xiyyaara Booleetti argameen 'xiq' jedhee guuteera – hamma bakki ija xaafii buusan dhibuu ga'uutti. Geggeessituu galmicha keessatti mul'atan keessaa muraasnisaanii, inni biyyaa ba'e akka waan biyyatti hin deebinee imimmaaniin geggeessu. Harki caalaanimmoo, rakkinni manaṣaaniifi yaaddoon jireenyasaanii akka waan isa biyyaatii ba'u faana ba'uu gammachuun guutamanii fuula ifaan imaltuutti harka hafarsu. Imaltootni martinuu garuu gammadoodha – biyyasaanii beekan lakkisanii gara biyya ormaa waan dhaquutti jiran utuu hin taane, bara hedduuf biyyaa ba'anii biyya ambaa jiraataa turanii har'a gara biyya haadha-abbaa-ganda dhalootasaaniitti

kan deebi'uutti jiran fakkaatu. Maalif laata?

Simattootni harkatti iliilii qabatanii dhaabatanii as ba'iinsa nama simachuuf dhaqanii dharraatiin eegaa jiru. Jaafar karoollaa miilla afurii korojoowwan isaa itti fe'e duubaan goree dhiibee obdii terminaalichaarra karolsaa as ba'ee dhaabatee, ummata dacha'ee dhaabatee ija mirmirsu keessa Dr. Dirribaafi Lalisee ijaan barbaaduu jalqabe. Dr. Dirribaafi Laliseenis dursanii arganiiruun waan tureef itti adeemanii simatan.

Jaafariifi Dr. Dirribaan ijoollumaa eegalanii kan waliin guddatan hiriyyaa ganamaati. Lachaniyyuu baadiyyaa magaalaa Gimbii'rraa deemsa lukaa daqiiqaa afurtama fagaattuufi Gabaa Laaftoo jedhamtee waamamtu keessatti dhalatanii guddatan. Jabbileefi loon waliin tiksuurraa eegalees hanga kutaa kudha-lama xumuranitti waliin turaniiru. Dhumarratti Dr. Dirribaan qabxii barumsa ol aanaa itti fufsiisuun argatee yommuu Yuniversiitii Finfinneetti kaampaasii Kiiloo Afurii seenu

Jaafarimmoo qabxii deebi'eefitti mufatee achumarra loltummaaf galmaa'ee Dargiif duule.

Dargiin kufee, loltootnisaas addaan bittina'aanii yeroo Jaafar qe'eetti deebi'etti, Dr. Dirribaanimmoo wal'aansa mormaa oliirratti barumsa dabalataa fudhatee "Ispeeshaalist"-oomuuf biyya Ingilizii deemee waan tureef, erga yeroo sana adda ba'aaniitii reefuu har'a qaamaan wal arguusaaniiti. Bilbilaafi "e-mail"-tiin garuu yeroo yerootti wal ni quunnamu turan. Kunis Jaafar Ameerikaa ga'ee, Dr. Dirribaanis barumsasaa xumuree erga gara biyyaatti deebi'eetiin booda. Dr. Dirribaan yeroo ammaa kanatti Hospitaala Yaadannoo Qulqulluu Pha'uloositti, ogummaa leenji'een qacaramee dalagaa jira.

Waggoottan kudha-arfan darban dura ture kan Jaafar kara Moyaalee Keeniyaatti ce'ee mooraa daa'attootaa seene. Mooricha keessatti erga waggaa tokko dabarsee boodas gara Ameerikaatti ce'e. Biyyaa ba'ee waggaa kudhaniif teessoosaa warrasaa jalaa miliqsee jiraate.

Ilmisaanii Ameerikaa jiraachuusaa warrisaa kan hubatanis waggaa afur dura xalayaa inni achi taa'ee ergeefiitiinidha.

Yeroo ammaa kanatti, Jaafar jiruufi jireenya warrasaatiifi dinagdeesaanii jijjiireera: Baankiirraa mana jireenyaa biteefii baadiyyaatii gara magaalaatti isaan galcheera; bultoo isaaniitiif kan ta'us baabura midhaanii tokko Gabaa Laaftoorra warrasaatiif dhaabeera. Lalisees gara ofii jirutti fudhachuuniif adeemsa jalqabeeraaf.

Jaafar kurkura jireenya biyya ambaatti qabamee fuutni akka jirullee dagatee ture; kan isa yaadachiises xaxxarfa warrasaati. Abbaan isaa miilla sadiin deemuu jalqaban amma dheebuun isaanii, doolaara Jaafar sababa adda-addaatiin yeroo-yerootti ergu utuu hin taane dhala... utuu hin du'in akaakayyuu arguu fedhu.

Abbaan Jaafar ijoollee afur godhatan: Jaafarii, Ramadaanii, Aliimaafi Lalisee. Ramadaan waggaa lama

dura balaa konkolaataatiin boqote. Aliimaan heerumtee da'umsa jalqabaarratti duute. Laliseen hin heerumne; heeruma diddee utuu hin taane

halalummaasheetiin beekamtuu waan turteef dhiirti balfeeti.

Jaafar abbaafi haadhasaa, akkasumas anteesaatiin fuudhaaf akka kadhatametti waggaan afur darbee, barana – Laliseen erga biyya Arabaatii gara Gimbiitti deebitee booda Laliseef bilbilee, bareedduu hintala biyya koo barbaadaatii suuraashee naa ergi jedheen. Jennaan Laliseenis, shamarran Gimbii keessaa filtee Jiituu footeef; suuraa Jiituus ergiteef. Haaluma kanaatiin Jaafaris turtii biyya ambaa waggoota kudha-afurii booda hintala suuraan arge fuudhuuf har'a gara biyyaa dhufeera.

Duratti yaadni Jaafar, Finfinneetii hoteeluma tokko kireeffatee, bakka maatiin lachanuu qofti argamanitti qophii muraasaan sirna cidha'saa raawwatee

achumarra deebi'uu ture. Torban sadii dura Mineesotaa utuu jiruu bilbilee, dhimmuma kanarratti abbaafi haadhasaa yommuu marii'achiiseenitti, "Cidhaafi awaalchi fira gidduutti miidhaga. Nutisimmoo waamicha namaa nyaannee hafuu hin barbaadnu. Qallee nyaachisnee, naqnee obaasnee, cidha-cidheessinee gumaata fudhachuu qabna," jechuun afaan tokkoon waan harkatti mormaniif, maatiisaa gaddisiisuu dhiisuuf fedhasaa dhiisee akka fedhasaaniitti sirna gaa'ilasaa Gimbiirratti raawwachuuf walii gale; baasii qophee cidhaaf jedhees warrasaafi warra Jiituutiif doolaara kuma sadi-sadii mata-mataatti ergeef.

Jaafar mana hiriyyaasaa – Dr. Dirribaa bira buufatee, turtii Finfinnee guyyaa lamaa booda Lalisee waliin gara Gimbiitti ka'aan.

7.2 Gimbii ga'uu Jaafar

Jaafar Gimbii ga'ee firaafi antee mana maatiisaatti wal

ga'ee dhufasaa eegaa tureetiin haala ho'aan simatame. Golaafi gor-duubni manichaa keessi namoota Jaafariin, "Baga nagaan dhufte," warrasaatiinimmoo "Baga gammaddan," jechuu dhufaniitiin guutee mul'ata. Inni tokko gammadeefii akkuma ba'een kan biraatu dhufa. Abbaan Jaafariifi Haatni Jaafar, isa deemu hanga karraatti ba'aanii geggeessaa isa dhufe simatanii keessa ol seensisuutti akka muddamanitti yeroon galgala keessaa sa'a saddeet ta'e.

Jaafar namoota dhufan waliin gor-duuba taa'ee haasa'aafi taphachaa turee, keessummaan erga galee booda gara Abbaa Bashuraatti deebi'e. Abbaan Bashuraa jaarsa umuriin mana sagaltamaa keessatti argaman yommuu ta'aan, Abbaa Jaafariitiif abbaatti, Jaafariifimmoo akaakayyuutti oolu. Waa'ee dhufa Jaafar dhaga'aanii Gabaa Laaftootii dhufanii bulan. Bara Jaafar biyyaa ba'u ijni Abbaa Bashuraa lachan ni arga ture. Amma garuu lachuu jaameera.

"Yee Akaakayyu."

"Oo! Maal jettee Leenca ko?"

Leenca ko jedhanii nama waamuu amaleeffataniiru.

"Akkamiree jireenyi? Waa jabaattuu?"

"Galata Rabbii leenca ko, dhimma maalii qabna!? Kunoo akkuma ati agartu kanaadha: Addunyaa dhukkubsataa keessa, cina hollaa dhukkubsataa, hawaasa dhukkubsataa wajjin jireenya dhukkubsataa jiraanna; midhaan nama hudhu nyaannee bishaan nama hudhu irratti dhugna; uffata qul'aa keenya ormatti mul'isu uffanna; aadaa dhaqnee siree aadurra ciisna – hin rafnu... lafa faana dabaree wal baataa bulla; hanga lafti nu baatte mudhii cinnee lafa baanna. Leenca ko, kana qofa seetaa... jireenya kana fakkaatu keessa teenyee 'Maalif?' jechuu hin dandeenyu; 'xis-ximbaa' jechuun hin jiru. Jireenya hadheeffatanii boo'uun nuuf hin eyyamamne – boonyee argamnaan yakka. Waa'ee garaa saba keetiimmoo atiyyuu kan beektu; Nuti du'a diina isaatiifillee uumama boo'aa deemnuudha. Kanaaf, obsinee-ciniinnannee-obsinee gaafa nuu gamu, iyyaafata nama du'ee kaana... manarra adeemnee mallattoo qe'ee warra gaddaa – baala jiidhaa bu'e barbaanna. Argannee milkoofnaan...

yaa gammachuu keenyaa! Hedduu gammanna! Manichatti ol dachaanee, akka nama isa du'eef boo'uutti waa'ee jireenya keenyaa boo'ataa oollee... waa aarii cabsannee manatti deebina..."

"Akaakayyu, kan ati jechuutti jirtu keessaa tokkoon isaallee naa hubatamuu hin dandeenye."

"Yaa leenca ko, mee isa haadhiisnuutii... ofii akkam Amirkaaniin? Odeessaanoo Jannatatti fakkeessaa! Biyya hunduu hawwu – arguudhaaf gaggabu. Jannata jedhu – Jannata lafarraa! Biyya haatni dhaqxee dhalashee dagattu... biyya keessa taa'anii 'dhufaan jira' jedhan – 'an dhufaan jiraa' sirban... yaa Amirkaanii! Biyya itti jiraataa abdiin fira garaa guutan..."

Jiituutu gidduutti dhufee addaan kutnaan malee silaatii Abbaan Bashuraa waan dubbachuuf yaada qaban sichi hedduutu hafaaf ture.

Jiituun ganamarraa eegaltee, miinjoliishee daboo kadhatte waliin dalagaa mana keessaatti muddamtee turte. Erga Jaafar dhufee boodas maatiisaa faana

ta'uun keessummoota keessumsiisaa waan turteef, Jaafariin, "Baga nagaan dhufte," jechuufillee fucha hin arganne turte.

"Jaafar barteenii?" Jette Laliseen Jiituu boodaan seentee. Jaafar daawwitii ijaasaa godhatee hubataan erga Jiituu ilaaleetiin booda, "I guess, Jiituu?" – itti fufuunis, "'Sorry, eye glass'-iin ala arguun waan na rakkisuufi... malee si hiyyaafataan ture. Nagumaa Jiitu?" Jechaa ka'ee irra deebi'uun dubbiseen.

Akka saalfachuu isasheen taatu jaallateeraaf. Ta'us garuu akka suuraan argetti waan hin argatiniiniif miidhaginnishee garaa isa hin geenye. Jiituunis taatu, suuraan akka agarteefi bilbilaan sagaleesaa akka dhageessetti Jaafarii hin arganne: Harrii mataasaa qalama gurraacha dibee, gogaa fuulaa shushuntuuruu jalqabe dibataan dhisee, suuraa 'adoobeen' miidhegsee ergeef irratti Jaafar dargaggeessa dhiiga danfaa fakkaata ture. Bilbila keessaan yoo dhageessus, sagaleen isaa qurruxii sagalee dargaggeessaati. Sadoon jireenya biyya Ameerikaa muuxachiistee ga'eessa mana

soddomaa keessaa gara jalqbaarratti argamu fakkeessitus, Jaafar Afurtamii-sadii.

***

-8-

Finfinnee... mana adabaa Maykelawii jedhamuun beekamu keessa... walakkeessa halkaniirratti... kutaa bultoo hidhamtootaa tokko keessaa tasa sagaleen iyyaa dhaga'aame. Sagaleen iyyaa kun gurra kan bu'e eegdonni mana adabichaa meeshaasaanii rasaasa nyaachifatanii, kallattiirra sagalee dhaga'aanitti gurra qeensan; dabalanii garuu hin dhageenye.

Kutaa sagaleen iyyaa ba'e keessa hidhamtootni rafanii turan iyya dhaga'aaniitiin rifatanii hirribaa dammaqanii, ijnisaaniis kuticha keessa oliifi gadi utuu labuu suuqa gam-tokkoorra bu'e - dargaggeessa mudhiitti ol jedhee boquu cabsatee, mataa buusee taa'u tokkorra. Dargaggeessicha, rifeensa mataa keessaafi addarraa dafqi akka bishaanii dhangalaa'a – kafanniifi guutummaan qaamasaa dafqaan xoolla'eera; bakki ciisichasaas uccuu ol galchuu dagannaan bokkaan alatti rukute fakkaateera.

Namtichi harka bitaa dargaggeessichaatiin jiru tokko, haala dargaggeessichi keessa jiru waan hubateef fakkaata; "Tasgabba'aa-tasgabba'aa! Hunduu nagaa dha. Obboleessa keessan isa keessummaa kanatu qalbii hirribaa keessa iyyeeti... ilaaltanii hin rifaasisinaaniitii deebi'aa rafaa," isaaniin jedhe, keenyanitti dugdaan hirkatee taa'ee, qarraa qabsiisee harkatti baatu gara tamboo afaanitti qabateetti geeffataa.

Namni kun Barsiisaa Biraasaa jedhamu. Barsiisaa Biraasaan, dhimma siyaasaatiin yakkamanii waggaa lama dura hanga mana adabaa kana seenanitti, Mana Barumsaa Madaanalemii Finfinneetti, barsiisaa seenaa turan. Hidhaatiif kan isaan kennes barumsa sirrii hin taaneen laphee barattootaa waanbadoomsiteetta yakkamsa jedhuudha. Inni kun Soqiraaxes faana wal isaan fakkeessa. Yommuus Soqiraaxesis, summii qalaasaan kennameef unatee, dhugaa itti amaneef lubbuusaa dabarsee kennuusaatiin dura, barumsa dogoggoraan laphee dargaggootaa

waanbadoomsiteetta yakkamsa jedhuun mana adabaa seene – du'aafis ta'e.

Dargaggeessichi gara kutaa Barsiisaa Biraasaafaatti dabarfamuun isaa kaleessa. Kanumaafidha Barsiisaa Biraasaan, "... obboleessa keessan isa keessummaa..." kan jedhan. Jireenyisaanii kaleessaa hunda shakkaa jiraachuu isaan barsiiseera – jireenyi Barsiisaa Biraasaa kaleessaa – Barsiisaa Biraasaa. Tokko-lama dubbatanii, "In live, nothing is what it seems," jechuu heddummeessuun isaaniis isuma kana kan raggaasuudha. Dabalatas, basaastonni hidhamaa fakkaataa hidhamtoota basaasan akka jiranis ni beeku. Kanumaaf jechas, hidhamaa haaraan tokko gara kutaasaaniitti yommuu ergamu akka dhufeen fudhatanii ofitti hin makan; dursa jireenya hawwaasummaa kutichaarraa qoodamee qoratamuu qaba. Turtiin yeroo qorannichaas: guyyaa lama, sadii, torban, ji'as fudhachuu mala – isaan olis. Qorataanimmoo Barsiisaa Biraasaadha.

Kaleessa, dargaggeessichi akkuma dhaqeen maqaasaa, eessaa akka dhufeefi maaliif akka hidhame gaafatamee gaaffii gaafatameef deebii kenneera. Gara kutichaatti dabarfamuun duras torban tokko darbeef qophaatti qoodamee mana dukkanaa keessatti hidhamuun qoratamaa akka tures dubbateera. Ta'us shakkii Barsiisaa Biraasaarraa qulqullaa'uuf kun qofti ga'aa miti.

Barsiisaa Biraasaan, hidhamtootni kaan deebi'anii rafuusaanii erga mirkaneeffatanii booda, tamboosaanii irraa al lamaan tokko qecelootti xuuxanii, hubataan dargaggeessicha ilaalaa, "Kenna" jedhanii maqaan waaman. Kennaan ol jedhee ilaaleen. Akkaataan ilaalcha Barsiisaa Biraasaas ka keessa namaa dubbisuuf humna addaa tokko qabu fakkaata ture. Waraansi xiyya ijasaanii keessaa darbatamu itti hammaannaan, Kennaan deebisee boquu cabsate.

Barsiisaa Biraasaan, xebbee daaraa harka bitaatti baatan irratti daaraa tamboo buusaa, "Dammaquu

keetiin dura hirriba nagaa keessa hin turre. Ijawwan kee lachan xiqqoo gargar saaqxee dugdaan ciistee hidhii sosochoosta – waan ta'e haasofta. Sagaleen keemmoo akka nama afaanni ukkaamamee dubbachuuf wixxifatuuti – adda baasanii hubachuun nama dhiba. Suuta adda baafachuu yaaleen ture; garuu hin dandeenye. Qarraa qabsiiseen ijaafi fuula keessa hubadhee si ilaalaa oole – abjuu ati keessa jirtu akka waanan ijaafi fuula keerraa dubbisuu danda'uu. Sagaleen ukkaamamaa fakkaatu sun tasa gara iyyaatti jijjiiramee na rifaasise," erga jedhanii booda, tamboo dhumee xuuxxoo bira ga'e xebbicharratti sukkuumanii dhaamsaa, "Maal argiteeti Kenna? Maaltu si jeeqe?" Jechuun gaafatanii deebiif xiqqoo eegan. Kennaan garuu yaadaan qabee waan dhaggeeffate hin fakkaatu. Rifeensa mataa isa gidduu kana bakkumanni jiruyyuu yaadatee hin beekne sanatti quboota harkasaa lachan naqee, qotee-qotee ittiin faancireessa. Barsiisaa Biraasaan cal-jechiinsasaatti hin mufanne; garuu gaaffii biraa dabalaniiruuf.

"Amiinaanoo eenyu isheen?"

"Ii...!? Amiinaa?"

"Qalbii abjuutiin yommuu haasa'aa turtetti, maqaa kana dabaltee-daddabaltee waamaa turte."

Maqichatu kan hin hirraanfatamne itti taanaan malee yeroof utuu hirraanfachuu danda'ee kan itti tolu ture. Amiinaa yoo jedhan Amiinaa yaadata; ishee yaadachuunimmoo kaleessa yaadachuudha; kaleessa keessa yaadannoo jaalalaa hedduutu jira; isammoo amma yeroo kanatti yaadachuun bu'aan isaa gaddaafi boo'icha qofa waan ta'eef, yeroof qadaadee bilcheessuu barbaada. Garuu akkam godhee haadanda'u!?

Kennaan callisuu filateera. Barsiisaa Biraasaan tamboo biraa baasanii qabsiifatan. Callisni Kennaa akka tuffii wa'ii isaanitti fakkaatee aarsuunii barbaada; "Gaafa gaafatamtus deebii kennuu hin feetu; afachu, ati eenyu?"

"Ati eenyuu?" Kennaan tasa kolfa lakkise. Kolfasaa keessattis miira raajamuutu mul'ata ture.

"Dhugumattiyyuu ani eenyu?" Jedhee ofiisaas, Barsiisaa Biraasaas gaafate.

"Na waliin dhalateesaafi ergan dhaladhee ana keessatti dhalateesaa hin yaadadhu; garuu ergan of baree eegalee gaaffii eenyummaa kanaadha ganama- ganama hirribaa kan na dammaqsu. An eenyu? Uf... tarii ani hortee sanyii mukaatii laata? Firii mukaa afaan sinbiraa buutee bakka gataa balfaarratti biqilte. Dabaleesimmoo ani qilleensan ofiin jedha. Eenyummaan koos, seenaan koos qilleensa. Qilleensi baala raasuusaa malee eessaa akka ka'eefi garamitti akka qilleensa'u hin beekan. Anis jiraachuu koo malee achii dhufaatii koofi fufiinsa hidda latii koo hin beeku. Barsiisa, nama ta'ee dhaladhee qilleensa ta'ee jiraachuun koo isin hin gaddisiisuu?"

"Gama tokkootiin namni firii mukaafi qilleensatti of fakkeessuun isaa bita na galcheera. Gama biraanimmoo akkaataan dubbannaa kee qulqullummaa kee naaf mirkaneessa. Mee qola baasii naa himi... tarii abbaa kee hin beektuu laata?"

"Abbaa jettanii? Abbaa koo, miti ana, haatni kiyyallee hin beektu."

"Akkam? Yoo jettu... eenyuutti waamamtaree? Kennaa eenyuuti?"

"Kennaa Kuluulee"

"Kuluuleen maal keeti? Wasiila? Eessuma?" "Haadha kooti. Kuluuleen haadha kooti!"

Waantisaa Barsiisaa Biraasaaf ifa akka ta'utti, Kennaan akkaataa dhalootasaafi haala guddinasaa tokko-lama jedhee seenesseef. Barsiisaa Biraasaanis liqimfamaan dhaggeeffataanii turanii, "Jabaadhu Kenna. Kan yeroon dhokse yerootu mul'isa. Yeroosaa eeggata malee addunyaa kanarratti waanti iccita ta'ee hafu hin jiru. Abbaa kee guyyaa tokko baruuf jirta. Hibboon eenyummaas akka hibboo ta'etti hin hafu..."

"Al tokko-tokko yommuun taa'ee yaadu, Rabbi garuu gara-jabeessa-n jedha. Sana mara tole jedhee fudhee obsee jiraannaan, ammammoo badii koo malee abbaa badii ta'ee akkan hidhamu eyyame." "Yaa mucaanana, asitti kan ati agartu kun marti badii

qabaataniiti seetaa? Hin see'in – sitti hin fakkaatin..."

"Naaf hin galle barsiisa. Badii malee hidhamuunis jira jechuutti jirtuu?"

"Hin dogoggorin Kenna. Jabana kana dhugaa biyyi beeku utuu hin taane soba angoon golgeedha dhugaan. Ango-qabeessatu dhuga-qabeessa... isa abbaan dhugaa." Kennaan dabareesaa bita galfame – inni kana quba hin qabu ture.

"Ta'us hin sodaannu. Sobni akka shukkaa man'ee keessa taa'uuti – kan yeroo barbaadanitti luqqisanii, waan waraanuu barbaadan waraananii man'eetti deeffatan. Dhugaan garuu achii luqqaanaan deebii hin qabdu; geeraraanis, 'qal'atteef dhugaan hin cittu, qal'attee yeroo eeggatti,' kan jedhee geerareefis kanumaafi. Dhugaan birmaduu isin baasti jedhamees caafamee jira. Hattootni gurguddoon jaraa hattoota xixiqqoosaanii fannisu; gabbataa buusanii yelbataa yaabsisu. Nutis badii warra kaleessaatiif har'a yakkamne. Gaarummaan isaaniis har'atti hin ceene.

Mee inni kun yeroo biraaf nuuf haaturuutii... maqaan ati sila qalbii abjuutiin waamaa turte eenyun jedhee? Eeyyeen yaadadhe – Amiinaa. Isheenimmoo maal keeti?"

"Amiinaan, awaalcha haadha koorra dhaabattee waadaa haadhummaa kan naaf seente, kaffaltii beenyaa Waaqa haadha na jalaa fudhateeti. Ifa lafaa kanarraa qaba kanan jedhu tokkittii haadhaa dhabee yeroon qe'ee warra du'eetti galee dharraatiin du'a eegaa ture sana, anoo haadha duute booda haatni jirti hin seene... Amiinaan yeroo sana keessa gugee nagaa Waaqa jaalalaa biraa gara jireenya kootti ergamteedha; isheen anaaf waa hunda." Ijawwan Kennaa lachan imimmaan calalan; "Hunda caalaatti kan na dhiphisaa jiru waa'eesheeti. Yeroo ammaa kana waa'ee kootiif gadda cimaa keessa jirti."

"Hidhamuu kee dhageesseettii?"

"Natti fakkaata!"

"Akkamiin beekuu dandeesse?"

"Afuura kiyyatu naa hime."

***

-9-

9.1

Sirni gaa'ila Jaafariifi Jiituu raawwatamuuf halkan shantu hafe. Dhufaatii Jaafariin dura cidheessi jalqabame akka itti fufetti jira. Baay'inni waraqaa waamichaa hirame hanga tilmaamameetiin gadi ta'ee waan argameef, Abbaan Jaafar, sangoonni qalmaaf bitamanii qopha'aan hankaakuu malu sodaa jedhuun sangaa dabalataa barbaacha isa barii lafaa ba'aan, baadiyyaa keessa oliifi gadi jooraa oolanii galcha loonii qe'eetti deebi'an.

"Akkam milkooftanii?" Jedhan Haatni Jaafar abbaa warraasaanii garaa qul'aa ooleef waa qabatanii golaa gor-duubatti ba'aa. Abbaan Jaafar hin milkoofne; "Waanuma ijatti toltu dhabeen itti dhiisee gale anoo," erga jedhanii booda, "Namni na barbaade jiraa?" Jedhanii utuu afaanii hin fixin bilbilli gor-duubaa iyye.

"Isaanuma ta'aa laata? Sila Hajii Nuuree bilbilanii turan," jedhan Haatni Jaafar faffatoo itittuu bar'uu guutanii harkatti baatan gara afaan Abbaa Jaafariitti geessaa. Abbaan Jaafar Harka haadha Jaafar isa afaan bira isaan ga'e harkaan of irraa dhiibaa ka'aanii bilbilicha kaasan.

"Haloo!"

...

"Walekum assalaam!"

...

"Haji isinii... dhaa'ii!? Kunoo amma reefuu utuu naa himuutti jirtuu..."

... "Nagumaanii?"

...

"Tole... tole!"

...

"Maal rakkoo qabaree? Nan dhufa."

...

"Haa ta'u... achumatti na eegaa."

...

"Tole!"

...

"Hin turu ammuman dhufa." Abbaan Jaafar xumuranii, ittiin dubbata bilbilchaa man'eesaatti deebisan.

"Maal jedhan?"

"Dhimma cimaaf akka na barbaadan naa himan malee walii dhimmichaa adda hin baafanne."

"Maal ta'inna laata?"

"Mee ga'een deebi'a."

"Nyaattanii hin deemtaniiree?"

"Lakki na eegu."

Abbaa Jaafarii, waa'een bilbila hajii har'aa kun keessummaa waan isaanitti ta'eef dhimma cimaa jedhame dhaga'uuf sardamaniiru. Ammaatiin duratti, jumhaa-jumhaa, al tokko-tokko yommuu Mazgiidatti wal argan isa nagaa afaanii wal gaafataniitiin alatti akka har'aa kana dhimmamaan wal harbaadanii hin beekan ture.

9.2

Aadde Muniiraan – warri manaa hajii – Haatni

Amiinaafaa, balbala dukaanaa keessaan itti deebisatanii herrega guyyaa buusuutti jiru. Abbaan warraasaanii Hajii Nuureenimmoo qarmammeettii dukaanichaa jala doombii kaa'atanii jaarsolii sadii ofitti naanneffatanii taa'aanii haasaa ho'aa keessa jiru. Abbaan Jaafar ga'anii, arfanuu harka qabanii, dugda bar'uu harkaarra dhungataa erga nagaa gaafatanii booda, doombii biraa dhufeef irra cina hajii taa'anii dhimma cimaa barbaadamaniif dhaga'uuf eeguu jalqaban.

Dursuun kan eegale hajiidha; "Maal abbaa Jaafar? Maal? Maal? Maal inni waanti ta'uutti jiru kun?" "Maal inni haji? Rakkinatu jiramoo?" Jedhan Abbaan Jaafar jecha Hajiitiin bita galfamanii. "Mee jaarsoliinana isinis dubbadhaa malee! Musiliimni tokko Musiliima akkasaatii dhiisee kabiraa haafuudhuuf amantaan keenya nu eyyamtii?" Hajiin jedhanii ija gaaffii deebii isaan irraa eeguun gara Abbaa Jaafariifi jaarsolii sadanii dabaree mil'atan.

"Lakki!"

"Akkam ta'ee!? Akkam godhee!"

"Tasumaa kun haraama!" Jedhan jaarsoliin sadan wal harkaa fuudhanii. Dhumarratti Abbaan Jaafaris, "Lakki!" jedhan.

Hajiin miira anatu mo'ateen gara Abbaa Jaafar ilaalaa, "Erga kana ta'ee, egaan maaliree waanti atiifi ilmi kee gochuutti jirtan kun?" Erga jedhanii booda, akka seequu ta'aa, "Magaalaa guutuun waa'ee keessaniitiin buna dhugaa jira. Maal Abbaa Jaafar, isin jaarsa guddaadha mitii? Akkamittiin kana gootu?" Jedhanii jaarsolii sadan ijaan tuqan – dubbii na gargaaraa akka jechuuti.

9.3

Abbaan Jaafar ceephoo isaan irratti ta'eetiin hedduu akka gaddanittl mataa buusanii manatti deebi'an. Hirbaatni dhi'aatuufis tole hin jenne. "Maal taate Abbaa Jaafar – nama hedduu gadde fakkaatta?" Jedhan Haatni Jaafar, fuulli abbaa manaasaanii aariin

gurraacha'ee yommuu arganitti.

"Faaxe ijoolleen kee nama hoodaa na goote!"

"Ijoollee kam?"

"Jaafariifi Leensaadha ka. Na salphisan; biyyan itti kabajamee jiraadhe keessa qul'aa na dhaaban."

"A'uz billah! Maalif?"

"Kunoo harkisa isaan fidaniitiinan jaarsolii gidduutti nama kolfaa ta'ee sii dhufe."

"Mee kottaatii qorra keessaa ol seenaa," jechaa harka Abbaa Jaafariin qabanii utuu manatti ol galfataa jiranii Laliseen itti dhufte.

Jaafar gor-duuba soofaa keessa dugdaan ciisee raadiyoo BBC dhaggeeffachuutti utuu jiruu sagalee dheekkamsa abbaasaa dhaga'ee, sagalee raadiyichaa hir'isee garasumatti gurra qeense.

"'Jaarsa beekaa siin qabna jennee utuu si abdannuu – utuu siin boonnuu, maal abbaa Jaafar ijoollee faana buutee ijoollee taataa?' naan jedhan. Gurra gatte, doolaaratu macheessee safuu Musiliimummaa si dage-n jadhame," jedhu abbaan isaa.

"Isaan callisaniiti malee Jiituun nan Musiliimoma erga jettee maal rakkoo qaba? Quraannis yoo ta'e isa kana hin mormu," jetti Laliseenimmoo.

"Waanti anaaf hin galin hafe tokko, si Lalise ati garuumee, jalqabumayyuu Gimbii biyya hintalli Musiliimaa guuttee jirtu keessaa obboleessa keetiif niitii kan taatu dhibnaanimoo maalifidha Jiituu- Jiituu jechuun kee?" Jedhan Abbaan Jaafar; Laliseen cal!

"Kun anumaafuu gaaffiidha – dhugumattiyyuu maaliifi?" – Jaafar gor-duuba taa'ee jedhee of gaafate.

"Kan biraanimmoo... akkuma jaarsoliin jedhan, nama kaleessa hin beekne tokkotti heerumuuf jecha qofa hintalli amantiishee kaleessa beektu jijjiirtu kun amma dhuguma obboleessa kee kanaaf haadha manaa gaarii ni taati jettee yaaddaa?" Abbaan Jaafar jedhanii gaaffii biraa lammeessaniif. Laliseen akkuma callisuu filattetti jirti – callisuu feetee utuu hin taane gaaffii gaafatamuutti jirtuuf deebii feccisaa kennitu yeroof waan hin qabaatiniif.

"Kunis sirriidha nama shakkisiisa," jedhe Jaafar yaadasaatti – mudhiitti ol jedhee taa'aa.

"'Ganna darbeef mana hin ijaaran,' jedha Oromoon yeroo makmaaku. Kan ta'ehoo sila ta'ee, amma maal fayyada cidha halkanni shan hafeefitti ofumaa mataa wal cabsuun?" Jedhan haatni Jaafar gidduusaanii seenuun.

***

-10-

Miinjoliin Jaafar sadii: Dr. Dirribaa, Daani'eeliifi Abubeker. Sadanuu hiriyyoota Jaafari. Dr. Dirribaan haadha manaafi ijoolleesaa lamaan qabatee konkolaataa manaasaatiin jimaata dhuftu Gimbii gala. Gartuu suuraa kaasaniifi suur-sagalee waraabanis guyyuma sana konkolaataa biraan of faana kaasuuf itti gaafatamummaa fudhateera.

Daani'eel mucaa Biilaati. Biilaan Magaalaa ganda lama qofa qabduufi Magaalaa Gimbiirraa fageenya 48km irratti argamtu, magaalaa xiqqoodha. Magaalaan kun duratti daandii hin qabdu turte. Amma garuu daandii aspaaltii waan argatteef, konkolaataan Gimbiitii ka'e yommuu magaalaa xiqqoo Dongoroo jedhamtu ga'u daandii duriirraa maquun magaalaa Biilaa erga kutee darbee boodadha gara Najjoo-Mandii-Asoosaatti kan darbu.

"Oromiyaa waliin haamisoomsinu!" Kaayyoo jedhu

qabatee: Ameerikaa, Awurooppaa, biyyoota Iskaandineeviyaafi kan biroorra naanna'uun waamicha mootummaan naannoo Oromiyaa dhalatoo Oromoo biyya ambaarra faca'aanii jiraniif godhe simachuun investeroota Oromoo Oromiyaatti deebi'anii dalagaa bu'aa isaaniif argamsiisu adda- addaarratti qabeenyasaanii dhangalaasuutti jiran keessaa Daani'eel isa tokko.

Daani'eel turtii Ameerikaa-Mineesotaa waggaa soddomaa booda maatiisaa achitti dhiisuun bara kaan ganda dhalootasaa – Biilaatti deebi'ee, horsiisa qurxummiifi bakka bashannanaa haata'uuf yaadamee, haroo LUTIRAN-tiin hidhaansaa bara 1995 xumuramee tajaajila yaadameef irra utuu hin oolin akkasumaan gatamee taa'uufi Haroo Intoo jedhamee waamamurratti hojjechuuf Mootummaa Naannoo Oromiyaa gaafatee, Biiroo Investimeentii Oromiyaarraa eyyama argateen dalagaatti seeneera. Yeroo darbe gaaffiifi deebii TVO waliin taasiserratti Daani'eel akka dubbate yoo ta'e, yeroo muraasa booda, Wallaggaa,

gatii muraasaan foon qurxummii sooruu jalqaba; Biilaanis wirtuu bashannanaa Wallaggaa jedhamtee waamamti – akka Daani'eel jedhutti.

Mineesotaatti, Daani'eeliifi Jaafar miseensa afoosha Oromoota Mineesotaa turan. Walitti siqatanii hiriyyaa iccita dhoksaa garaa wal haagodhataniifis sababni afooshuma kanaadha. Daani'eel eda Biilaarraa bilbilee har'a sa'a booda akka dhufu Jaafariif himeera.

Har'i guyyaan roobiidha. Jaafariifi Jituun Dilbata dhuftu sirna cidha'saanii raawwatu. Akka toorri sagantaa yeroo cidhichaa ba'ee lafa taa'ee jiruutti, misirrittiin erga mana warrasheetii baateen booda sagantaan suuraa waliin ka'uu Collii deemamee bosana(bakka bashannanaa) Collii keessatti ta'a. Daani'eelimmoo eda yeroo bilbiletti, bakka Collii, sagantaan suuraa ka'uu Haroo Intoorratti utuu ta'ee yaada jedhu kaasee ture. Dabalatas, yaadnisaa kun fudhatama kan argatu taanaan, yeroo gabaabduu hafte kana keessatti baasii mataasaatiin sagantaa bashannana addaa tokko

haricharratti akka qopheessu abdachiiseera. Jaafar dhimmuma kanarratti Abubekerii marii'achiisuuf ganamaan manaa ba'e. Abubeker ogeessa hodhaa uccuu yommuu ta'u fuul-dura toora dhaabbii taaksiitii dukaana gurgurtaa carqii xaaqaa qaba. Abubekeriifi Jaafar hiriyyaawwan qofa utuu hin taane xiqqoo akka firummaa dhiigaa wa'iis wal keessaa qabu. Beellanmisaanii ganama sa'a sagal – Kaaffee Siifaniitti.

Jaafar manaa kan ka'e yeroo beellamaarraa sa'a tokko dursuuni. Kanas kan godhe lafoo deemaa Gimbiifi sochii dinagdee'shee daawachuuf yeroo bal'aa akka qabaatutti. Gimbii durii, Jaafar har'allee ba'eessa godhee yaadata!

"Nan yaadadha...! Bakka kana mana dubartii manyee gurgrtu tokkootu ture – haadha Arfaasee jedhamti... nan yaadadha... anillee maamila manyeesheen ture... yoowana maal keessa jiraatinnu?" Gimbii duriifi ammaa yommuu wal bira qabus, "Dur, toorri kun akka jiruun mana gandaa ture; amma garuu martinuu diigamanii gamoon bakka bu'eera." ...akkas-akkas

jechaa dhufee gamoo Shaashituu durii xiqqoo darbee akkuma Kiliinika Olaanaa Dr. Caalii cina ga'een, ijnisaa aspaaltii ce'ee miidhagina bajjii tokkorra buunaan deemsarraa dhaabatee... hubatee ilaaluu jalqabe.

Miidhaginni bajjiin Jaafariin qalbii booji'ee miillas gaadi'e kun miidhagina mucaa durbaa dabtara lapheetti qabattee cina aspaaltii dhaabattee jirtuudha: diimtuu biluu – akka goraa bilchaatee; qal'oo – qal'oo mudhii soonsaa; simbo-qabeettii dhaabbii toltu; walumaa galatti, namarraa dhalattee utuu hin taane, olii kan dhufte, ergamoota Waaqaa keessaa tokko fakkaatti; "Yaa hojii Rabbii! Amma kanas biyyeetu nyaataa?" Nama jechisiisti.

Bakka mucattiin dhaabatturraa xiqqoo gadi siqee lestiroonni lamni taa'aniiru. Isaan keessaa tokko, "Shuuf-shuuf!" Jedha cinaacha hiriyaasaa ciqileen tumataa – Jaafariin itti agarsiisuuf.

"An siif du'e... maaloo ilaali namticha sana mucaa ijaan

kutuuf jedhaam!" Hiriyaan isaas shuufee, "Namtichi maal ta'e... budaatu irratti nyaatee?!" "Buus!"

"Buus!"

Sagaleesaanii ol kaasanii wal harkaa fuudhanii "Buus... buus!" Jechuu jalqaban. Gurri Jaafar garuu boqonnaa waggaa ba'ee waan tureef isaaniin dhaga'aa hin turre. Kana gidduutti konkolaataan deddeebisaa barattoota Yuniversiitii-Kolleejjii Westernii dhufe.

Jaafar waa'ee mucattii kanaa nama gaafatu naannoosaatii utuu ijaan barbaaduutti jiruu lestiroota sana lamaan arge; gara'saaniittis ce'e. "Nagaa jirtuu ijoolle? Dhiifama... mucaan ammaa eessadhaa?"

"Mucaa kam?" Jedhe inni tokko, mucaa kam akka taate nama quba hin qabne fakkaachuun.

"Cina keessan ka dhaabataa turte!"

Lestiroo inni biraan, "Ka amma 'servizii'-n barattootaa fuudhee sokke baantaa?"

"Ya!" Jedhe Jaafar mataa oliifi gadi raasaa. Lestiroonni lamaan wal harkaa fuudhanii himaniif; "Asumaadha – Amiinaa jedhamti."

"Hintala eenyuuti?"

"Kan Hajii Nuuree." – Lestiroo inni tokko. "Miidhagduudhaa?" – Lestiroo inni biraan. "Hedduu! Kanarrattimmoo hintala Musiliimaati," jedhe Jaafar ajaa'ibsiifamaan.

"Ammallee gaddarra waan jirtuuf of gatteetti malee duratti utuu argitan ta'ee silaa maal jetturee?" – Lestiroo inni tokko.

"Gaddaa jirtii?" – Jaafar.

"Maal ishee qofa, nutillee akkasumaadha." – Lestiroo inni biraan.

"Maaliif?" – Jaafar.

"Kennaan hidhame jedhan." – Lestiroo kan durattii.

"Kennaan obbolleessasheetii?" – Jaafar.

"Miti jaalalleesheeti." – Lestiroo inni biraan.

Keessi Jaafar miira inaaffaatiin qanxooxamuusaa ijoollettiin arganii, akka kolfuus, akka raajamuus ta'anii wal qanxooxan.

Jaafar, Abubekeriin yommuu argetti, dhimma beellama qabataniif dhiisee oduu rifaasisaa tokko dhageessiseen.

Dr. Dirribaafi Daani'eeliifis isuma kana barreessee bilbil-sochiin erge; barreeffamichis ifaafi gabaabaa ture. "The wedding is cancelled!"

***

-11-

Cireen dhi'aateef, nyaatasheen jaallattu: aannan danfee qabbanaa'eefi faxiiraa nadhii dammaani. Fedha nyaataa dhabdus amalumaaf, yookaanimmoo afaan bule baasuuf... aannanicharraa tokko unattee akka nama qoricha koosoo – heexoo dhuguutti jiruu duluunfattee liqimsite; faxiiricharraas tokko cabsattee nadhii dammaatti tuqattee, akka nama ancaa alanfatuutti afaan keessa naannessitee isuma alanfataa, teessee ija lafa jalaan sochii jaarsolii sadanii dhi'eenyarratti hordofti; akkasumas kan abbaafi haadhaashee – Amiinaan.

Ijni jaarsolii sadanuu isheerra jira. Ganamaan maaliif akka gor-duuba manasaanii keessatti argamuu danda'aan waan beektu hin qabdu – waan itti shakkitus. Gara haadhashee mil'atte; haatnishee yaadaan liqimfamanii taa'aniiru. Abbaan isheemmoo bar'uu harkasaanii walitti qadaadanii, quboota harkaa

wal keessa gaggalchanii, quba abgudduu walitti rigaa ijaan daawwitii foddaa fuulleesaanii keessaan dabarsanii ala-ala ilaalaa, fuul-duree kophee miilla mirgaatiin lafa reebu. Kunimmoo mallattoo gaafa dubbii nyaatanii akka ta'e Amiinaan ni beekti; dubbii isaan har'a nyaachuutti jiran garuu quba hin qabdu. Ijashee isaan irraa kaastee gara Bashaatuu ishee cina afaan balbala gor-duubaa teessee buna danfisuutti jirtuutti darbatte. Bashaatuun mataa buustee teessee, bunichi dafee akka danfuuf girgiraatti hafarsuutti jirti.

Guyyaa gaafa Amiinaan waa'ee tasa qabamee hidhamuu Kennaa dhageessee mana barumsaatii gidduutti baatee imimmaaniin fuula dhiqataa galte sana galgala, dabareen kan warra guddoo waan tureef, Hajiin bultiif mana haadha Kadir dhaqanii utuu achi jiranii, waa'ee jaalala Amiinaafi Kennaa achumaa dhaga'aan. Kan himeefis haadhuma Kadiri. Isaanittis warruma guyyaa Amiinaa argetu hime. Hajiin isa kana dhaga'aan rifannaa jabaan rukutaman. Aariisaaniis

bulfatanii, bari'ee hanga Amiinaa bira ga'aanitti obsa dhabanii, halkanuma sanaan, samii magaalaa Sodomiifi Gomoraa keessaa bokkaa dhagaa abiddaa roobsuun jiraattota magaalittii warra dalagaan isaanii fuula Waaqaa duratti ciigga'amaa ta'ee argame sana haaballeessaniif ergamoota Waaqaa gara magaalittiitti ergamanii dhaquutti jiran fakkaatanii, barbaarcha Amiinaaf gara mana warra manaasaanii xiqqootti qajeelan.

Baay'ina boo'ichaarraan kan ka'e Amiinaa mataan dhukkubee rafte, balballi kutaa ciisichashee humnaan darbatamee banamuusaatiin wareertee hirribaa dammaqxe. Kutichi keessi dukkanaa'aadha. Namni akkanatti wareersee hirribaa dammaqseen kunimmoo tiriikkaa of harkaa qaba.

Amiinaan harkashee mirgaa gara adda jalaatti gadi siqsitee qabachuun xiyyoo ifa tirlikkichaa jalaa ijashee golgataa mudhiitti ol jette. Haata'u malee ifni tiriikkichaa cimaa waan tureef, Ijashee qecelootti

gargar saaqxee eenyummaa nama cinashee dhaabatee jiru kanaa adda baafattee beekuu hin dandeenye. Namni cinashee dhaabataa jiruufi Amiinaan adda baafachuu dadhabde kun qaamaan gabbataa akka dheeraa wa'ii yoo ta'u, miti dukkanaan dhufee, akkanumaanuu faara badaa waan ta'eef, haallisaa nama sodaachisa.

Amiinaan guutummaan guutuutti hirribaa dammaqxee, hanga ijni ifatti madaquufittillee utuu carraa hin laatiniif, "Si dhukkubanana!" jedhanii sagalee dibbee gurraa dhoosuu ga'uun yommuu akka garaa waaqaa qaqawweessa'an ture namni sa'a kanaan dhufee akkanatti rifaasiseen, abbaashee ta'uu kan bubatte. Sagalee jabaa ittiin abbaan ishee ifatan kanaatiin utuu Gooliyaadiin Daawwitiin ifateera ta'eetii, Daawwit 'sin gombisa' jedhee dhaadataa miti Gooliyaaditti furuursaa buufatee dhagaa xixiqqoo funaannachuu, fuul-durumasaayyuu dhaabachuuf waan ija jabaatu hin fakkaatu.

"Ulfina si gachiisisee, wanti boossisaa daandiirra si

kaase kun maaluman jedheem!?"

Amiinaan deebii hin laanne. Dhimmi halkan kanaan fiigsisaanii isaan fidee isheerratti duchisiisuutti jiru, waa'ee boo'ichashee guyyaa ta'uu yommuu hubattetti, wal'aansoo dukkana waliin gochuutti jirtu dhiistee deebitee ciiste. Kunimmoo abbaashee caalaatti kan aarsuun ta'e. Tiriikkicha gara harka bitaatti dabarfatanii harka mirgaa abootteeffataa, "Hintal waaq-umseenana! Lakkii dubbadhu harka nansababinii!" Jedhaniin sagalee aariin wal irraa ciccituun.

Dhimmi akkanatti Hajii aarsee afuuffee qilleensi dhise fakkeesse, Amiinaa homaa qerqeduunii dide. Tiriikkicha barcuma of cinatti argatan irratti darbachuun garasheetti siqanii, "Hidhame jettee kan ati gadda teessuuf Kennaan – ilmi kadhattuu sun siif maalin jedheem hintalaa!?" Yeroo jedhanitti, tasa bakka ciistuu murxuxxifamtee ol jette. Ijnishee inni hanga ammaatti sodaa ifaaf gargar hin saaqamu jedhe sunis saaqamee ilaalee-ilaalchisuunii jalqabe.

Haadhashee balbalarra dhaabatanii jiranis amma reefuu agarte.

Amiinaaan, kan abbaan ishee jedhan gurra dhaga'e shakkitee, irra haadeebi'aniifiif, "Eenyu jettee aabba?" Jettee gaafatteen. Abbaan ishees, gurrashee qanxooxxaan qabanii raasaa, "Kanan jedhee... ilmi kadhattuu sun ma...al kee...tii?" Jechuun kabalanii, mat-dura sireetti mataashee rukutan. Haatnishee gidduu seenuuf aggaamanii, gidduuttimmoo, amala abbaa manaasaanii waan beekaniif deebi'anii dhiisan. Hajiif waa dhiisaa jechuun itti caalaa jechuutiin qixa.

Amiinaan waan kabalamteef abbaasheetti hin mufanne; kan mufachiiseen akkaataa ibsa Kennaa isaaniiti. Bakka mat-durri siree rukuteen bar'uu harkaa keessa oolfattee sukkuummataa ol jettee, ija 'abidda tufuun' abbaa'shee ilaalaa, "Hiyyummaan budummaa miti. Soorumas sanyiin hin dhaalan. Aabba, umurii Kennaa har'aatti ati barataa Yuniversiitii hin turre. Egaan inni umurii kee ammaa kanattimmoo sooressa

akkamii akka ta'uu danda'u atiyyuu tilmaamika," yommuu jettu, Hajiin kolfa aarii wa'ii kolfaa gara Haadha Amiinaa ilaalan. Haatnishees ija jabina Amiinaa har'aa kanaatiin rifatanii afaan qabatanii dhaabataniiru.

Maqaa namnisheen jaallattuu tokko hammeenyaan gaafa ka'u callisaan darbuu dadhabuun Amiinaa, Hajii aarsuuniirra darbee fayyummaa qalbii hintalasaanii waan shakkisiseef dhiisanii ba'uuf ka'an. Haatnishees, guutummaan guutuutti hirribaa dammaquushee shakkanii, balbala itti deebisuufiin abbaa warraasaanii fuudhanii ba'aan. Galgala gaafasii, dabareen bakki bultii Hajii Haadha Kadir bira ta'us, achuma Haadha Amiinaa bira halkan lammataaf bulan. Halkan lamaan dhuftu dabareen kan Haadha Kadir ta'a jechuudha.

Hajiin kutaa Amiinaatii erga ba'aanii booda dubbicha akka nama hirraanfateetti, yookaan tuffatee darbeetti, dhimma dalagaa ilaallaterratti dudubbachuu jalqaban. Haatni Amiinaa siree keessa seenanii hedduu

utuu hin turin rafanii kurruufan. Hajiin kan eegaa turanis yeroo itti kun ta'uudha. Isaan booda, Hajiin dugdaan ciisanii, dukkana limixii kuticha liqimserratti akka ija hirraanfatanitti yaadaan yeroo dheeraa dabarsan. Hirribni ijatti kan dhufes ol yaadanii-gadi yaadanii, baasanii-buusanii, qabxii furmaata ta'a jedhan tokkorra erga ga'aniitiin boodadha. Qabxii'saan irra ga'an kunis, Kennaan utuu mana adabaa jiruu, atattamaan akka ta'an-ta'anii Amiinaa heerumsiisuudha... danda'aamnaan biyya Kennaan lamuu deebi'ee ijaan ishee arguu hin dandeenyetti achi fageessanii.

Halkanni itti Amiinaafi Kennaa gargar baasuuf jal'aan jal'ina ulfaa'e darbee lafti yoo bariitu, hama- hama keessa waa'een namticha sirna gaa'elasaa raawwatachuuf Ameerikaatii dhufee Gimbii jiruu sun Hajii gurra bu'e. Jennaan Hajiin, carraa argame kanatti fayyadamuun ka yaadanii bulan sana fiixaan baafachuu karoorsan. Karoorichi, akka nama amantiisaatiif inaafe tokkootti socho'uun, cidha guyyaan qabameef

fashalsuurraa jalqabee hanga hintalasaanii – Amiinaa nama kanatti heerumsiisanitti, xaxaa jal'inaa diriirfameedha. Kanas kan raawwatan kallattiin utuu hin taane jaarsolii biyyaatti fayyadamuudhaani... akka milkaa'ufis ni beeku.

Jaarsolii Gimbii keessaa, dhugaa soba godhanii, soba dhugaa fakkeessanii dandeettii dubbatanii waa nama amansiisuu qaban sadii, kan olmaan isaan bitee Hajiif jalee ta'aan jiru; isaan sadan gurra magaalaa Gimbiiti – gurra Haajiiti. Namoota birattis Sillaasee Hajii jedhamuun beekamu. Hajiin haala kanaan hintalasaanii Jaafariitti heerumsiisuuf boolla meeqa qotanii boolla meeqa duuchuutti utuu jiranii ture kan Jaafar tasa Amiinaa arge.

Guyyaa sana Jaafar, Abubeker irraa adda ba'ee akkuma manatti deebi'een abbaasaa waamee qofaatti baasatee, bakka Jiituu, hintala Hajii Nuuree fuudhuu waan yaadeef, gara mana Hajii Nuureetti jaarsolii akka erganiif himate. Abbaan isaa yommuu kana dhaga'aan,

akka gammaduus, akka rifachuus ta'an. Wanti isaan gammachiise, ilmisaanii Jiituu yoo fuudhe ceephoo isaan irra ga'uuf ture jalaa waan ba'aaniif yoo ta'u wanti isaan rifaafisemmoo chidhni raawwatamuuf halkanni afur hafeef tasa haahafu jedhamuusaati. Ta'us hundumaarra caalaa biyya kabajamanii jiraatan keessatti dulluma keessa maqaan isaanii waan hin badneef tole jedhan.

Abbaan Jaafaris guyyuma sana ture kan isaan dhaqanii, dhimmicha, jaarsolii antee Hajii ta'aan sana sadaniin kan marii'atan. Jaarsoliin sadan kun warra guyyaa gaafa Hajiin bilbilanii dhimma cimaafan isin barbaada jedhanii isaan waaman sana Hajii faana taa'aa turaniifi har'a Amiinaan ija lafa jalaan caqasuutti jirtuudha.

Bashaatuun buna buuste hiruuf yommuu kaatu Amiinaanimmoo ol jettee sa'a keenyanii fuulleesheetii ilaaltee, yeroosheen itti mana barumsaa dhaqxu ga'uusaa hubatte. Yeroo kana jaarsolii sadan keessaa isaan umuriin angafa fakkaatan, "Maalif hintala ko?

Maalif hin nyaanne?" Jedhan Amiinaafi nyaatasheen dhiistee kaate dabaree ilaalaa. Amiinaan kan ga'een ta'uu himaafii bakka teessuu kaate.

"'Qunceen ganamaan jiisan hin cittu,' jedha Oromoon; nyaadhu malee hintala ko," jedhan jaarsi warri rifeensi mataasaanii wal ga'ee addaatee jirbii hiddaa tole fakkaatu; "Kan ishee nyaachuun hanganuma; dhiisaanii haadhaqxuu," jedhan Aadde Muniiraan, Amiinaafi jaarsolii gidduu seenuun – buna Bashaatuun baattee dhaabattee isaanitti hiixattu baataa shiniirraa fudhataa.

"Bunahoo hin dhugduu?" Jaarsi sadaffaan jedhanii utuu afaanii hin fixin gidduutti Hajiin dubbatan; "Amiina hin deemin; isaan waan siif himan qabu fakkaataa... taa'iitii dhaga'i!"

Akka itti barfatu kan beektu ta'us Amiinaan ajaja abbaashee dhaga'uun, isa ba'uuf gumalii balbala gorduubaarra ajjette dhiistee deebitee teesse. Jaarsoliin sadanis – Sillaaseen Hajii, arrabasaanii isa muka

jiidhaallee 'qa' godhee gogsu sanaan wal harkaa fuudhanii cululuqsa dubbachuu jalqaban.

Jalqabarratti waa'ee gaarummaa abbaasheefi nama guddummaasaanii, akkasumas isaan sadanuu fira abbaashee akka ta'aan himaniif. Sababuma kanaatiifis, ishee – hintalasaaniitiif yeroo mara waan gaarii yaadoo ta'uusaanii hubachiifachuunii yaalan. Itti aansuun, waa'ee Ameerikaafi jireenyashee dhaga'aanii hanga gurraa qaban caalaatti kuulanii seenessaniif – biyya dhaqanii hin argin Jannata ga'aanii hin deebi'initti fakkeessanii. Achiis, waa'ee nama achii dhufee yeroo ammaa kanatti Gimbii jiru tokkoo himaniif. Xumura irrattis, isaan keessaa warri umuriin akka angafaa, "Dubbiin itti gala qabaatii... sittis. barfataa jiraatii... mee siifan gabaabsa. Egaan Amiina, si ajaa'iba! Jaafaritti heerumuuf shamarri Gimbii marti 'anaan,'-'anaan' jechuutti jirti; inni garuu hindumaarrayyuu caalchisuun siin filateera. Kunimmoo siifis, warra keetiifis, nuufis gammachuu guddaadha..."

Amiinaan jaarsolii sadanuu ija taajjabbiin dabaree ilaalaa callisaan dhaggeeffataa erga turtee booda dabareen dubbachuu gaafa kan ishee ta'u, akka seequu ta'aa, "Amma naa hubatameera. Akkuma isin gammaddan anis akkan gammaduuf... misiraachoo nu dhageessisuuf ganamaan dhuftan ka?" Jechaa ol kaatee dhaabatte.

"Eeyyeeni ka hintala ko – eeyyeeni;" Sillaaseen Hajii afaan tokkoon jedhanii deebisaniif.

"Galanni koo guddaadha. Garuu waanti anaaf hin hubatamin tokko, Jaafar isin jechuutti jirtan kun isa kamii?"

"Ni beektaanii laata? Waggaa kudha-afur dura isa biyyaatii ba'e kunoo amma, hintaluma biyya kootii yoon fuudhe anaaf wayya jedhee faranjii dhiisee dhufee as jira." Jaarsuma isa duraatu jedhee deebiseef. Amiinaan raajamuun, "Maalree argate mitii? Cidhasaa dilbata dhuftu raawwatata hin jennemoo?" Jettee gaafatte; jaarsoliitti gaaffii baay'isuushee kana abbaan ishee hin jaallanne; ta'us hamaa hin dubbanne.

"Sirriidha. Garuu... si argee yaadasaa jijjiire..."
"Ajaa'iba!" Jette Amiinaan ajaa'ibsiifamaan. Ittis fuftee, "Egaan amma kan isin jechaa jirtan, 'ati hundaa caaltee filamteetta... carraan kun maaliif hintala keenya ba'aadha' mitii?"

Amiinaa kolfatu qabaa jira. Waantichi ammayyuu akka qoosa wa'ii isheetti fakkaata. Kanarratti yaada warrishee qaban dhaga'uu feetee, "Ganama eebbifamtuu! Garuu... fedhii kiyya himachuutiin dura akkuma isinumtiyyuu beektanii... akka aadaa keenyaatti, dursa warra gaafatu. Warrarraa erga yaada argatanii boodas hintalatti darbu. Kanaaf, dursa maatii koo gaafattaniittu jedheen abdadha?" Eyyeen jedhan jaarsoliin sadan wal faana.
"Baay'ee gaarii! Deebii akkamii argattaniree?" Jaarsoliin sadan afaan tokkoon, tole jechuu maatiishee himaniif.
"Harme kun dhugaadhaa?"
Haatnishee boquu cabsatanii callisan. Xiqqoo eegdeenii yommnu deebii dhabdetti, "Toole!" jechaa gara

abbaatti dabarte.
"Aabba, kan jedhame dhugumaa?"
"Egaan hintala ko akkuma ati beektu, Allaaf bulanii waan jaarsi biyyaa jedhe hin didan..."
"Dhiifama aabba, an garuu hin danda'u!"

"Maaliif hin dandeenye jedhamtee yoo gaafatamtehoo?" Jedhan Hajiin dheekkamsaan. Aariin kan Hajiitu caale.
"Aabbaan har'a maal ta'e!? Barumsa kiyyahoo?"
"Ameerikaa manni barumsaa hin jiru siin jedhanii...? Moo...?"
"Jiraatus hin barbaadu! Hin heerumu! Hin deemu!" Amiinaan jettee, achiis gara jaarsolii sadanitti deebitee, "Jaarsoliinana, deebii koo dhageessanii jirtu mitii? Egaan dhaqaatii kanuma dhageessan himaafii!" Jechaa ba'uuf bakka teessuu kaate.

Hajiin hintalasaaniitiin waan xiiqii qabatan fakkaatu; "Egaan ani jedheera! Itti heerumtaa-itti heerumta! Ameerikaas ni deemtaa-ni deemta!" Amiinaanis akkuma abbaasheeti; xiiqiin itti dhaqnaan eenyuyyuu

ishee hin danda'u; "Hin heerumuu-hin heerumu! Ameerikaas hin deemuu- hin deemu! Hireen koo harka koo keessa jirti!" Jaarsoliin dubbii Amiinaatiin akka na'uus, akka raajamuus ta'aniiru; akka qaana'uus! Hajiin kolfa aarii kolfaa, "Ahaa! Akkasii dubbiin! Mee teenyee ilaalla kaa," erga jedhanii booda, miilla mirgaan saffisaan lafa reebaa, "Dhugaa qabda ati maal goote... ilma kadhattuu sanatu dangaboon tuqee xaxee lafa si kaa'eeti. Mee naa himimee! Isaaf jetteeti mitii kan ati ana abbaa kee jaarsolii gidduutti salphistuuf?"

Hajiin Amiinaa tuttuqanii Amiinummaashee irraa gara qerrensa hoosistuutti jijjiiran; "Egaan erga jettanii sirriidha – isaaf jedheeni. Silaa isin waa'ee maqaa keessanii malee jaalalaaf hin yaaddan. Isin warri jaarsa jedhamtanis mee dubbadhaa! Hintala Hajii ta'aanii ilma hiyyeessaa jaallachuun yakkaa? Eeyyeen yakka yoo jettanis maal rakkoo qabaree? Manaa gadi na baasaa ka! 'Ijni koo lamuu sin argin' jedhaa na ari'aa ka! Aabba, feetus ammuma mana murtii dhaqiitii

'Amiinaan dhala koo miti' jedhiitii abbummaa kee haqadhuu gali. Yookaanimmoo ilma haatni kaleessa kadhattuu turte jaallachuu kootiif yakkamtuu taasisii fuula abbaa seeraa dura na dhaabsisi. Murtiin anarratti darbus kan foon waliin gara abidda hin dhaamneetti na ergisiisu haata'u.

Feetus har'umaan kana dhaabbiitti boba'aa qaamatti na firfirsii na gubi. Foon koo gubii balleessi; lafee koo bobeessii daaraatti deebisi. Daaraa koos hammaariitii galaana diimaarra bittimsi. Yommuu kun ta'uttis kan waa'ee kootiif boo'u ija ittiin anaaf boo'een haajaamu; malee... anoo dhala koo hin nyaadhu," jettee aariin afuuraa ciccitaa gor-duubicha lakkistee baate. "Dhala koo hin nyaadhu!" Kan isheen jette Kennaa dha. Waggoottan sadii dura, awaalcha haadhaarra dhaabattee waadaa haadhummaa seente sana Amiinaan har'aallee ni yaadatti!!!

***

-12-

12.1 Ganama:

Amiinaan raftee, balballi kutaa ciisichashee utuu qosooqqosamuu qalbii hirribaatiin dhageessee dammaqxe.

"Oo.. eenyu?"

"Anadha Amiina – naa bani."

"Banaadha – banadhuu seeni."

Hojjettuu manaasaanii Bashaatuudha; banattee seente;

"Nagaa bultee Amiina?"

"Nagaa!" Sobasheeti malee Amiinaan nagaa hin bulle; abjuutu ittiin taphaa bule.

Bashaatuun, Amiinaa fuula erga dhiqachiisteenii booda cuukkoo qopheessiteefi lallaafaa fiddeef. Cuukkicharraas fallaana tokko fudhattee mi'eessitee alanfataa, "Akkam mi'aawa seete!?" Jettee Amiinaa qophi'uuf aggaamnaan Amiinaan, "Na ga'e," jechaa

afaan achi irraa qabatte.

"Yoom? Maal nyaattee? Edas hirbaata diddeeti mitii kan ciiste?" Jette Bashaatuun cina Amiinaa fiixee sireerra taa'aa.

"Na ga'e siin jedheem!"

"Lakki... hin ta'u!"

"Nyaachuu na barbaachisaa hin jiruutii maaloo na dhiisi!"

"Tole si dhiise!" Fallaana cuukkichaa deebistee keessee, "Garuu, biyya midhaanni hin dhibin keessatti utuu ijni koo ilaaluu ati beelaan duutee yommuun gaafatamu maal jedheen deebisa? Maal taateeti-n jedha?"

Duratti yoo akka fedhe ta'e Amiinaan cuukkootti garaa hin jabaattu turte. Har'a garuu garaa itti jabaatte. Maal haagootu? Akkamittis haanyaattu? Abjuusheen abjoottee bultetu abjuu abjootanii bulanii midhaan itti nyaatan hin turre.

Bashaatuun ummamashee ta'ee, namni dhiphatee yoo agarte faana dhiphatti. Kan gadde marti sababasheetiin akka ta'etti yaaddee nagaa dhabdi.

Kanarrattimmoo jaalallisheen Amiinaaf qabdu addatti. Eda Amiinaan hirbaata malee waan bulteef isheenis hirbaata malee bulte. Ammammoo Amiinaan ciree didaa jirti; egaan isheenis ciree malee ooluusheeti.

Amiinaan mudhiitti ol jettee, mat-dura sireetti boraatii hirkifattee, itti hirkattee, "Ispiraayiticha naa kenni yoo ta'uu baatellee isan dhugaa," jette. Bashaatuun bantee laatteef. Amiinaan harkaa fudhattee dhudhaatee, walakkaan geessee irraa ol jette. Waan gara dhangala'aa kana hin dhiisne hedduu fudhatti; sodaa keessa lapheeshee akka waan dhangala'aan gatatchuu; yookaanimmoo, imimmaanni akka waan bishaan irraa omishamuu.

Amiinaan sagalee cirattee tasa dubbachuu jalqabde;
"Dubartittiin eenyu taati laata? Namtichoo?"
"Eenyu isaan?"
Bashaatuun nyaata baattee taa'aa turte hiixattee barcuma cinasheetti argatterra keesse.
"Bashoo ko!"

"Ii... na waamtee bareedduu ko?"

Amiinaan, "Hiq-hiq" jettee boo'uu jalqabde.
"Maali Amiina? Maal taateetta har'a?" Bashaatuun rifattee gaafatte.
"Nan sodaadhe – hedduun sodaadhe!" – hirqitee boosse.
"Kamiin?" Jettee gaafatte Bashaatuun waa'een sodaa Amiinaa bita itti gale.
"An maalan beeka!? Nan... garuu nan sodaadha – nan sodaadhe Bashoo ko!"
Amiinaa qabaatu dadhabe. Bashaatuun haammattee, lapheetti qabattee, "Giiftii ko, utuu ani siif jiruu maalinni kan si sodaachise? Ati amma qophaa kee miti – an si biran jira."

Amiinaan harkashee lachanuun mudhii Bashaatuutti marmitee, itti maxxantee, itti tolee boo'ichashee itti fufte. Bashaatuun rifeensa mataa Amiinaa keessa quboota harka'shee deddeebisaa, addarra dhungataa, "Miidhagduu ko, waanti ganamaan si sodaachisu maaltu jira?" – daa'ima itti fakkaatte. Amiinaan ol

jettee ilaalteen. Baay'ina boo'ichaarraan kan ka'e ijawwan ishee itti didiimataniiru; maddiiwwan ishee imimmaaniin jiidhaniiru.

"Maal naaf wayyaa? Nan sodaadha-nan dhiphadha. Maaliif akka ta'e garuu hin beeku. Akkanumaan lafaa ka'ee boo'i-boo'i naan jedha."

"Jabaadhu giiftii ko," imimmaan ishee haqxeef. "Bashoo ko, abjuu hiikuu beektaa?"

Maddi sodaa Amiinaa abjuu agarte ta'uu Bashaatuun dursitee tilmaamteetti turte. Abjicha keessaa isa dammaqxe, deebi'ee hirribni qabuunii didee utuu akkanatti gagaragaltuu turtee barii lafaa jala 'sillim' jette.

"Abjuu hiikuun kan Rabbiiti. Kennaasaammoo sanyiin qabna."

Dhugumashee jette Bashaatuun. Haatnishee abjuu hiikuun kan beekamte turte; kennaan abjuu hiikuummoo sanyiin ni darba jedhama; ta'uu hin oolle. Bashaatuun, hanga haadhashee ga'uu baattus ammaan duratti al sadan tokko abjuu namaaf hiiktee, jettee

akka hiiktettis utuu raawwatuu argiteetti. Amiinaan nama abjuu hiikuu beeku – Bashaatuu of cinaa waan qabduuf itti tolee abjuu keessa bulte himachuu eegalte; "Waanti'saa akka abjuu wa'iiti. Haqas ni fakkaata... garuu abjuu dha."

Bashaatuun caalaatti itti siqattee teessee, ija-ija Amiinaa keessa ilaalaa ka itti aanu eeguu jalqabde. "Akkamiin akkan dhaqe hin beeku; qofa garuu lafa onaa tokko keessattan of arge – ammas taanaan lafa onaa keessan jira – qophaa kooti. Jirma muka laaftoo – qoreetti hirkadhee taa'ee... imimmaan miti dhiiga... utuun dhiiga boo'uun lafa fagoorraa sagalee dhaga'a – sagalee dubartiifi kottee farda gulufuu wal faana. Boo'icha koo addaan kuteen kallattiin sagalee dhaga'erra mil'adhee... namticha fokkisaa gurraacha, uffata gurraacha uffatee farda gurraacharra taa'uufi dubartii miidhagduu uffata adii miidhagaa lafa haru uffatten arge.

Akkan tilmaamutti isaan lachuu dorgaa-dorgeerra jiru – abbaa dursee ana bira ga'u. Sirriidha... akkasuma ture. Dubartittiin cimtuudha. Si ajaa'ibdi! Lafoo abbaa

fardaan dorgomti. Jalqaba yommuun isaan arge dubartittiitu dursaa jira... gidduutti namtichi abbaa farda gurraachaa kun, gurra fardasaatti gadi jedhee waan ta'e hasaasnaan, fardittiin akkashee durattii lafarra gulufuu dhiistee tasa koochoo biqilchitee kaatee, akka allaattii – waaqaafi lafa gidduu barristee namticha dursisiiste – namtichatu dursee na bira ga'e... akkanas naan jedhe; 'Ati hintala Hajii mitii? Lafa onaa kana keessaa qophaa maal goota?' Kennaan badnaan barbaaduutti jiraachuu koon himnaaniif, 'Inni deemeera as hin jiru. Kottu sin qaqqabsiisaa,' naan jedhe.

Gama tokkoon dubartittiin anatti haasofti – waan ta'e naan jetti. Gama biraanimmoo namtichi na sardaa jira – fardasaa irra taa'ee harka gadi naa hiixata; 'Dafi! Ariifadhu!' Naan jedha..."

"Achiihoo? Tole jetteeniiree? Namtichi si fuudhee sokkee?" Bashaatuun jettee akkuma Amiinaa gaafatteen Hajiin balbala kutichaa banatanii seenan.

"Hanga ammaa rafuutti jirtaa hintalaa?"

"Lakki aabba ka'eera. Xiqqoo mataatu..."

"Har'i guyyaa gabaa akka ta'e hin beektuu? Haadha keetti gabaan gobbuudha. Maaliif dhaqxee hin gargaartuun?"

"Tole nan dhaqa."

Gara Bashaatuuttis deebi'anii, "Atimmoo maal goota asii?"

"A...Amiinaafan ciree..."

"Si haaciru ija koo duraa! Amma sa'aatiin meeqa? Deemiitii Muniiraaf laaqana qodaa keessa godhi!" Jedhanii ba'aan.

Amiinaan boraatii jalaa bilbil-sochiishee fuutee yeroo ilaalte; haasaatti waan qabamaniif yeroon waan deeme isaanitti hin fakkaanne malee dhugumattiyyuu akkuma Hajiin jedhan sa'atiin laaqanaa ga'eera – kudha-lamaafi nuusa.

Amiinaan deemuun dura abjicha himattee xumurteetti. Hiikasaa dhaga'uuf garuu galgalatti beellama qabatan. Akkas gochuun isaan irra hin turre. Abjichi ammuma utuu hiikni itti kennamee dhimma baasa ture.

12.2 Guyyaa:

Maal akka ta'aa jiru, yookaan ta'uuf jedhu Amiinaan hin beektu. Garuu... itti dhaga'aameera; haala rakkisaa keessa jiraachuushee keessishee himaafii jira. Keessi 'shee akka hin sobneen ni beekti. Ammaan duratti, miira har'a itti dhaga'aamaa jiru kanaan kan wal fakkaatu, garuu hamma isa har'aa kan hin jabaanne jireenyashee keessatti al tokko shaakalteetti – hidhamuu Kennaa dhaga'uuf daqiiqaa muraasa dursitee; abjuun ishee edaas isuma kana mirkaneessaaf.

"Kanadha," jechuun itti ulfaatus, qofa garuu, wanti ta'e akka jiru qeeqxeetti – dursitee beekkatteetti!
Garuu maal godha? Qeeqqachuun qofti maal fayyada? 'beekkadhe' jechuun... erga ittiin hin miliqnee... erga ittiin hin oollee! Utuma beekkattuu... utuma qeeqqattuu... abjichi hiikamuuf – qabatamaa ta'uuf, yeroon geesse!

Amiinaan haadhashee dalagaa gargaaruu dhaqxee utuu achi jirtuu, namtichisheen abbaashee biratti ija-argaa beektu tokko gadda cimaa keessa ta'ee utuunni dukaana seenuu agarte.
"Maal taate Wolde nagaa mitii?" Haatni Amiinaa jedhanii Woldee gaafatan.
"Kennaa hin beektanii?"
Amiinaan Woldeetti siqattee gurra qeensitee dhaabatte. Maqaan Kennaa dha'aamnaan lapheen ishee naasuu cimaa tokkoon utuunni bakka wal qixa lamatti gargar baqaquu itti dhaga'aameera. "Kennaa... ilma kadhattittii jaamaa magaalaa kana turteetiim; ni yaadattu yoo ta'e dur fuullee kana taa'ee kophee axaa'a ture."
Aadde Muniiraan garagalanii hintalasaanii of cinatti ilaalan.

Akkaataan ibsa Woldee Amiinaa mufachiiseera; ta'us garuu hamaan afaanli ishee hin baane. Ammaaf gurra dhaga'u malee arraba dubbatu hin qabdu –

guutummaan qaamashee gurra ta'eera.

"Yeroo darbe sababa tamaarii 'ajjeefame' jedhame sanaatiin yeroo tamaaronni Yunbersiitii Addis Ababaa jeequmsa kaasan sana, Kennaan qabamee eessa buuteen isaa wallaalamee ture... ergasiis mana hidhaa jira jedhame..."

"Ammahooree?" Haatni Amiinaa jedhanii Woldee gaafatan. Woldeen dafee dubbatee hin xumuru. Amiinaammoo sombi kara afaanii ba'ee lafa bu'uuf jedha.

Woldeen giphii kofoo fuul-duraa keessaa herbee baafatee... ijaafi funyaan axaa'ataa, "Mana hidhaa keessatti of gaagure jedhan," jedhe.

"Tu...tu!" Haatni Amiinaa harka lachuun mataa qabatanii ancufa tuttufaa, "A'uz billah! Maaliif?" jedhan.

Wayyoo Amiinaatiif wayyoo! Laphee Amiinaaf wayyoo hin dhumne. Kennaan du'eera jedhame. Egaan akkam

haataatu? Mee maal haagootu? Achumatti iyyuu jalqabdi se'anii haatnishee hedduu sodaatanii turan. Amiinaan garuu kana hin dhaqne; hintala dureessa ulfaataa tokkoo taatee utuu jirtuu ilma kadhattuu of ajjeese tokkoof gabaa keessa dhaabattee boossee akka isaan salphatan hin goone – maqaa isaan hin balleessine.

"Harme xiqqoo mataa na bo'aafataa jira; galeen boqodha."

Roobni imimmaan Amiinaa karaarratti jalqabe ammallee hin caamne – waan caamus hin fakkaatu. Mana geessees, dhaabbiitti garaan sireerratti of lakkistee boo'ichashee ittuma fufte; akkanatti ciistee boo'uutu itti tola.

Fooliin kutichaa... suuraan sammuushee keessa deddeebi'u... martinuu kanuma Kennaa yaadachiisuun qofa ta'e. Isa baqaa, mataashee boraatii jala ruuqqatti; garuu achittis hin hafuuf... qilleensatu sagalee Kennaa fidee gurratti asaasa... "Haadha ko..." jedhaan;

"Haadha ko, baranas akka waggoottan sadan darbanii jabaadhee qayyabannaan madaaliyaan warqee baranaa kiyya taati... kan keeti... mormattan si dira...ofii koo harkaa of dhabeen si harkatti of argadhe..."

Wayyoo jetti; wayyoo! Miskiintittii Amiinaan garaa nama nyaatti. Eenyu laata akka isheetti kan gadde? Eenyu inni waa'ee du'a jaalalleesaa dhaga'ee kaleessa yaadataa akka Amiinaatti kan boo'e? Yaa Amiinaa!

Jechootnisheen dubbataa boossu Bashaatuu garaa roressinaan gadi jettee funyaan cuunfachuu jalqabde. Silaatii sossobuunii qabdi malee gargaartee boossee ittumaa mucaa garaa hammeessuun isheerra hin turre. Amma garuu, waa'een mucaa sossobuushee haahafuutii ishumayyuu namni jajjabeessu barbaachiseeraan.

Amiinaan boo'ichashee keessatti, dabaltee daddabaltee Kennaa maqaa dhoofti; "Maaliif?" Jetti.

Garuu maal godha? Kennaan cinashee lubbuun jiraatee hin dhaga'uun taanaan maal fayyadaan? Ta'us,

dhaga'uunii baatus komachuunii barbaachiseeraan.

Akka waan boraatichi Kennaa ta'ee, harka lachuun dabaree lapheeshee irratti reebaa sagalee ol fudhattee, "Maaliif? Maaliif?" Jetti; "Garuu maaliif? Maaliif? Maaliif? Maaliifii? Kenna maaliif? Maaliif gooftaa ko maaliif? Maalan si godhe? Maalan maqe? Maalan balleesse? Kana turee karoorri keenya? Kana turee sagantaan Keenya? Wal fuunee mana tokko keessa jiraachuuf waggaa tokko qofatu nuuf hafe jechaa hin turree ati? Jaalala keetiin lammataan dhaladhe jechaa hin turree? Of harkaa of dhabeen si harkatti of argadhe hin jennee? Maaliifiree? Maaliif? Maaliif? Kenna maaliif? Anaan eenyuutti laattee? Eenyuutti!? Eenyuutti!?"

Erga midhaanni afaan isheetti bu'ee har'i guyyaa meeqa ta'e!? Humni ittiin akkanatti iyyitee haasoftu eessaa akka dhufuuf Rabbi haabeeku! Amma garuu dadhabuu hin ooltu – fuulashee irraas miira dadhabbiitu mul'ata. Mataa boo'uu balaafamaan

tokkos cina mataa garanaafi garasiin qabee sarduuniitti jira. Bakkuma kana harka lachaniin jabeessitee qabattee, akka teessee jirtutti suuta dugdaan ciiste.

12.3 Galgala:

"Amiinaanoo?" Jedhan haatnishee gabatee nyaataarraa yommuu Amiinaa dhabanitti.

"Rafteetti yoon rafe nan dammaqsinaa jettee," jette Bashaatuun buddeen dhi'eessiterratti ittoo baasaa.

"Hirbaata nyaatteemoo utuu hin nyaatin?"

"Lakki aadde hin nyaanne," jettee bishaan dhugamu fiduu gola seente.

Waa'een Amiinaa gidduu kanaa, haadhashee dhiphisaa jira; "Yee Abbaa Kadir, amma maal jettanii dhiistanii waa'ee mucaa kanaa?"

"Mucaa kam?"

"Amiinaadhakaa. Midhaanni erga afaan isheetti bu'ee kunoo har'i guyyaa meeqa? Utuma ilaalluu akka soogiddaa cobdee dhumuuf jettiim," erga jedhaniitiin

booda, "Kanarrattimmoo sila Woldeen dhufee utumasheen dhageessuu waa'ee du'a mucichaa hin dubbatu seetanii!?"

"Dhufee turee? Maal jetteree isheen?"

"Homaayyuu. Akkuma dhageesseen mataa na dhukuba jettee galte."

Haadha Amiinaa waatu garaa nyaataa jira;

"Yee abbaa Kadir,"

"Oo!"

"Yommuun waa'ee Woldee isiniif himu, 'Dhufee turee?' Maaliif jettanii? Isintu ergeenii?"

"Muniira, maal sitti fakkaate..." jechuun Hajiin eegalanii, naannoosaanii namni biraan kan hin jirre ta'uu yooma beekanillee sagalee gadi qabatanii, kan duratti Woldeen jedhe soba ta'uu himaniif.

"Akkam?"

"Kennaan of hin gaagurre."

"Maal dubbiin akkanaa?"

"Jaarsolii waliin mala malleedha. Woldees nutu erge..."

"Maaliif?"

"Kennaan du'uu yoo dhageesse tole jettee Jaafaritti ni

heerumti jennee waan yaadneef."

"Yaa Allah! Gurri koo maal na dhageessisa har'a!"

"Suuta jedhi Muniira – tasgabbaa'i!"

Kana hunda Bashaatuun balbaba daa'attee dhaabattee dhaggeeffataa turte.

Waa'een gochaa Hajiifaa kun hedduu kan nama aarsu ta'us, Bashaatuuf gammachuusaatu caale. Silaas nama du'e jedhanii boo'aafii jiran tokko tasa waa'ee lubbuun jiraachuusaa dhaga'uu caalaatti waanti nama gammachiisu maaltu jiraayyuuti? "Amiinaa! Amiinaa!" Bashaatuun misiraachoo kaasuu guuttattee gara kutaa Amiinaatti fiigicha jalqabde.

"Amiinaa! Kennaan hin duune Amiinaa!" Jechaa geessee, Amiinaa hirribaa dammaqsuuf harkashee lamaaniin qabdee raasti. Hirriba Amiinaan rafuutti jirtu garuu hirriba takkaa rafnaan keessaa dammaquun hin jirre ture.

***

-13-

Torban galgala Amiinaan itti of ajjeesteetti, eegdonni mana adabaa Maykelaawwii, yeroo dhi'oo asitti namticha daldalaan qabatee dhaqee Magaalaa Gimbii jiraachuu jalqabe tokko fidanii kutaa Kennaafaatti dabalan.

Namtichi kun qarshii foorjidii abbaa dhibba- dhibbaafi shantamaa hedduu akka baatee jirutti har'a markaattoo keessatti Poolisootaan harkaa- harkatti qabamee to'annoo seeraa jala kan ooleedha. Yaadnisaa utuu milkaa'eraaf ta'ee, qarshii sobaa kana gara Gimbii geessuun dinagdee Wallaggaa keessa bittimsee, yoo hedduun ittiin kisaaran ofii daandii kutaarra duroomuuf ture.

Namtichi Kennaa beekuunii baatus Kennaan ni beekaan waan tureef, itti siqatee, utuu oduu biyyaa irraatii

qoratuu haasaa-haasaa keessa, gadda-gadda caalu waa'ee du'a Amiinaa dhaga'e! Namni inni waa'ee du'a Amiinaa himuufiitti jiru kun Kennaa isa jedhan ta'uu namtichi hin beekne ture. Kanaaf torban kana Gimbiitti oduu ho'aa isa ta'ee xiqqaa guddaan odeessu – waa'ee of ajjeessuu Amiinaafi sababa of ajjeesuushee... waa'ee namticha Ameerikaa dhufee... waa'ee Gammachuufi Jiituu... waa'ee jal'ina Hajii Nuureefi daba jaarsolii sadanii... waa'ee awaalcha kaaniirraa qoodamtee qophaatti awaaamuu Amiinaa... ka dhaga'ee gurraa qabu keessaa tokkollee utuu hin hambisin, marayyuu seenesseef. Kennaanis Keennummaasaa ciniinnatee qabee dhokfatee obsaan dhaggeeffataa ture; dhumarrattis ija'saa lachuun boo'uu jalqabe – tokkoon Amiinaatiif – tokkoon ofiif.

...galgala sana, reeffi Amiinaa sakatta'iinsaaf yommuu gara hospitaalaatti geeffamu, hojjettuun manaasaanii Bashaatuunimmoo yakka ajjeechaatti shakkamtee mana adabaa seente. Firiin sakatta'iinsa reeffa Amiinaarratti godhamee akka mul'isuttimmoo, Amiinaa

du'aaf kan kenne kiniina abbaan ishee dhukkuba onneetiif liqimsan 'DIGOXN' hangaan ol fudhatteedha. Xalayaan boraatiishee jalaatii argames, Amiinaan itti yaaddee kan of ajjeeste ta'uu nama hubachiisa; "Musiliimas taanu Kiristaana, Jannatni lamni hin jiru; kan jiru tokko qofa. Innisimmoo jaalalaan dhaalama. Jaalala lafarratti eegallee rarrootti hafe, achi – Jannata keessatti xumurraatii na simadhu Kenna," kan jedhu ture. Kunimmoo Bashaatuun yakka itti shakkamte irraa bilisa ta'uushee mul'isa.

Guyyaa arfan mana adabaatti dabarsite keessatti, imimmaan Bashaatuu akka lola'etti oolee bula ture. Hunda caalaattimmoo kan ishee boossisu waanti Amiinaan abjuun agartee bulte oolee utuu hin bulin kallattiin raawwatamuusaati. Hiika abjichaa utuu dhageesseetti ta'ee silaa Amiinaan of hin ajjeestu turte jettee of ceephati. Fardi gurraachiifi namtichi farada gurraacharra taa'u sun ergamaa du'aa akka ta'e Bashaatuun beekteetti turte.

Bashaatuutti, amma waanti ta'e sun martinuu akka abjuu wa'ii itti fakkaateera; "Amiinaan tasumaa hin duune, hin duutus,"jetti. Erga mana adabaatii baatee boodas meeshaa koon fudha jettee gara mana Amiinaafaatti hin deebiine. Mindaa koos jettee karra manasaanii irra hin geenye... waantota Amiinaa yaadachiisan baqaa Gimbii dhiistee gara ganda dhaloota'shee – Ganjiitti deebite.

Akka aadaa hordoftoota amantaa Musiliimaa naannoo Gimbiitti, namni of ajjeese tokko, qabirii Musiliimaatti awaalamuu keessaa qooda hin qabaatu – awaalcha kanneen biroorraa tarkaanfii afurtama fageeffamee – qophaatti qoodamee awaalama. Dabalatasimmoo, 'qabirii warra of ajjeesee' jedhamee bakki awaalcha warra hordoftoota amantii Musiliimaa ta'anii of ajjeesaniitiif adda ba'e tokko, bosona fuullee dirree Waasee keessa jira; Musiliimni of ajjeeses achitti geeffamee awaalama. Awaalcha reeffa Amiinaarrattis isuma kanatu raawwatame.

Durba durbummaan duute,

Yaa ayyaana garaa boollaa!

"Wayyoo-wayyoo! Amiinaa ko wayyoo...!" Wayyoo Kennaatu baay'ate; uu...uu... saatu heddumate. Wayyoo...akka jedhetti lafti itti bari'e. Lapheesaa keessaa bakki Amiinaan qabdu edaa hamma kana turee!? "Wayyoo Amiinaa ko wayyoo... wayyoo miskiintittli ko wayyoo... wayyoo..."

Namtichi jajjabeessuu yaalus, Barsiisaa Biraasaan kadhatanis... Kennaan akkam godhee haa obsu? Waa'ee du'a haadhasaa ishee lammataa akkam godhee haadanda'u? Imimmaan nama meeqaaf ga'u... boo'icha nama meeqaaf ta'u... Amiinaatti obbaafate. Dhugaa qaba! Kaleessa, waa'ee du'a haadhasaa Amiinaatti hirraanfate. Isheehoo? Amiinaahoo eenyuutti?

***

-14-

Torban sadan darbaniif poolisichi qorataa yakkaa faayila Kennaa qabatee ture, qorannoosaa xumuree qaama ilaallatuuf gabaasa dhi'eesseera. Firiin qorannoosaas, Kennaan yakka itti shakkamerraa bilisa ta'uu mil'isa. Adeemsi qorannichaas kana fakkaata ture: Dursa, torban lamaan jalqabaa darbaniif Kennaafi naanna'aa seenaa jireenyasaa irratti gadi fageenyaan qorannoon kan gegeeffame ta'us, Kennaan barumsasaatti barataa kormee akka ta'eefi qaama siyaasaa kam faanayyuu quunnamtii kan hin qabne ta'uusaatiin alatti, odeeffannoon dhimma inni itti shakkame cimsu hin argamne.

Guyyaa gaafa qabamee eegalee Kennaan kan jechuutti jirus isuma kana. Kunimmoo xiyyeeffannoon qorannichaa Kennaarraatii gara eenyummaa nama barreeffama gabaabduu lakkoofsa bilbil-sochii Kennaarratti ergame dug-duuba jiru beekuutti akka darbu taasise. Kunis torban biraa tokko kan

dabalateedha. Sarara lakkoofsa bilbilaa irraa ergichi gara bilbil-sochii Kennaatti ergame namni qabate to'annoo jala oolee kan qoratames torbanuma kana keessa. Namni kun, Yuniversiitii Finfinnee Kaampaasii Kiiloo Ja'atti, barataa muummee Sosholoojii yommuu ta'u, innis akkuma Kennaa barana kan eebbifamuudha. Maqaan isaas Ashennaafii Gizawuu jedhama.

Yuniversiitii Finfinneetti, eebbifamtoota waggaa kanaa keessaa hanga ammaatti qabxii olaanaa barataan galmeesse Kennaa waan ta'eef, madaaliyaa warqee baranaa isatu argata jedhamee eegama ture. Kennaatti aansuun sadarkaa lammaffaa qabatee kan argamu Ashennaafiidha. Barataa madaaliyaa warqee 'nyaateef', carraan barumsa biyya alaa kan digirii lammaffaa ni kennama oduun jedhummoo ira. Egaan carraa jedhame kanaadha kan laphee Ashennaafii waanbadoomsee Kennaa'rratti jallina yaadchise.

Ashannaafiin hanga bara darbeetti, qabxii

barnootaasaatiin kan Kennaa caaluuf daandii sirrii ta'erra tattaafataa turus waan hin milkaa'iniif, barana, Fulbaanarraa eegalee Kennaarratti jallina yaaduu jalqabe. Kennaan waan kana quba hin qabu ture.

Ashannaafiin haala kanaatiin daandii Kennaarra kiyyoo jal'inaa hafee utuu riphee eeggataa jiruuti kan waa'een du'a barataa Oromoo tokkoo dhaga'aame. Kennaan sanyiisaa kan hin beekne ta'ullee du'a barataa sanyii kamiittiyyuu hin gammadu. Kanumaaf jecha barattoota Oromoo karra Yuniversiitii Finfinnee Kaampaaasii Kiiloo Ja'aa duratti walitti qabaman gidduutti kan argame... ajjennoosaaniis fudhate... dhumarrattis kanneen qabaman faana qabamee hidhame.

Kennaafi barattootni isa waliin turan humna meeshaa hidhateen akkuma to'atamaniin yommuu bilbil-sochiin isaan harkaatii funaanamu, Ashannaafiin kaaffee cina dallaa kaampaasichaa jirtu jala taa'ee ilaala ture. Sheexannimmoo warra laphee jallaa

qabaniifi dalagaasaaniitiin hidhata'shee ta'aanitti yeroo marayyuu dhi'oo jirti. Isaan hammam sodaatoofi raafamoo yoo ta'anillee, humni gara-kuteessaafi gara-jabeessa nama taasisu ishee biraa isaaniif ta'a.

Dararamuufi dhiphachuun lubbuu qulqullootaa madda gammachuu Sheexanaa waan tureef, Ashannaafiin jireenya Kennaa irraan balaa ga'uuf karoorfatee socho'aa jiruufi hanga ammaattis fiixaan hin baafatin, har'a carraa kanatti fayyadamuun fiixaan habaafatuuf, gara-kuteenyaafi gara-jabeenya qabattee, lapheesaatti siqattee, "Carraan lamni hin jirtu; har'a si darbinaan deebitee hin argitu," jettee gurra qalbii yaada'saatti asaaste.

Kennaanfaa konkolaataa '3F' buraaburree tokkotti fe'amanii erga gadi bu'anii eegalee, sammuun Ashannaafii carraa uumametti fayyadamee: mala, toftaa, axxummaa... Kennaa hidhaaf laatee isammoo carraa barumsa biyya alaa argamsiisuuf barbaacha dalagaatti muddame. Haala kanaan, muddama

daqiiqawwanii erga dabarsee boodas, bilbil-sochii waliin kan wal qabate yaadni jallaan tokko sammuusaa mo'ate. Yaadni jallaan kunis, ajjeeffamuu mucichaafi iyyannaa barattootaa duubaan harki humnoota mormituu mootummaa kan jiru ta'uusaafi, Kennaanis oggantootasaa irraa ajaja fudhateen hiriira mormiif barattoota akka kakaase kan qeeqchisu, ergaa barreeffamaa gabaabduu gara bilbil-sochii Kennaatti erguu... isa jedhuudha. Yaadichi galgaluma sana dalagaatti jijjiirame – barreeffamee ergame; Kennaanis yakka siyaasaatti shakkame.

Lubbuu qulqulluun yakkashee malee yakkamtee torban sadan darbaniif yommuu jireenya yakkamaa jiraattu, Ashannaafiin garuu dhugaan mataa miliqfatte miliqxee kan haftu se'ee... ji'oota muraasa booda waltajjii galma naamaan "xiq" jedhee guute irratti waamamee ba'ee madaaliyaa warqee yommuu mormatti diramu... badhaastichi – muummichi Ministeeraa haammatee ofitti qabee dugda gara olii keessa harkaan taa..taa... gochaa, "Ishoo! Akkana ka gurbaa!" yommuu jedhuun...

bara dhuftummoo barumsa digirii lammataaf yommuu biyya alaa deemu... kutaa barnootaa keessa faranjoota gidduu taa'ee yommuu baratu – qabsiisa qabatu... kana- kanafaa qalbii yaadaan daawataa dabarse. Har'a garuu boolli inni Kennaaf qote deebisee Isuma waan nyaateef abjuu guyyaa keessaa dammaqee mana adabaa keessatti of argeera.

Kennaan torban sadan darban, guyyuu sagantaa kadhata laguu qabatee fuula Waaqasaa duratti addaan gombifamee imimmaaniin fuula dhiqataa, "Hunda kan agartuufi hundaa kan beektu yaa Waaqa ani amanadhee kooluu sitti galee, ati yaa Waaqa abukaattoo warra dhugaansaanii duraa dhokattee, dhugaa koo naaf mul'isi; ariifadhuu kana keessaa na baasi," jedhee waa'ee dhugaaf akka iyyetti dabarse. Sagaleen kadhaasaas Waaqasaa bira ga'ee – dhaga'aameefii, ajaja olii ba'eetiin dhugaan isaa har'a mul'atteetti. Namatti tola! Obdiin mana adabaa imimmaan lubbuu tolaa akka dhugdetti baga hin hafin.

Garuu maal fayyada? Innis akkuma hiika abjuu Amiinaa xiqqoo barfate. Lubbuu guyyaa luba ba'uushee abdiin eeggataa turte faana karaafi gabaa walitti ta'an... Kennaan utuu dhaquu, dhugaan utuu galtuu daandii 'rratti wal bira darban.

***

-15-

Kaleessa gara galgalaa jala, oduu gaddisiisaan tokko achi gara mana adabaa Maykelaawiitii dhaga'aame. Innis waa'ee du'a Kennaa ti; Kennaan, "Kennaan of ajjeese," jechuu dhageessee of ajjeesuu Amiinaa dhaga'ee of ajjeese. Inni ishee malee jireenyi akka hin taaneef, isheenimmoo isa malee jiraachuu akka hin dandeenye, durattiyyuu ni beeka ture. Kanaaf, waa'ee du'a Amiinaa dhaga'ee galgala itti aanu, du'a waliin beellama qabatee bule.

Lafti yoo bariitus beellamicha kabajee... jireenyisaa jiraachuu Amiinaa keessa akkuma ture, duunti'saas akkasuma akka ta'u fedhe; akkuma'shees, "Musiliimas taanu Kiristaana, Jannatni lamni hin jirtu. Kan jirtu tokko qofa. Isheenisimmoo jaalalaan dhaalamti. Jaalala lafarratti eegallee sababii jal'ina jal'ootaaf gufatte, achi Jannata keessatti xumurraatii na simadhu Amiina," jedhee laphee jaalala bare beela'ee jaalala bare

dheebote, achi Jannata keessatti nyaachisee suga baasuuf, obaasee dheebuu baasuuf fudhatee, jaalala barbaacha, jaalalaan imale. Jannata keessatti akka wal arganis abdii qaba.

Reeffi Kennaa sakatta'iinsaaf yommuu gara Hospitaalaa geeffametti, of ajjeesuusaatiin dura kan inni barreesse – waraqaa cittuun tokko giphiisaa keessatti argameera...

"Bakki dhaloota koo Wallagga Lixaa Magaalaa Gimbiidha. Awaalcharraa qoodamtee kan qophaatti awaalamate, mucaan durbaa tokko achi jirti – Amiinaa jedhamti. Yakkamsa jalaa ba'ee aduu qulqullummaan koo mirkanaa'e, oolmaa tokko naaf ooltu! Reeffa koo Gimbii geessaatii cina reeffa Amiinaa boqochiisaa. Kun Imaanaa Imaltuuti!"

Kaleessa galgalarraa eegalee, dacheen Gimbii gaaddidduu gaddaa jalatti kufteetti. Gara-rraa hanga gar-jalaatti, xiqqaa hanga guddaatti, beekaa hanga

wallaalaatti, dureessaa hanga deegaatti... jiraattotnishee martinuu gadda hammaataa keessa jiru. Eda, hoteelotaafi manneen shubbisaa keessatti akka yeroo kaanii sirbi hin dhaggeeffatamne. Har'as, manneen muuziqaafi meeshaalee elektirooniksii, 'ispiikera' isaanii bakkeetti fafannifatanii akka yeroo kaanii sagalee muuziqaan magaalittii goolaa hin jiran... bakka hundaattiyyuu faara gaddaatu mul'ata. Kun hundinuus waa'ee gadda du'a Kennaatiif kan ta'eedha.

Akka kaleessa-dheengaddaa, manneen barnootaa magaalittii keessatti argaman keessatti, hojiin baruufi barsiisuu geggeeffamaa hin jiru. Barataan barachuu, barsiisaan barsiisuu, daldalaan dhaabbata daldalaasaa cufee, hojjetaan hojii dhiisee... hundinuu haajaa-haajaasaa dhiisee, simannaa reeffa Kennaatiif seensa magaalittiitti ba'eera... Gimbiin jim-jijim jettee, magaalaa dhukkubni daddarbaan jiraattootashee keessaa duguugee onaatti hambise fakkaatteetti.

Himannaan Kennaa faara tolaan waan ilaalameef

reeffisaa Ambulaansii mana adabaa Mayikelaawiitiin suubii Finfinneerraa ka'ee, turtii daandii sa'a sagalii booda, gara naannoo sa'a lamaatti Gimbii ga'ee, boo'icha ummata moggaatti wal ga'ee eegaa tureen hordofamaa mooraa waajjira Poolisii Godinaa seene.

Warri reefficha fidan, reeffa Kennaa Poolisii Godinaatti dabarsanii kennanii deebi'uu qofa utuu hin taane, awaalchisaa, akka himannaasaatti haaraawwachiisaniifis dirqamni itti kennameera. Kanumaaf jecha hanga sirni awaalcha Kennaa raawwatutti achuma turan.

Amiinaan daangaa qabirii Musiliimaan alatti waan awaalamteef, bulchiinsi Masglidotaa, Musiliimniifi Kiristaanni bakka tokkotti awaalamuu hin qaban yoo hin jedhu ta'ellee, gama Haajii Nuureetiin mormiin ni ka'a sodaa jedhutu ture. Tarii akkkuma sodaatame ta'ee, Hajiin, cina hintala'saaniitti awaalamuu Kennaa kan morman taanaan, sababuma kanaatiin, isaaniifi ummaticha gidduutti lolli hamaan ka'uun isaa waan hin

oolleedha. Gaarummaan isaa garuu Hajiin kana hin dhaqne – lolicha hamaa ka'uu malu alaalatti kan argan fakkaatu. Bakkasaa awaalcha Kennaarratti argamanii, waan itti hin eegamin gochuun ummaticha ajaa'ibsiisan; imimmaan buusaniis boo'u turan.

Reeffi Kennaa ummata kumaatamaan lakkaa'amuun hordofamaa, cina awaalcha Amiinaa, gara boolla qophaa'efitti wasaasaan tirfame. Kennaan... abbaan mul'ata guddaa karaatti hafe; fagoo abjootee dhi'oo bule. Waa'ee du'asaatiin kan hin boonye jira hin fakkatu. Baay'inni boo'ichaa utuu du'aa nama kaasa ta'ee... silaa hunda dursee Kennaatu ka'a ture.

***

Seenichi yoo xumuramu:

Jiituu

Roobii galgala: Laliseen Jiituuf bilbiltee, obboleessishee hintala Hajii Nuuree argee yaadasaa waan jijjiireef sirni cidhasaanii inni silaatii dilbata dhuftu raawwata ture kan hafe ta'uusaa himteef. Jiituunis kana yommuu dhageessetti, ittiin dubbannoo bilbilichaa akka gurratti qabattee jirtutti lawaasoftee kufte.

Kamiisa: Jiituun dhukkuba dadhaba rukuttaa onneetiin Hospitaala Adiventistii Gimbii seente. Dhukkuba kana ammaan duratti ka qabdu ta'us inni ammaa kun isa duraa'rra kan hammaateedha. Doktorootni hospitaalichaa lubbuu'shee oolchuuf, irratti wal ga'aanii hanga dandeettii'saaniitti yaalii gochaa jiru.

Jimaata: Jiituun hanga ammaatti of hin barre. Jaafariifi

Laliseen ga'anii ilaalanii deebi'an. Gammachuun garuu warrashee waliin achuma cinashee taa'ee dukkubsachiisaa jira.

Sanbata: Jiituun akka of wallaaltee jirtutti rukuttaan onneeshee dhaabate... reeffishees boo'ichaan hordofamee hospitaalaa gara mana warraatti fudhatame.

Dilbata: Jiituun guyyaa cidhaashee dharraatiin alaalatti eegaa turtetti sirni awaalchi'shee raawwatame. Awaalchashee irrattis, hundumaa caalaatti boo'ee kan nama boossise Gammachuu ture.

Jaafar

Jiituun duutee torban tokko booda Amiinaan duute. Amiinaan duutee torban tokko booda Kennaan du'e. Jiituun duutee torban sadii booda!

Jechuun, Amiinaan duutee torban lama booda!

Jechuun, Kennaan du'ee torban tokko booda! Jechuun, har'a!

Abbaan Jaafar utuu abdii hin kutin, ilmasaaniitiif yeroo sadaffaaf hintala barbaaduu yaadaa jiru. Gama biraatiinimmoo, Qananiin waa'ee du'a Kennaatiif Jaafariin yakkeera. Haaluma kanaatiin gidduu kana gumaa Kennaa baafachuuf billaa tumsiifate qabatee, galgala-galgala dukkana daa'achuun dallaa mana warra Jaafarfaa jala riphee taa'ee Jaafariin eeggataa ture. Garuu yaadasaa kana utuu fiixaan hin baafatin bira ga'amee eda to'annoo jala oole. Sababuma kanaatiin maatiin Jaafar sodaa guddaa keessa seenaniiru – keessattuu Jaafar!

Hanga haalli Gimbii tasgabbaa'utti Jaafar Finfinneetti ol ba'ee achi turuu yaade. Kanaafimmoo qarshii wa'ii baafachuuf baankii ga'ee deebi'uu qaba.

Margaan shanan du'a obboleettiisaa Jiituu baasee, rifeensa aaddatee, gurraacha uffatee – gaddarraa ka'ee

dalagaatti deebi'uun isaa torban dura. Jiituu darbaa jaallata ture. Dabalatasimmoo obboleessattis, obboleettiittis ishee qofa waan qabuuf yommuu isheen duutetti mataa dhukkubbiin isaa itti ka'a jedhamee sodaatamee kan ture ta'us akka sodaatame hin ta'in hafeera.

Margaan mana waardiyyaa Baankii Gamtaa Oromiyaa keessa taa'ee Jaafarii Baankii seenaa jiru liphii argee daqiiqaa kudha-shan booda... Jaafar Baankii keessaa ba'ee akkuma qarqara aspaaltiirra ga'een sagaleen, "Duf" jedhu tasa dhaga'aame – sagalee dhuka'a rasaasa waa dha'ee... Jaafartu qiinxii dugdaa keessa dha'aamee wirtuu aspaaltii'rratti addaan gombifamee dhiignisaa akka lolaa lafarra lola'aa jira. Harkasaa lamaaniin aspaaltii qabatee ol jechuu yaaluutti utuu jiruu of irratti gaaddidduu namaa arge; "Inni ammaa waa'ee Jiituutiif!" Margaan jechaa, Jaafarii miillasaatiin garagalchee dugdaan ciibsee rasaasa biraa lama walfaana lapheetti; "Duf! Duf!"..."Kunimmoo waa'ee lubbuu garboota jaalalaa sababa keetiin gufataniif... ofittoota akka keef barumsa akka ta'utti!"

Samsonaayitiin Jaafar baataa ture yommuu inni kufe sana aspaaltiitti rukutamee banamee... maallaqni keessa ture akka jiruun qilleensi fuudhee samii keessa mittimse... qarshiin akka baala mukaa qilleensi raasee arcaase wa'ii samii Gimbii keessaa harca'e. Ijoollotni xixiqqoon doolaara arganii hin beekne har'a akka tapha 'shaamboo-warra amboo' utaalanii qilleensarratti qabataa ittiin okoo guuttatan... guddaan reeffa Jaafariin achitti dhiisee doolaararratti wal caccabse.

Kun ta'ee daqiiqaa shan booda... Poolisoonni sagalee dhuka'aa dhaga'an fiigaa yommuu dhufan, Margaan mormii tokko malee gammachuun harka kennate... Margaan gara waajjira poolisiitti, reeffi Jaafar gara hospitaalaatti!

Hajii Nuuree

Har'a, harkisni isaan fidan lubbuu nama afurii

galaafatee laphee namoota hedduu gaddaan erga cabsee booda Hajiin gochasaanii kaleessaatti gaabbuu jalqabaniiru. Gaabbiin qara. Qarri nama mura; nama dhiigsa; nama madeessa. Madaan isaammoo akka madaa biroo dafee hin fayyu. Waan fayye fakkaataa dhikkifata; madaarratti madaa ida'ee kulkulfata. Dadhabbii gadameessaa jennuu? Eeyyeen, gaabbiin dadhabbii gadameessaatti fakkeeffama. Guyyaan dhufee guyyaan yoo darbu, dadhabbiin gadameessa bule guddataa bula malee xiqqaataa hin adeemu.

Namni of ajjeese lubbuun isaa Jannata hin seentu inni jedhu akka jirutti ta'ee, Amiinaafi Kennaan, durattis amantaan isaanii jaalala waan tureef, du'uu isaaniitiin dura, baay'ina cubbuusaanii saamunaa jaalalaatiin lollaa'atanii – miiccatanii... angoo cubbuu jalaa luba ba'aaniiru. Waa'een cubbuu Hajii garuu, waa'ee xurii dhimma amilee waan ta'eef, waan calalu hin fakkaatu; waan qulqullaa'u fakkaatee ijatti hin mul'atu. Ulfinaaf jecha amilee salphisaniiru. Kabaja

hawaasaaf jecha dhaddacha amilee dhiitaniiru. Xaxxarfa sammuu dheessuutti dhaqdhaqii xaxxarfa gaabbii keessa seenaniiru. Xaxxarfiin sammuu mareen hiikama. Xaxxarfi gaabbii garuu kan hanga lubbuun jiraniiti.

Hajiin kan biraa-kan biraa dheessanii miliquu ni danda'u ta'a – hawaasa waliin jiraatanillee yoo ta'e. Sammuusaaniifi Rabbi jalaa garuu haala kamiiniyyuu... gonkumaa dheessanii miliquu hin danda'aan. Iccita dhoksanii jiraatan, kan hawaasa jalaa miliqe tokko sammuun isaanii ni beeka. Kan isaanii ta'ee isaan keessa taa'ee utuu jiruu isaan falma. Iccitichi yeroo mara sammuu waraana; ni qanxooxaan. Gaabbiin qara eboosaa sammuutti diree ni dhiigsa; ni madeessa; madaarratti madaa!

Yakka seeraan isaan gaafachiisu ta'uu baatus, Hajiin yakka dalaganiiru... yakka ittiin of gaafatan. Seeraan gaafatamuurra yakka amileetu caalaa ulfaataadha. Seera duratti abukaattootu namaaf falma. Dhaddacha

amileerratti garuu abukaattoo inni jedhamu hin jiru. Yakkichi yakka dhimma amilee waan ta'eef, of waliin wal falmu. Ofitti ragaa ba'u; ni mo'amu. Adabbiin isaas, kan du'e caalaa isa jiruun gadi haata'aniif gara addunyaa gaabbiitti ergamuudha.

Da'oo keessa sammuu Hajii, golgaan duubatti, iccita waggaa digdamii-afur lakkoofsise tokkotu ture. Innis, halkan sana Kuluulee kan gudeede isaan ta'uusaati. Dogoggorrisaanii waa lama. Tokko, miirasaanii dheebote dheebuu baasuuf jecha, dubartii qaro-dhabeettii rakkattee bakka itti rakkina'shee rakkatattu rakkatte tokko dukkana da'atanii gochaa sana isheerratti raawwachuusaanii yommuu ta'u, dogoggorrisaanii inni lammataammoo, isa kana Amiinaafi Kennaa dhoksuusaaniiti. Silaatii kun hundinuu ni ta'a turee? Waanti namatti tolu tokko garuu Amiinaafi Kennaan isa kana quba hin qabaatin darbuusaaniiti.

* * *

Xumurame!

Gaaffii

1) Amiinaafi Kennaan akkuma jedhan wal arguu laata?

A) Eeyyeen

B) Lakki

2) Eessatti?

A) Gahannama

B) Jannata

3) Wal argu taanaan akka maaliitti?

A) Obbolaatti

B) Jaalallee